

SEENSA

Koorsiin diraamaa koorsiiwwan og-barruu keessaa isa tokkodha. Koorsiin kun kan qophaa'es, barattoota Afaan Oromoofi Ogbarruu, kanneen, sagantaa barnoota fagoon barataniifidha. Barumsi kun diraamaafi qabxiwwan isa waliin walqabatan (caacculee diraamaa, barruu diraamaaf oolu barreessuu, diraamaawwan bara gara garaafi iddo gara garaa) ilaachisee barattootaaf hubannoo bal'aa kennuu bira dabree, dandeettii barattootni gama kanaan qaban akka cimsu abdatama. Kaayyoon barumsa kanaa, inni bu'uuraa, barattoota adunyaa hojii kalaqaa waliin walbarsiisuudha. Moojuliin kun yaadannoofi ibsa dareefi gaaffii garagaraan deggeramee waan dhiyaateef, barattooni diraamaaf fedhii addaa akka horatan gargaara. Kana biratti, dhugaa jiruufi jirenya hawaasa keessati mullatu ilaachisee dhaamsa jiru akka hubataniifi diraamaawwan garagaraa dubbisanii akka bashannsananiifis nigargaara. Moojulii kana kessatti qabiyyee jalqabaa hanga dhumaatti dhiyaatee jiru: seensa, kaayyoo, yaadannoofi dalagaalee mara barattooni haalaan yoo dubbisanii hojjetaa yoo deeman, hubannoofi beekumsa argachuu qaban hunda nihoratu jennee amanna.

Kalaqa ogbarruun barreffamaa (asoosamoota, walaloofi diraamaan) barattooni ykn dubbistoonni fedhii dubbisuufi barreessuu kan horachuu barbaadan yoo ta'e, dandeettiwwan afaanii horatchuu cinatti, dandeettii xinqooqaa biroollee akka cimsataa deeman nitaasisa. Kana malees, barattooni barreffama diraamaa garagaraa dubbisanii caacculee diraamaan tokko ofkeessatti qabatu adda baasuuf ga'umsa ni argatu. Akkasumas, tooftaafi akkaataa diraamaan ittiin barreffamuufi dandeettii kalaquu cimsataa akka deeman kan gargaarudha. Kanatti dabaluun seenaa, dhuudhaa, falaasama, aadaa, siyaasa, jiruufi jirenya hawaasaa, diraamaanis ifa godhee waan agarsiisuuf, kallattii hundaatiin beekumsa horatanii waa'ee addunyaa dhugaa keessa jiraatanii irratti hubannoo fooyya'aafi giddugaleessawaa akka qabaataniif gargaara. Kaayyoo waliigalaa diraamaan/diraamaan dhaabbilee waliigalaa barnootaa keessatti barsiifamuufis, barattooni waa'ee naannoo fi addunyaa keessa jiraatanii caalmaatti akka hubataniifi dabarsanii hawaasa biroollee akka barsiisan kan taasisudha. Kanaafuu galma yaadame kana bira gahuuf, barattootni barnoota fagoo, shakalawwan kutaawwan mara keessatti siif kennname sirriitti shaakaluutu irraa eegama. Bakka ifa ta'uudideefi yaadannoон gahaa ta'e itti

hinbarreeffamnettis, kitaabota biro dhimma kana irratti barreeffaman dubbisuun hubannoo of gabbifachuun barbaachisaadha

Kaayyoowwan Gooroo Koorsiichaa

Koorsii kana baratanii erga xumaranii booda, barattootni:-

- Seenaa dhufiinsa diraamaa ni ibsu.
- Yaadrimee diraamaa nihubatu.
- Gosoota diraamaa addaan baafatu;
- Caacculee Diraamaa ni hubatu
- Barruu diraamaaf oolu niqopheessu;
- Teekniika barruun diraamaa tokkoo ittiin qophaa'uu ni hubatu
- Diraamaa yeroodhaan ni qoqoodu.

KUTAA TOKKO

YAAD-RIMEEFI MAALUMMAA DIRAAMAA

/Concept and Definition of Drama/

1.1 Yaadrimée Diraamaa

Kabajamaa/tuu barataa/tuu barnoota fagoo, manakeefi bakka jirtu teessee carraa barachuu kan argachuukeef baga gammadde jechaa, boqonnaa kana keessatti maal akka barachuuf deemtuufi maal akka hojjechuuf deemtu, walduraa duubaan qophaa'ee siif dhiyaateera. Kanas, sammuukee qopheessitee, barnootaa of qixeessuun ga'eekeeti.

Boqonnaan kun yaada bu'uuraa barnoonni kun irraa ka'u of keessatti qabatee kan dhiyaatedha. Innis, waa'ee yaadrimée maalummaa diraamaa ilaachisee hiikaafi yaada garagaraa hayyoonni adda addaa baroota garagaraa keessatti kennanis kan of keessatti hammatee dhiyaatedha.

Kanaaf, moojuulli kun akka barsiisaan fuulaafi fuula jiraatee sibarsiisuutti yaadamee kan siif qophaa'e waan ta'eef, yaadannoo dhiyaatee jiru dubbisuutti otoo hince'iin dura, gaaffilee dhiyaatan hojjechuuf of qopheessuu sirraa eegama. Kana raawwannaan, beekumsa duraan qabdu waliin akka walsimatee hubannookee gabbifataa deemtuuf sigargaara.

Kaayyoo Kutaa Kanaa

Boqonnaa kana barattee yemmuu xumurte:-

- Yaadrimée diraamaa ni ibsita
- Gosoota diraamaa ni addeessita
- Seenaa dhufaatii diraamaa nihubatta
- Faaydaa faayidaa nihimta.
- Yaadrimée diraamaa maal akka ta'e nihibsita
- Diraamaan akkamitti akka jirenya dhala namaan walqabatu niaddeessita.

 Shaakala

Barataa/tuu: Otoo barreffama itti aanu kana hindubbisiin dura, dalagaa gabaabduu kanaa gaditti siif kenname hojjechuu yaali.

1. Muuuxannoo kanaan dura qabdurraa ka'uun, diraamaa jechuun maal jechuu akka ta'e gabaabsii barreessi

2. Diraamaan akkamitti jirenya dhala namaa wajji walqabachuu danda'a jettee yaadda?

Diraamaan gosa seeneffamaa keessaa tokko ta'ee, umrii dheeraa kan qabuudha. Jechi diraamaa jedhu jaqaba kan dhufe, jecha Giriikotaa 'dran' jedhuufi hiika raawwachuu ykn hojjechuu jedhu, kan ingiliffaan 'to act'/'to perform' jedhurraa dhufe. Beektootni baay'een ka'umsa diraamaa gochaalee dubbii hinqabne 'wordless action' warren akka ragadaa, akkeessaa, shubbisa taatonni of golgan (masked player)fi luboонни mana sagadaa taasisaniin walqabiisu. Karaa biraatiin hayyoонни akka Kimbal King (2007:4) Diraamaaf hiika yemmuu kennan,

“Every thing in our video counts as drama, encluding, comedies, musicals and independent films, since all of this production started out as a written composition and are performed on some kind of stage, weather the stage is official stage, theatre stage, Hollywood, or scene stage in a middle of park.” Akka hayyuu kanaatti, wantootni suuraafi sagalee viidiyootiin woraabaman kan akka, baacoo, muuziqqaafi fiilmifaadha jechuun nidanda’ama. Sababni isaas, wantootni kanaa olitti maqaan isaanii tuqaman martinuu, jalqaba waraqaan irratti barruun qophaa’uun, boodarra sochiifi dalagaa adda addaatiin waltajjii irratti waan agarsiifamaniifi.

Diraamaan yoomiifi akkamitti akka jalqabe lafa kaa’uun ulfaataa ta’us, namoonni yeroo dheeraaf seenaawan ajaa’ibsiisoo agarsiisaan/akkeessaan akka raawwataa turan tilmaamuun nidanda’ama. Altokko tokko hawaasni durii waqtileen akka eegamaniin dhufuu hafuu isaanii, waaqni isaanitti gadduu yookaan dallanuu waliin walqabsiisu. Kana araarfachuuf immoo, qophii (ceremony) qopheessanii ragaadaan kadhaa adda addaa gochaa araarfachuu yaalu. Ragada kana keessattis, luboonni gahee guddaa taphatu. Yemmuu ragadan kanas, bakka addaa qabatanii, uffata addaa uffatanii sirna kana irratti gahee adda addaa taphatu. Diraamaanis, gochoota akkanaarraa dhufe jedhamee amanama. Sirana waltajjii wohii irratti ummataaf dhihaatu keessatti, akkeessuun, bashannansiisuun, gahee fudhachuufi gammachiisuun jiraannaan, gocha sana diraamaa jechuun nidanda’ama.

Diraamaan warra Giriikotaa, ragada ayyaneffannaam amantaa (religious rituals) firii yookaan bu’aa qabeessummaa lafaafi nageenya namootaaf taasifamu irraa akka dhufetti himama. Ayyaneffannaan yookaan ragadni taasifamu kunis, waaqa warra Giriikotaa, ‘Diyonoosis’ jedhamu, kan Giriikota biratti akka waaqa misoomsaa lafaafi biqilaa wayiniitti ilaalamuufi. Ragadni kunis, weedduu, faaruufi shubbisa waaqa omishaa kanaaf taasifamu hammata.

Namoonni sirna kabajaa kanarratti argamanis, duraa bu’aa garee garee isaaniitiin hogganamaa iddo “orchestra” jedhamutti argamuun, shubbisaafi ragada adda addaa keessatti gahee isaanii ni taphatu. Qooddatootni sirna kana keessatti hirmaatan martis, uffannaam himamasa aadaa isaanii keessatti himamu fakkeessanii uffatu. Haaluma kanaan, jalqabbii diraamaa waliin walqabatee namoonni dhakaa bu’uuraa buusan nijiru. Isaan keessaa muraasni isaanii kanneen armaan gadiiti.

1. Aeschylus (525-456)

Namichi kun sirna kabaja waaqa ‘Diyonoosis’ irratti dura ta’aa ragaddoota “orchastra” ta’uun yeroo hedduu kan tajaajiledha. Namni kun sagantaa waaqeffanna kan iddo “orchastra” nama tokkoon hogganamaa ture, qooddataa biraat itti dabaluun waldiddan akka uumamu kan taasisedha. Hojiin ‘**Aeschylus**’ baay’een isaa safuufi duudhaa akkasumas, amantaa irratti kan xiyyeefatu yoo ta’u, dhimmoota akka: iddo namni uumama keessatti qabu, seera uumamaafi adaba yookaan dheekkamasa waaqaa irratti nixiyyeefata. Namichi kun abbaa diraamaa tiraajeedii (father of tragedy drama) jedhamuun beekama.

2. Euripides (480-406)

Namni kun hojii isaa baay’ee keessatti, sona barsiifata hawaasa Giriikii keessatti wantoota hinbeekamne, yookan hawaasa keessatti hinfudhatamne, fiduun beekama. Fakkeenyaaaf ilmoo ofirraa jaalala saalqunnamtiin qabamuu, ilmoo ofiajjeesuufi wkfdha. Diraamaan isaas walaloo baay’ee kan ofkeessaa hinqabneefi waliin dubbiin kan walqabatedha.

3. Sophocles (500 – 406)

Soofookils nama lubmmaa amantaa, siyaasaafi oguma diraamas yaaluun kan beekamudha. Namichi kun, draamaawwan hojjetu keessatti, qooddataa dhuunfaa irratti xiyyeefata. Kana jechuun diraama isaa keessatti gaheen garee xiqqoodha. Qooddatoota xinsammuu olaanaa qaban irratti olaantummaa mul’isuun, rakkinaafi dhiphina keessa akka galan godhee dhiheessa. Diraamaan isaa walaloo ifaafi miidhagina qabuun dhihaata.

4. Thepsis

Teepsis ragada waaqeffannaa gareedhaan raawwatamaa ture gara taatoo dhuunfaatti deebisuun beekama. Garee (chorus) keessa ta’uun waaqa faarsuurra bakka sana bu’uun dhuunfaan faarsuu jalqabe. Kanaaf teepsis taatoo jalqabaa jedhamuun beekame.

Diraamaan akkuma seenaawan kan biroo, *jaargocha, waldiddaafi qooddatoota/ taatotafi* kif kan qabu ta’ee, seenaa gochaan waltajjiirratti agarsiifamuudha. Diraamaa dhugoomsuu yookaan hojiirra oolchuu keessatti namoonni ga’ee garaagaraa qaban yookaan kalaqan qooda fudhatu: barreessaa (playwright), taatota (actors/actress), daayireektara (director), namoota muuziqaa (musician), dizaayinaroota (designers)fi kif.

Diraamaan durii waltajjii amantiifi hawaasummaarratti daanga'ee kan dhihaatu ture. Har'a garuu, galma tiyaatiraafi waltajjii garaagaraarratti agarsiisa dhihaatan dabalatee foddaa televishiniitiin diraamaa daawwachuun nidanda'ama.

Diraamaan bifa waliin dubbiin (dialogue) kan dhihaatuudha. Taatonni waltajjiirratti seenaa raawwataniifi fudhatan dhiheessu. Yeroo raawwii kana raawwatan waliin dubbachaadha. Yeroo baay'ee diraamaan bifa jirenya guyyuu agarsiisuun qophaa'a. Kana dhugoomsuuf immoo waliin dubbiiniifi raawwiin qooddattootaa/taatotaa jirenya guyyuu sana akka akkeessuu yookaan fakkaatu taasifama. Kanaaf, waliin dubbii sun salphaafi alidilee ta'ee dhihaata. Of eegannaaddaan kan hintaasifamne, dabareen dubbii qooddattoota/taatota gidduutti eegamuuf dirqama utuu hinta'in walsaamanii, sardamaa dubbatu, afaan waalta'aa hintaane yookan yoomessa tokko qofa kan xiyyeffatefaa ta'ee argama. Gochi isaaniis namuu jirenya guyyuu keessatti isa raawwatu: buna dhuguu, daldaluu, imala deemuu, liqeefachu, hinaafuufi kkf ta'a. Yeroo tokko tokko immoo, haala salphaafi qabatamaarraa ka'uu gara isa ulfaataa, walxaxaafi idilee ta'etti adeema. Jirenya hawaasaa haala itti fufsiisuuf, kallattii wayii qabsiisuuf yookaan tasgabbeessuf namni tokko tasa goota cimaa ta'ee diddaa wareegama guddaa gaafatu keessa galee , jaalalli cimaan amanamuuf rakkisu jaalalleewan gidduutti mul'achuun adeemsa fuudhaafi heeruma baratamaa ta'e gaaffii keessa galchee, balaan uumamaa jirenya hawaasaa gaaffii keessa galchu/rakkisaa taasisu mudatee dhihaachuu danda'a. Daawwatoonni ammoo seenaa kana ofiin ilaalanii/ daawwataniii hubatanii hiikkatu malee, seenessaan (narrator) isaaniin ga'u hinjiraatu.

Barruun diraamaa barreessaa diraamaa tokkoon barreffamu jamaa diraamaa sanaa akka dubbifamuuf miti kan barreffamu. Taatonni diraamaa kana dhiheessaniifi daayirektarri seenicha qindeessan dubbisaniifii akka dhiheessaniifi qindeessaniifi. Barruun diraamaa waliin dubbiitti dabalataan ibsa waltajjiitti (stage direction) of keessaa qaba. Ibsi waltajjii qajeelfamoota addaa taatonnifi daayireektaroonni hubachuufi hordofuu qaban dhiheessa. Ibsi waltajjii kun barruu diraamaarratti, yeroo baay'ee cuftuu yookaan hammattuu kaa'ameeti dhihaata. Taatonni waltajjiirratti eessa dhaabbachuu akka qaban, yoom akka seenaniifi ba'an, wanta jedhan yookaan dubbatan akka jedhaniifi kkf hima.

Diraamaa qo'achuu keessatti qaphilee ijoofi walitti hidhatiinsa qaban afurtu jiru. Isaanis seenduubee isa diraamichaafi haala hojiisaa isaan yaadrimee diraamichaa kalaquu keessatti dhiibbaa geessisan, barruu diraamichaa (akkaataa tarreeffama jechootaa yaadrimeen/miirri barreessichaa itti bakka buufamu), raawwii/agarsiisa seenaa barruu sanaa waltajjii filatamanirratti taatota filatamaniin raawwatuufi jamaa inni dhihaatuufiidha. As keessatti adeemsota hafuu hinqabne sadii ilaaluun nidanda'ama. Inni jalqabaa, adeemsa ittiin barreessaan miira/seenaa bu'uuresse/kalaqe mallattoolee jechootaatiin waraqaarra kaa'uudha. Inni lammaffaan immoo, isa barruun barreffame raawwii taatotaa ta'uun mallattoo dubbii (waliiniifi ofii dubbii)fi gochaan waltajjiirratti agarsiisan yoo ta'u, inni sadaffaan, adeemsa ittiin jamaan/daawwattootni seenaa mallattoo dubbii/haasaafi gocha taatotaarraa arganiifi dhaga'an walqabsiisuun hiikaniifi yaad-deebii itti kennaniidha. Kanaaf, adeemsa qo'annaa diraamaa keessatti ka'umsa xiinxalliisaa ta'uun tajaajilan barruu diraamichaa, taatoofi jamaadha.

Barruu diraamaa-----Taatoo-----Jamaa

Barruu diraamaa duuba barreessaan diraamichaatu jira. Taatota duuba immoo qopheessaa yookaan daayireekteratu jira. Jamaa duubatti immoo hawaasa waliigalaa arganna.

1.2 Gosoota Diraamaa

Barataa /tu barnoota fagoo, Kutaa kana keessatti mata duree 'Gosoota Diraamaa' jedhuun tiraajedii komeediifi diraamaan meeloo siif dhihaata. Barnootichaas haala hordofi.

Kaayyoolee kutaa kanaa

Dhumaa mata duree kanaatt

- Gosoota diraamaa nitarreessita.
- Maalummaa diraamaa tiraajedii ni himta.
- Seenaa jalqabii diraamaa tiraajedii ni addeessita.
- Amaloota qooddattootni diraamaa tiraajedii durii qabaachaa turan nitarreessita
- Amala diraamaa komeedii niibsita.
- Maalummaa diraamaa meeloo ni ibsita.

1. Gosoota diraamaa beektuu amala isaanii walii barreessi.

Diraamaan koomeedii kan akkamiiti?

Diraamaawwan bara durii irraa eegalee hanga yeroo ammaatti jiran, haala garagaraatiin, jiruufi jireenyaa ummatoota addunyaa agarsiisaniyyuu, diraamonni kunneen gosa gurguddoo diraamaa lamaan ala kan bahanii miti. Gosoонни diraamaa lamaan kunis: diraamaa bara durii (traditional drama)fi diraamaa ammayyaa (Modern drama)dha.

1.2.1 Diraamaa Bara Durii

Diraamaa jabana durii ofisaatii gosoota kanneen armaan gadii of jalatti hammachuu nidanda'ama.

- Diraamaa Tiraajeedii
- Diraamaa Koomeedii
- Diraamaa Meeloo
- Diraamaa Farsiifi wkfdha.

1.2.1.1 Tiraajeedii (Tragedic drama)

Addunyaa diraamaa keessatti, jechi ‘tiraajeedii’ jedhamu waan haaraa miti. Waan gaddisiisaa nama tokko muudatu garuu, dhimma hawaasa biroo akka hintaanetti ibsama. Fakkeenyaaaf:

- Gaa’ela diiguu
- Balaa tasaan du’uu nama ta’e tokkoo fi kkf waanuma uumamaan jiru tokkoon du’uun akka tiraajeediitti ibsama. Gaa’ela hiikuun dhimma namoota walhiikaniiti malee, dhimma hawaasa warra hafanii miti; garuu, waanti raawwate sun gaddisiisaadha. Gamabiraan, taateewan (events) hawaasa tokko keessatti raawwatu, fakkeenyaaaf:
- kirkira lafaa
- balaa lolaa
- bufaatii xiyyaaraafi kkf. biroon tiraajedii jedhamu

Akka galmeen jechootaa ‘Oxford English Dictionary’ jedhutti:

“Tragedy is a play of a serious or sorrow mankind...a very sad event, action or experience” jedha. Akka hiika kanaatti, tiraajeediin taateewan wantoota gaddisiisaa raawwatamanii, uumamaafi badii namootaa muuxannoo jirenya guyyaa keessatti raawwataman kan agarsiisudha.

Diraamaa tiraajeedii seenaan isaa kan qalbii namaa fannisuufi xumurri isaa daran kan nama gaddisiisu akka ta’e hayyoonni nidubbatu.

A. Seena Diraamaa Tiraajeedii

Tiraajeediin biyya Giriikiirraa kan madde ta’usaa maddoonni garaagaraa ni ibsu. Tiraajeediin kan madde, kabaja ayyaana warra Girikii keessaa kabaja ayyona ‘Dionysisus’ jedhurraa kan dhufe jedhama. Dionysisus waaqa omishaa, keessaayyuu wayinii (wine)fi hormaata akka ta’e dubbatama. Yeroo kabaja ayyaana kanaa shaneen ayyaana kanaafi weellistoonni waliin ta’uun waaqa tolfamaa (gods) waaqessan sana muka aarsaarratti dhiyeessuuf ijaaramee jirutti naanna’uudhaan faarsaa shubbisu. Isaan kana keessaa namoonni shantamni gogaa reettii uffatanii sirbaa shubbisu. Reettiin beelada waaqa tolfamaaf aarsaa taatu jedhamee amanama. Kun madda

“tiraajeediin” maqaa ittiin argatedha jedhama. Sababiinsaa, Afaan Giriikiitiin “tragoeda” jechuun “goat song” weedduu ykn sirba reettii jechuudha.

Yeroodhaan booda, Miseensonni (jamaan) waliin sirban (chorus) lakkofsaan suuta suutaan hirrisaa yeroo deeman, taatonni (actors) immoo, lakkofsaan dabalaan dhufani. Kanarraan tiraajeediin dhalachuu danda’e. Diraamaan kun bara dhaloota kiristoos dura 534(BC) fudhatamaafi beekamtii guddaa argachaa dhufe. Mootummaanis beekamtii diraamaa tiraajeediif kenuun kabaja ayyaana wagga ‘Dionysisus’ irratti diraamaa tiraajeedii akka gaariitti dhiyaataniif badhaasa badhaasuu jalqabe.

Tiraajeediin goorowwan diraamaa keessaa isa baayyee bakki guddaan kennamuufi fudhatama olaanaa qabu. Jalqaba guyyaa Aristootil maalummaa tiraajeedii barreessee hanga har'aatti, hiikawwaniifi seera baayyee akka qabaatu taasifameera. Hiikkoowwan yeroo garagaraatti diraamaa tiraajeediif kenname kana iddo adda addaatti qoodnee ilaaluu dandeenya. Qoqoddiiwwan kunis, *tiraajeedii jamana duriifi tiraajeedii ammayyaa* jechuun qooduun nidanda’ama. Tiraajeedii jamana durii fudhannee- yoo ilaalle, qooddattootni diraama gosa kana irratti qooda fudhatan, gochoota, safuu, duudhaafi amanataa uummata tokkoo keessatti, hindeeggaramnefi safuu ta’e, raawwachuu isaanii irraa kan ka’e, dhumarra bu’aa badaan yemmuu isaanirra gahu kan mul’isudha. Gosa diraamaa tiraajeedii bara durii keessatti, tatonni safuufi duudhaa hawaasaa cabsan dirqama badiifi gidiraan jara akka eeggatu agarsiisa. Kana males, badii taatonni dalaganiin, namoonni naannoo isaaniitti argaman: maatiin, ollaafi firoottan taatotaas, sababa qoodataan safuu waaqaafi hawaasaa cabseef yemmuu waliin dararamu mul’isa. Fakkeinya; diraamaa Girikii (Oedipus Complex) ilaaluun ni danda’ama. Diraamaan kun gocha tokko qofa kan qabudha. Kunis, odiipas akkamiin abbaasaa ajjeesee haadha isaa akka fuudhedha. Kanarrraa kan ka’e, hawaasa sana keessatti hongeen, kirkirri lafaafi balaan gara garaa hawaasa sana gidiraa ture. Sababni isaas safuun waan cabeef waaqni hawaasa sana gidire. safuun cabe kunis, ilmi abbaa ajjeesuu, akkasumas, ilmi haadha fuuchuudha.

Diraamaa tiraajeedii ammayyaa keessatti garuu, wanti raawwatu faallaa diraama tiraajeedii bara duriit. Tiraajeedii ammmayyaa keessatti, qooddattootni safuu waaqaafi safuu hawaasaa sirriitti eegan, akkasumas, hawaasa keessatti haala gaariifi fudhatama qabu agarsiisan yemmuu kuufaatiin, gidiraafi dhiibbaan gara garaa isaan dararu mul’ata. Dhiibbaan kun daran itti hammaachuun hanga lubbuu galaafachuutti kan deemudha. Akka Aristootiliti: Tiraajeediin

akkeessa raawwii waan hamaa ta'e tokkoofi bu'aa ta'e kan qabu, Ogummaa afaniifi faayaawwan aartiin bakka taphaa garaagaraa unka seenessuun osoo hintaane, raawwachuu mul'atudha. Kanaafuu, rifaasuufi sodaa kanqabudha; jechuudhaan lafa kaa'eera.

Qeqxonni jabana hammayyaa baay'een yeroo ammaa kana keessa tiraajeediin hinjiru yaada jedhu dhiyeessu. Bu'urri isaaniis barreessitoonni diraamaa tiraajeedii hammayyaa malleen Aristootilfaa dur fayyadamaa tura sana hinfayyadamani. Barreessitoonni diraamaa hammayyaa, diraamaan seera kamiiniyyuu daangeffamuun barbaachisaaa akka hintaane dubbatu. Akkasaan jedhanitti diraamaan hawaasa kan ibsu waan ta'eef hojiisaanii keessatti hawaasa isaanii sadarkaalee garaagaraarra jiru ibsu. Hawaasa ammayyaa keessatti xiyyeffannoon tokkollee moototaaf yookaan namoota sadarkaa olaanaarra jiraniif hinkennamu. Hiyyessa hojjetee buluuf xiyyeffanno guddaa kenu. Hawaasni akka olkaasee xiyyeffanno isaanii kenu yaalii godhu. Taatoon hawaasa keessa filame kunis dogogora murtii raawwatuun kufatisaa agarsisa. Tiraajeedii ammayyaa keessatti dhimmota yeroo ammaa jirantu xiyyeffatama. Taatoo guddaan waan itti amane tokko galmaan ga'ee amansiisuuf hanga lubbuusaa dabarsuutti ga'a.

B. Amaloota taatota tiraajeedii warra durii

- taatoo guddaan dhufteen dhaloota isaa moototaafi warra beekumsa qaban keessaati
- sadarkaaa olaanaarraa – gad-aanaatti kufa.
- Miira soda, salifiifi qaanii sammuu daawwattootaa keessatti uuma.
- Afaan walaloo ta'een geggeeffama.
- Gocha irraa jalaa toora qabeessa ta'e qaba.

1.2.1. 2 Diraamaa Koomedii (comedy drama)

Diraamaan koomedii kofalchiisuufi waldiddaa keessatti qooddattoota/ taatorra hamaan akka hingeneeye mirkaneessuu jamaa/daawwattoota bashannansiisuu kan fuuleffatuudha. Diraamaan koomeediin gosoota garaagaraa qabaachuun beekama. Gosoota diraamaan kun qabu keessaa muraasni isaanii kanneen armaan gaditti dhihaataniidha.

A. Koomedii jabaa (high comedy)

Kan jedhamu yaada (idea) yookan beekumsa (intellect) irratti kan xiyyeffatu yoo ta'u, koomedii laafaan (low) kan jedhamu ammoo haalleen bashannansiisoo kanneen akka taphaafi qoosaa xiyyeffachuun kan hojjetamuudha. Gosti biraan ammoo

B. koomedii jaalalaa (romantic comedy)

Kan jedhamu yoo ta'u, kunis jaalalleewwan waliin ta'uuf/ walitti dhufuuf wal'aansoo isaan taasisan of keessatti hammata. Kana malees, gosti diraamaa kun, fixeetti ba'ee, kan amanuuf nama rakkisuufi raajii ta'an warren akka maajikii, abjuufi kkfs nidabalata.

C. Koomedii saatiriikii (satiric comedy)

Gosa diraamaa koomedii keessaa tokko ta'ee, tajaajila qeequu kan qabuudha. Diraamaan kun Kana kan godhu qoodataa/ taatoo yaada falaasamaa yookaan raawwii siyaasaa bu'uraffachuun safuufi duudhaa hawaasaarra maquu itti kofalchiisuu yookaan muka qoosaa gochuun safuufi duudha hawaasaa kana tiksa. Yeroo kana taasisu, kaayyoon isaa daawwatootni qoodataa/ taatoo waliin akka kolfaan utuu hintaane akka itti kolfaniidha. Qoosaanis (farce) akka akaakuu diraamaa koomedii keessaa tokkootti ilaalamu danda'a. Qoosaan daawwatoota kolfa onneerraa maddeen gaggabsuun beekama. Qoosaan dhimmoota saal-quunnamtii makachuun, baacoowwan jechaafi sochii qaamaa dabalatee kan dhihaachuu danda'uudha.

D. Koomeedii Waltajjaajii (Standup Comedy/mono drama)

Maqaan waltajjaajii jedhu kun, jecha waltajiifi ijaajjuu jedhu walitti suphuun kan uumame yoo ta'u, hiikni isaas, diraamaa komeedii ijaajji wataggiiraan dhihaatu jechuudhaafi. Koomeediin waltajjaajii gosoota komeedii yeroo ammaa kana biyya keenya keesatti bal'inaan hojiirra oolaa jiran keessa isa tokkodha. Akaakuun diraamaa koomeedii kun, yeroo baay'ee waltajjiirratti bakka daawwatootni argamanitti, fuulaa fuulatti bifaa qoosaatiin kan dhihaatudha. Kaayyoon diraamaa kanaaakkuma diraamaa koomeedii kanneen biroo, daawwatoota sagantaa tokkoratti argaman bohaarsuu yookaan kofalchiisudha. Gosti diraamaa koomeedii kun, irraguddeessaan waltajjiirratti namoota ijaajjanii qoosaa dawwatoota isaaniif dhiheessaniin kan dhihaatu yoo ta'u, yeroo baay'ee, nama tokkoon yemmuu dhihaatu, darbee darbee nama lamaafi isaa olittis dhimma bahuun dhihaachuu ni danda'a. Dhiheessitootni koomeedii gosa kanaa, dhimmoota

jiruufi jirenya hawaasaa kessatti hubatan, kan akka: dhimma siyaasaa, diinagdeefi wkf kallatti arga yaadaatiifi kalaqa isaanii fayyadamanii bifa dawwatoota bohaarsuu danda'uun dhiheessu. Karaa biraatiin, komeediin waltajjaajjii kolfaafi qoosaa qofaan haguugamee kan hafu osoo hin ta'in, akkuma ogbaruu biroo, kakaasuu, ergaa dabarsuufi wkf ofkeessaa qaba. Diraamaa koomeedii gosa kanaaf fakkeenygaarrii kan ta'u, koomeedii Afaan Amaaraatiin yeroo ammaa kana waltajjii garaa garaa irratti, namoota akka 'Kibaboo Gadaa'fi kanneen birootiin dhihaata jiranidha.

E. Koomeedii Haalaa (Situational Comedy).

Gosti diraamaa koomeedii inni kun immoo, haala yeroo murtaa'e tokkoratti hundaa'uun battaluma sanatti haasawa ykn mallatoo gara garaa agarsiisuun kan daawwatoota ittiin kofalchiisaniidha. Akaakuun diraamaa kanaa, walitti fufuun kan dhihaatu yoo ta'u, waltajjii murtaa'aa ykn gordura mana tokkoo keessatti kan dhihaatudha. Koomeediin haalarratti hundaa'ee (Sit comedy) akka komeedii waltajjaajjii namoota muraasaan kan dhihaatu osoo hinta'in, akkuma diraamaa warra biroo, taatonni hedduun kan itti hirmaatan yoo ta'u, yeroo baay'ee tatonni hundinuu hanga xumura komedichaatti itti fufu. Gosti diraamaa komeedii inni kun, akkuma maqaasaa, akkaataa jijiirama haala yeroo ilaalcha keessa galchuun, dhimmoota haaraa dabalataa adeemuu danda'a. Fakkeenygaarrii gosa koomeedii kanaa ta'uu kan danda'u, diraamaa walitti fufaa mataduree 'Betoch' jedhuun Teelavijiinii biyyooleessaan darbudha.

F. Diraamaan Meeloo (Melo drama)

Diraamaan meeloo gosa diraamaa koomedii keessaa isa biroodha. Diraamaan meeloo raawwii waltajjiiratti dhihaatuufi jaarraa 19^{ffaa} keessa fudhatama argataa dhufeedha. Diraamaan kun jaargochoota miira jaalalaa muuziqaan make dhiheessa. Diraamaan meeloo daawwatoota kan bashannansiisuufi dhuma gammachiisa ta'e kan qabu ta'ee, ergaa yookaan dhaamsa hoomaayyuu kan hindabarsineedha.

G. Diraamaa Farsii (Farce drama)

Gosti diraamaa bara durii kun, kaayyoonsaa dawwatoota kofalchiisudha. Taatonni diraamaa kana keessatti qooda fudhatan, daawwatoota diraamichaa kan kofalchiisan, qooddattoota amala gaarii qaban irratti, gochaa ofittummaa, arrabsoo ciccimoo adda addaa irratti raawwachuuun. akkasumas, sagaleefi sochilee qaamaa kofalchiisoo ta'an fayyadamuuni. Wantootni waltajjii

diraamaa gosa kana irratti raawwatan marti, amala namootaa kanneen too'annoo isaanii jalaa miliqan kan agarsiisuufi wantoota waltajjii sanarratti raawwatan maraaf sababni isaa ifatti kan beekamuu miti. Diraamaa feersii tokko keessatti gochoota akka:

- Namni tokko dubartii gurri ishee hindhageenyeen walargee, walii galtee uumuuf yemmuu rakkatu
- Daa'imman lakkuu dhalatan/ baay'ee walfakkataan addaan baasuu dadhabanii yemmuu dhiphataliifi goyyoomsaman, akkasumas.
- Yennuu namoonni garagaraa waan sababni isaa sirriitti hin beekamneef fiigaafi walcaccabsaa walirraa dheessanfaadha.

Gilgaala

1. Amaloota diraamaan tiraajeedii ittiin beekamu tarreessi.

2. Jalqabbiin diraamaa tiraajeedii maal waliin wal qabata?

3. Garaagarummaan tiraajeedii bara duriifi tiraajeedii ammayyaa maali?

4. Gosoota diraamaa koomeedii tarreessuun ibsi.

1.2.2 Diraamaa Ammayyaa (Modern Drama)

Diraamaan ammayyaa, diraamaa bara durii, bara haaromsaa, bara giddugaleessaa, bara Elzaabeetiifi kkf booda kan dhufedha. Diraamaam ammayyaa akka diraamaawwan isaan dura turanii, gaddisiisuu yookaan gammachiisuu qofarratti kan xiyyeffatu osoo hin ta'in, dhugaa qabatamaa ilmi nama jiruufi jirenya isaa keessatti isa mudatu irratti xiyyeffata. Diraamaawwan ammayyas, akka armaan gadiitti qoodnee ilaaluu dandeenya.

A. Tiraajiik-komeedii (tragic comedy)

Gosti diraamaa ammayyaa inni kun, amala diraamaa tiraajeediifi amala diraamaa komeedii kan of keessaa qabu dha. Sababni diraamaa ammayyaa keessatti tiraajiik-komeediin filatameefis, jirenya dhala nama keessatti, guutummaa guutuutti gaddi, akkasumas guutummaa guutuutti gammachuun argamuun waan hin dandeenyeefi. Waan kana ta'eef, amala jiruufi jirenya dhala nama sirriitti bakka bu'uu kan danda'u tiraajiik-komeedii dha jedhamee waan amanamuufi. Gosti diraamaa kana seenaa gaddisiisaan jaqabee, gara seenaa gammachiisaatti dhufuun yookiin seenaa gammachiisaa ta'e tokkorraa ka'uun, gara gaddisiisaatti geessee kan xumuramudha.

B. Diraamaa Dhugoominaa (realistic drama)

Xumura jaarraa 19ffaa fi jalqaba jaarraa 20 irratti, beektotni diraamaa irratti hojjetaa turan, barruu diraamaa (drama script) isaanii guutummaa guutuutti dhimma kofalchiisuu yookaan gaddisiisuu dhiisuun, dhugaa hawaasaa irratti hundaa'anii diraamaa barreessuu eegalan.

Dираамаан дхимма кана irratti xiyyeffachuun dhihaatus, diraamaa dhugoominaa (realistic drama) jedhama.

Barreessitootni diraamaa ryaalistikii, jiruufi jirenya guyuu dhala namaa irratti xiyyeffatu. Haaluma kanaan, qabiyyeen diraamaa ryaalistikii, manca'iinsa, walitti bu'iinsa namoonni iddo hojiitti uuman, ummataafi siyaasa bulchitoota isaanii, dhimma diinagdee hawaasni tokko yeroo murtaa'e tokko keesatti itti fayyadamufi wkf agarsiisuu irratti xiyyeffata.

Gilgaaala

Yaada kanaa olitti siif dhihaate irratti bu'urfachuun gaaffilee armaan gadiitti siif dhihaatanifi deebii sirrii kenni

1. Dираамаан тираајиик коомедија маал irratti xiyyeffata?

2. Dираамаа аммаяаа кеесатти гости diraamaa тираајиик коомедија маалиф xiyyeffannoo argate?

3. Гараагаруммаан diraamaa тираајиик комедијија diraamaa dhugoominaa/ryaalistikii маали?

1.3 Faayidaa/ tajaajila Diraamaa

Yaa barata/tu, Kutaa kana keessatti faayidaa diraamaan hawaasaafi ogeeyyii diraamaatiif qabu gadi fageenyaa waan barattuuf haalaan of qopheessi.

Kaayyoolee kutaa kanaa

Barnoota kutaa kana jalatti siif dhihaatu yeroo xumurtu

- Diraamaa daawwachuurraa faayidaa argamu ni tarreessita.
- Bu'aa ogeyyii diraamaa hojii kana keessatti qooda fudhachuun argatan nihimta.

Shaakala

Muuxannoo kanaan dura qabdurraa ka'uun gaaffilee armaan gadiif deebii keenni.

1. Diraamaa kan daawwattu yoo ta'e maaliif akka daawwattu barreessi.

2. Hawaasni diraamaa agarsiifamurraa maal fayyadama jettee yaadda?

.

Diraamaan akkuma gosa ogbaruu kamiiyuu hawaasaa hojii sanatti gargaaramuuuf barbaachisummaa ofii isaa qaba. Barbaachisummayookaan faayidaa diraamaan qabu keessaa isaa armaan gadii muraasa.

- ❖ Seena bifa qabatamaa ta'een taatonni daawwattootaan kan ga'an ta'uusaatin kan bashannansiisu, odeeffannoo kenuufi barsiisuudha. Kanas mootummaaniifi dhaabbatni miti mootummaan uummata sochosuufi kakaaasuuf dhimma itti ba'u (mass mobilization).
- ❖ Ogummaawan kalaqaa keessaa diraamaan seenaafi eenyummaa hawaasaa calaqisiisuufi fooyya'iinsa hawaasaa fiduuf bu'a qabeessa. Bifa ifa ta'eefi qabatamaan waan dhihaatuuf namni barateefi hinbaratiin, hiyyeessaafi sooressi, ijolleefi namni beekaan walqixa fayyada.
- ❖ Jirenya hafuuraa barsiisuufi safuufi d\uddhaa hawaasaa tursuuf ni tajaajila.
- ❖ Egeree hawaasaa bocuu/ miidhagsuu keessatti faayidaa qaba. Kana kan godhu gocha badaa hawaasaa keessa jiru balaaleffachuun hojjechuufi haala jirenyaafi jiruu gaarii jajjabeessuun hojjechuun ta'a.
- ❖ Diraamaan keessatti barsiifataafi aadaan dabalamaniif waan hojjeetamaniif itti fufanii akka jiraatan gochuuf ni oola.
- ❖ Ogeeyyi diraamaatiif madda galifi beekamtii ta'uun jirenya isaan akka geeggeeffataniifi hawaasa keessatti fudhatamu qabaatan taasisa.

Gilgaala

Yaada kanaa olitti siif dhihaate bu'ura godhachuun gaaffilee armaan gaditti siif dhihaataniif deebii kenni.

1. Diraamaa egeree hawaasaaakkamiin fooyyessa?

2. Dhaabbileen mootummaafi miti mootummaa uummata sochoosuuf maaliif diraamaa filatu?

3. Ogeeyyiin diraamaa dhuunfaa isaanin bu'aa maalirra buufatu diraamaa hojjechuufi dhiheessuurraa?

MIRKANEEFFANNAA

Barata/ tu barnoota boqonnaa kana keessatti siif dhihaate sirriitti hubachuukee qabxiilee armaan gadii fayyadamuun mirkaneeffadhu. Qabxiilee sirriitti hubattee mallattoo ‘✓’tiin kanneen sirriitti hinhubatin ammoo ‘X’tiin agarsiisuun irra deebi’ii mirkaneeffadhu.

1	Maalummaa diraamaa hubattee jirta?	
2	Gosoota diraamaa adda baafattee?	
3	Malummaa diraamaa tiraajee bartee?	
4	Gosoota diraamaa tiraajeedii hubattee?	
5	Malummaa diraamaa ammayyaa beektee?	
6	Garaagarummaa tiraajeedii ammayyaafi tiraajeedii duree adda baafattee?	
7	Amaloota diraamaa tiraajeedii bara durii hubattee?	
8	Faayidaa diraamaan qabu adda bartee?	
9	Faayidaa diraamaan barreessitoota diraamaaf buusu hubattee?	
10	Tajaajila diraamaan hawaasaaf kennu bartee?	

Gaaffilee of Madaalli Boqonnichaa

Yaadni gaaffilee armaan gadii sirrii yoo ‘Dhugaa’ yoo ta’uu baate ammoo ‘Soba’ jechuun deebisi.

1. Jalqabamuu oguma diraamaatiif sababa kan ta’e, guddina diingdee Giriikotaati
2. Diraamaan tiraajeedii kabaja ayyana waaqa roomaanotaarraatti uumame.
3. Faayidaa diraamaan kennu keessaa tokko egeree hawaasa tokkoo sirreessuudha.
4. Amaloota diraamaa komeedii keessaa tokko, taatoo guddaa maatii mootota yk maatii warra sadarkaa olaanaarraa ta’uu isaati.
5. Diraamaan ammayyaa dhugaa qabatamaa hawaasa tokkoo irratti hundaa’uun barreeffama.

Cuunfaa Boqonnichaa

Diraamaan gosa seeneffamaa keessaa tokko ta'ee, umrii dheeraa kan qabuudha. Jechi diraamaa jedhu jaqaba kan dhufe, jecha Giriikotaa 'dran' jedhuufi hiika raawwachuu ykn hojjechuu jedhu, kan ingiliffaan 'to act'/'to perform' jedhurraa dhufe. Beektootni baay'een ka'umsa diraamaa gochaalee dubbii hinqabne 'wordless action' warren akka ragadaa, akkeessaa, shubbisa taatonni of golgan (masked player)fi luboontti mana sagadaa taasisaniin walqabsiisu. Diraamaan yoomiifi akkamitti akka jalqabe lafa kaa'uun ulfaataa ta'us, namoonni yeroo dheeraaf seenaawwan ajaa'ibsiisoo agarsiisaan/akkeessaan akka raawwataa turan tilmaamuun nidanda'ama.

Diraamaan warra Giriikotaa, ragada ayyaaneffannaam amantaa (religious rituals) firii yookaan bu'aa qabeessummaa lafaafi nageenya namootaaf taasifamu irraa akka dhufetti himama. Ayyaaneffannaan yookaan ragadni taasifamu kunis, waaqa warra Giriikotaa, 'Diyonoosis' jedhamu, kan Giriikota biratti akka waaqa misoomsaa lafaafi biqilaa wayiniitti ilaalamuufi. Ragadni kunis, weedduu, faaruufi shubbisa waaqa omoshaa kanaaf taasifamu hammata.

Namoonni sirna kabajaa kanarratti argamanis, duraa bu'aa garee garee isaaniitiin hagganamaa iddo "orchestra" jedhamutti argamuun, shubbisaafi ragada adda addaa keessatti gahee isaanii ni taphatu. Qooddatootni sirna kana keessatti hirmaatan martis, uffannaam himamasa aadaa isaanii keessatti himamu fakkeessanii uffatu. Haaluma kanaan, jalqabbii diraamaa waliin walqabatee namoonni dhakaa bu'uuraa buusan nijiru. Isaan keessaa warri bebbeekamoon: Thepsis, Euripedes. Sophoclesfi Aeschulusdha.

Diraamaawwan bara durii irraa eegalee hanga yeroo ammaatti jiran, haala garagaraatiin, jiruufi jirenyaa ummatoota addunyaa agarsiisaniyyuu, diraamonni kunneen gosa gurguddoo diraamaa lamaan ala kan bahanii miti. Gosoonni diraamaa lamaan kunis: diraamaa bara durii (traditional drama)fi diraamaa ammayyaa (Modern drama)dha. Goosoota diraamaa warren baay'ee dimshaasha ta'an kana keessatti gosoota diraamaa hedduu ilaaluun ni danda'ama. Fakkeenyaaaf, diraamaa tiraajee, diraamaa komeedii(diraamaa meeloo, farsii, saatriikii,...) tiraajiik-komeedii, diraamaa riyaalistikiifi kanneen biros kutaa kana jalatti ilaalleera. Qabxiin biraa boqonnaa kana jalatti ilaalle, faayidaa/tajaajila diraamaan qaamota garagaraaf kennudha. Faayidaa diraamaan kennu keessaas, muraasni isaanii: Seena bifa qabatamaa ta'een taatonni daawwatootaan kan ga'an ta'uusaatiin kan bashannansiisu, odeeffannoo kennuufi barsiisuudha. Kanas mootummaaniifi

dhaabbatni miti mootummaan uummata sochosuufi kakaaasuuf dhimma itti ba'u (mass mobilization). Ogummaawwan kalaqaa keessaa diraamaan seenaafi eenyummaa hawaasaa calaqqisiisuufi fooyya'iinsa hawaasaa fiduuf bu'a qabeessa. Bifa ifa ta'eefi qabatamaan waan dhihaatuuf namni barateefi hinbaratiin, hiyyessaafi sooressi, ijoolleefi namni beekaan walqixa fayyada. Jirenya hafuuraa barsiisuufi safuufi d\uddhaa hawaasaa tursuuf ni tajaajila. Egeree hawaasaa bocuu/ miidhagsuu keessatti faayidaa qaba. Kana kan godhu gocha badaa hawaasaa keessa jiru balaaleffachuun hojjechuufi haala jirenyaafi jiruu gaarii jajjabeessuun hojjechuun ta'a. Diraamaan keessatti barsiifataafi aadaan dabalamaniif waan hojjeetamaniif itti fufanii akka jiraatan gochuuf ni oola. Ogeeyyi diraamaatiif madda galiifi beekamtii ta'uun jirenya isaan akka geeggeeffataniifi hawaasa keessatti fudhatamu qabaatan taasisa.

BOQONNAA LAMA: CAACCULEE DIRAAMAA (ELEMENTS OF DRAMA)

Barata/ tu, kutaa kana keessatti caacculee diraamaa: akkaataa fudhatama diraamaa, ofiin dubbii, waliin dubbii, seenaa, jaargocha, ijoo, qooddattootaafi daawwattootatu siif dhihaata. Kunis kaayyoolee armaan gadii of keessaq qaba. Kaayyoolee kana milkeeffachuufis cimtee dubbisuu qabda. Shaakalaafi gilgaalli adeemsa kee tumsanis siif waan dhihaataniif xiyyeffannoo hojjedhu.

Kaayyolee kutaa kanaa

Barnoota kutaa kana jalatti siif dhihaatu yeroo xumurtu

- Maalummaa waliin dubbii niibsita
- Gosoota waliin dubbii nitarreessita.
- Ga'ee waliin dubbiin do'ii keessatti qabu nihimta.
- Walitti dhufeeni jaargochaafi ijoo maal akka ta'e niibsita.
- Maalummaafi ga'ee qooddattootaa/ taatotaa ni addeessita.
- Dhiibbaa daawwattootni do'ii walirraan ga'an nieerta.

Shaakala

Hubannoo armaan dura qabdu gargaaramuu gaaffilee armaan gadiif deebii laadhu.

1. Nama ofin haasa'u yookaan dubbatu dhageessee beektaa? Dhimmoota maaliif dubbata dhageessee yoo beekteef?
-
-
-
-
-

2. Waliin dubbiin maali?

3. Garaagarummaa qooddataafi taatoo tarreessi.

4. Dhaamsi yookaan ijoon diraamaa akkamitti hubatamuu danda'a jettee yaadda?

Itti fayyadamni barruu diraamaafi itti fayyadama barruulee asoosamaafi walaloorraa haalaan adda. Barruu diraamaa waltajjiirratti agarsiifamuuf kan barreeffamuudha. Kunis taatotaan (actors) waltajjiirratti dhihaatee jamaan daawwatamuu dhimma ilaallatuudha. Jamaan diraamaa waliin taa'anii ilaalaan kan dhaggeeffatan ta'uu isaatiin itti fayyadama asoosamootaafi walaloo isa qofaatti/ dhuunfaatti dubbifamurraan adda. Kunis, barruu diraamaa waltajjiirratti gochaafi dubbiin dhihaatu daawwachuufi dubbisurraa garaagarummaa guddaa qabaachuu agarsiisa. Miseensonni jamaa diraamaa tokkoo hundi akkaataa dhaabbi, haala fuulaa, akkaataa dubbiifi sochii taatotaa daawwatu. Kana malees, haalli ifa waltajji, sagaleen yookaan muuziqaan adda addaa, meeshaalee, fakkiileefi suuraalee haala adda addaa keessatti dhihaatan tajaajila daawwii jamaa tumsuu kenuu.

Waltajjiin alatti immoo, barruu diraamaa (play) namni dubbisu tokko, caacculee diraamaa beekuun hubannoo barruu sanarratti argachuu barbaadu cimsachuutu isa barbaachisa. Kanaaf, maalummaa diraamaa sirriitti hubachuufi irraa fayyadamuuf caacculee isaa warreen bu'uuraa beekuun wanta dursa argachuu qabuudha jechuudha. Adeemsa kana tumsuuf caacculeen

diraamaanarmaan gaditti siif dhihaataniiru waan ta'eef gadi fageenyaan dubbisuun itti gargaarami.

2.1 Itti Fayyadama Afaanii Diraamaa Keessatti

Kaayyoolee kutaa kana

Kutaa kan baratee yeroo raawwattu

- Amala jechoota barreessaan do'ii filatuu ni tarreessita.
- Walfakkeenyaaifi garaagarummaa jechoota/ afaan waliigalteefi do'ii keessatti hojiirra oolanii nihimta.

Kaayyoolee kutaa kana galmaa ga'uufi dhimmoota mata duree kana jalatti dhihaatan sirriitti hubachuuf shaakala siif dhihaate kana dursii xiyyeffannoon hojjedhu.

Shaakalaa

Gaaffilee duubisaan duraa kanaa gaditti dhihaataniif deebii kenni

1. Jechoonni ati waliigaltee yeroo hundaa taasistu keessatti fayyadamtu amala akkamiifaa qabu?

2. Jechoonni baruu diraamaa keessatti barreessaan fayyadamu yookaan taatonni fayyadaman isaan waliigaltee guyyuu keessatti hojiirra ooluu wajjiin walitti dhufeenyaa qabu jettee yaaddaa? Maaliif?

Diraamaan amala isaatiin oguma dubbifamu yookaan dhaggeeffatamu miti. Oguma daawwattoota yookaan jamaa fuula duratti agarsiifamuuudha. Kanaaf akkaataan itti afaanni diraamaa keessatti hojiirra oolu isa walaloofi hololoo keessaarra adda. Garaagarummaan kunis bifaa armaan gadiin mul'achuu danda'a.

- Afaanni/ jechoonni nuti diraamaa keessatti hojiirra oolchinu isa mul'chuu yookaan agarsiifamuu danda'uudha. Namoonni muuxannoo diraamaa qaban/ ogeeyyiin diraamaaafi barsiisonni tiyaatiraa barruun diraamaa tokko agarsiifamuu kan danda'u ta'uu qaba jedhu. Kanaaf baruun diraamaa tokko kan inni ittiin madaalamuu agarsiifamuu danda'uu yookaan gochaan mul'achuu danda'uu isaatiin. Kana jechuun ammoo jechoonni /afaanni diraamaa sochii kan mul'isaniidha jechuudha. Taatonni raawwilee baay'ee raawwatu: ni kadhatu, ni deemu, ni taa'u, ni agarsiisu, ni rafu, ni nyaatu, gaaffii ni gaafatu. Raawwileen kun ammo gochaalee warreen akka hisannaaf fuulaa, harka sochoosuu/ raasuu, qolee sochoosuu, mataa raasuufi kkfnin deggerama.
- Barruu diraamaa barreessuu keessatti barreessitoonni jechootuma yookaan afaanuma Waliigaltee keessatti tajaajilan akka humna qabaataniifi miira mul'isuu danda'aniin fayyadamu. Fakkeenyaaaf safara walqixaan quoduu, irra deddeebiin fayyadamuu, jechoota sagalee yookaan qooqa walfakkaatu qaban fayyadamuu.
- Barreessitoonni diraamaa barruu diraamaa barreessuu keessatti yeroo tokko tokko jechoota dhimmoota saal-qunnamtii waliin wal qabatan (bawdy) ni fayyadamu. Kunis bifaa baacoofi hiika dachaan dhihaatanii jamaa bashannansiisuuf oolu.

Gilgaala

Yaada kanaa olitti dubbiste irratti bu'urfachuun gaaffilee asii gadii deebisi.

1. Jechoota saal-qunnamtii waliin walqabatan barreessitoonni diraamaa keessatti haala kamiin fayyadamu?

2. Afaaani yookaan jechoonni diraamaa keessatti hojiirra oolan isaan hojiitti hiikamuu yookaan agarsiifamuu danda'aniidha. Kun maalif ta'a?

2.2 Akkaataa fudhatama diraamaa (Dramatic convention)

Barruu diraamaa keessatti barreeffamee waltajjiirratti inni agarsiifamu jirenya qabatamaan raawwatame yookan jiraatame osoo hintaane, sana fakkaatee isa kalaqame/tolfameedha. Kanaaf, jamaarraa seera taphaa sana fudhachuun/amanuun (wanti sun qabatamaan isa jiru/raawwate ta'uu dhiisuu) fooyyessanii akka fudhatanu barbaadama. Jamaan diraamaa waan hunda utuu beekanii (wanti dhihaatu qabatamaa akka hintaane, itti dabaluun (exaggeration)fi kkf) galma tiyaatiraa kaffalanii seenun daawwatu. Fakkeenyaaf, gochoota waggoota afurrifi shan, kudhan kudha shanfaa keessatti ta'antu waltajji diraamaarratti agarsiisa sa'a tokkoo yookaan lamaa ta'ee dhihaata; yoomessa bal'aa tarii ganda, magaalaa, biyya yookaan ardii tokkootu waltajji haala adda addaan qoodameen daanga'ee dhihaata; haasaa/ ofin dubbii taatoon tokko keessa isaatti utuu namni hindhaga'iin dubbachuu qabu olkaasee jamaan/daawwattootni akka dhaga'anitti dubbata. Kanaaf, wanti barreessaafi daayireektarri haala kanaan mijeessan wanta bal'aa sanaa oliif akka dhaabbatu jamaa/daawwattootni nihubatu; itti waliigalus.

2.3 seenaa barruu diraamaa (the play story)

Barreessaan kamiyyuu, seenaa seeneffamaas ta'e diraamaa dhiheessu keessatti gochaalee kalaquu, keessaa fo'achuufi wal qabsiisee dhiheessuu (creation, selection and arrangement of the actions) qaba. Bu'uurri seenaa barruu diraamaa guutummaatti bu'aa kalaqa barreessichaa

yookaan immoo seeneffamoota afoolaa warreen akka sheekkoo, oduu durii, raagamtaa (myth), seenaa dhugaa yookaan immoo asoosamoota kan biroo ta'uu danda'a. Haaluma kanaan, barreessitootni diraamaa warra Girikiifi jabana Elzaabeex seenaawwan durumaan hawaasa isaanii keessa turan barruulee diraamaa waltajjiif qophaa'u kalaqaa turan. Fakkeenyaaaf, diraamaan tiraajeedii Sophocles "Oedipus the King" jedhu raagamtaa warra Girikiirratti hundaa'ee qophaa'e. Kana malees seenaan diraamaa baay'een isaanii bu'aa kalaqa barreessaa ta'anii argamu. kana keessatti barreessichi muuxannoo jirenyaa ofii qabu, yaadannoo yookaan mudannoosaa, mormiifi mufii jirenyaaafi akkaataa jirenyaa hawaasni inni beku geggeessanii xiyyeffachuu danda'a. As keessatti egaa, qooddattoota ibsuuf yookaan haala isaanii mormuuf seenaa kalaquu danda'a. Kaayyoo Isaas miira haalleen, qooddattoota yookaan ergaa/dhaamsarratti horate calaqqisiisuu ta'a.

Yeroo ammaa kana, seenaan asoosama dheeraa yookaan gabaabaa akka ka'umsa seenaa barruu diraamaatti tajaajilaa jira. Kana gochuu keessatti, barreessaan diraamaa seena sana akkuma jiruun hinfudhatu; jijjiramoota adda addaa irratti nitaasisa. Fakkeenyaaaf, qooddattoota hir'suu, jaargochaalee xixxiqqoo (sub plots) walitti cuunfuu, akkasumas, sababa yookaan ka'umsa raawwii qooddataa/qooddatootaa jijiiruu mala. Kana malees, ergaa seenaa sanaallee yeroonni jijiiru nijiraata. Caacculeen diraamaa tokko keessa jiraachuu danda'an kanneen armaan gadiiti.

1. Ofiin dubbi (monologue)

Diraamaan harka caalu bifa waliin dubbiin kan dhihaatu yoo ta'eliee bifa adda ta'een ofiin dubbiin mul'achuu danda'a. Kunis yeroo baay'ee haasaa dheeraa namoota kaaniif (tarii daawwattootaaf) utuu namni /taatonni biraan waltajjiirra hinjiraatin dhihaatuudha. Ofiin dubbiin kunis akaakuu garaagaraa qabaachuu danda'a. Fakkeenyaaaf **of xiinxallii (soliloquy)** akaakuun jedhamu ofin dubbi qooddataan/ taaatoon tokko qofaa isaa waltajjiirratti yaada, dhaga'iitii yookaan xiyyeffannoo isaa/ishee adda baasuuf yookaan xiinxaluuf taasisu/stu dha. Kunis **of xiinxaluu mul'ataa (public soliloquy) fi of xiinxallii dhuunfaa (private soliloquy) jedhamuun** bakka lamatti ilaalamuu danda'a.

Ofxiinxallii mul'ataan tooftaa ittiin taatoon/qooddataan fuulleen jamaatti dubbatuudha. Akkaataa kanaan qooddataan/ taatoon kaayyoo/ karoora isaa waan himuuf amalli kun yeroo baay'ee qooddataa/ taatoo hamaa/ daba waliin deema. Of xiinxallii dhuunfaa keessatti ammoo qooddataa/

taatoon yeroo yaadaafi dhaga'iitiin keessoo isaa dudubbatu/ haasa'u Jamaan isa dhaga'uu. Kanaaf jamaa isa dhaga'uu kanaaf of xiinxalli dhuunfaan isa mul'ataa caalaa jamaa ofirraa fageessa jechuudha. Yeroo baay'ee qooddataa/ taatoon of xiinxallii adeemsisu/ taasisu dhugaa keessoo isaa baasa jedhamee waan yaadamuuf ni amanama. Of xiinxallii keessatti qooddattotni karaalee sadii ofii isaanii adda baasanii ibsu: ramaddii tokkooffaa baaqfee, ramaddii tokkooffaa danuudhaafi maqaa ofii isaantiin .

A. Of xiinxallii nama tokkoffaa baaqqueen

Bamaqaa 'Ani' jedhu fayyadamee wanta garaafi sammuu isaa keessa jiru qooddataan ofsaaxila. Of xiixalliin kun qooddataan amala dhuunfaa adda ta'e fudhatee uumamee akka mul'isuuf gargaara.

B. Of xiinxallii nama tokkoffaa danuu

Karaa biraatiin ammoo qooddataan namoota hundaa bakka bu'ee akka dubbatu taasifamuu danda'a. tooftaa kana keessatti qooddataan 'Nuti' jechuun waa'ee hunda keenyaa (ilmaan nammaa) dubbata jechuudha.

C. Of xiinxallii maqaa ofiwaamuun

Qoddataan maqaa ofii isaa dhahee yeroo waa'ee ofii isaatii dubbatu ramaddii sadaffaa fakkaata. Akka waan inni waa'ee nama kan biroo dubbatu fakkaata jechuudha. Qoddataan maqaa ofii waamee yeroo dubbatu guutummaatti ofii isaarrraa adda goree of madaala/ ilaala. Kunis fayyidaa lama qaba. Tokkoffaan qooddataan waa'ee ofii isaa hubannoo ifaafi dhiibbaa miira isaarrraa walaba ta'e akka qabaatu taasisa. Lammaffaarratti ammoo ofii isaarra siqee of ilaaluun of ajaa'ibsiifachuu akka danda'uufi ajaa'ibsiifannaa ofiif qabaate kana ammoo ibsuu akka danda'u godha.

Bifa biraa ofiin dubbiin ittiin mul'achuu danda'u yoo ilaalle **of fo'uu (aside)dha**. Of fo'uu keessatti qooddataan/ taatoon tokko qooddattoota/ taatota kan biroo waltajjiirraa wajjin jiran irraa goree/ of fo'ee / siqee jamaa / daawwatootaan fuulleen walarguun yookaan qunnamuun jalqaba. Dubbii inni/ isheen daawwatootatti dubbatu/ttu ifatti taatonni warri waltajjiirra jiran

hindhaga'an jedhamee kan yaadamuudha. Namoota yookaan taatota walbira jiran akka waan wal hindhageenyetti ilaaluun kun amala addaa diraamaa qofaa keessatti mul'atuudha. Kun ammoo diraamaan jiruufi jirenya guyyuu akkuma jiruun kan mul'isu akka hintaane nu hubachiisa. Of fo'uun walitti hidhama/ walitti dhufeenza taatotaafi jamaa gidduutti waan uumuuf jamaan beekamtii yookaan xiyyeffaannoo akka kennameefitti akka yaadan taasisa.

2. Waliin dubbii (dialogue)

Waliin dubbiin dubbii yookaan haasaa qooddataan/ taatoon tokko isa biraan waliin taasisuudha. Yeroo tokko dubbatu inni kan biraan ammoo dubbii isaaf deebii kenna. Diraamaan bifa waljijiirraa, walqunnamtiifi yaadaa waliif kenuufi fudhachuu walumaagalatti bifaan waliin raawwiifi waliin dubbiitiin mul'ata.

Waliin dubbiin diraamaa keessatti irraafi jalli ni mul'ata. Karaa biraatiin garaagarummaa gulantaa qooddatootaa/ taatotaa adeemsa waliin dubbii utuu murteessuu argina jechuudha. Inni tokko gaafataa, karoorsaafi ajajaa yeroo ta'u inni tokko ammoo deebii kan kenuu, kan raawwatuufi ajaja fudhatu ta'a. Itti fayyadamni jechootaas waliin dubbii diraamaa keessatti dhiibbaa offisaa qaba. Taatoon tokko jecha yookaan hima wal dhahaafi hiika dachaa qabu yoo fayyadame taato isa waliin dubbachaa jiruuf rakkoo ta'uu mala. Taatonni lamaanuu/ hunduu gama kanaan ga'umsa walfakkaataa yoo qabaatan waliin dubbiin isaan taasisan jamaa kan gammachiisu/ itti tolu ta'a.

3. Jaargochafi Ijoo

Jaargochi akkaataa ijaarama gochaalee diraamaa keessa jiraniiti. Karaa biraatiin jaargochi waa'ee dhimmoota yookaan gochaalee qooddatootaa/ taatotaa, kaayyoo isaanii galmaan ga'achuuf maal akkasaaan fedhaniifi raawwatan kan ilaallatuudha. Kanaafuu, jaargochi caaseffama gochaalee yookaan raawwilee barruu diraamaa dhimma ilaallatuudha jechuun nidanda'ama. kunis, duraa duubummaa ittiin gochaaleen kun ittiin dhihaatan yookaan qindeeffamaniidha. Jaargochi diraamaa yeroo mara waliddaa (conflict) waan of keessaa qabuuf, caasaan jaargochaa kun waliddaa dhiheessuu yookaan agarsiisurratti xiyyeffata. Caasaan jaargochaa kunis sadarkaalee shan of keessaa qaba. Isaanis saaxila (exposition), walxaxiinsa

(complication)fiixee/bantmiira (turning point/climax), tasgabbii (falling action)fi furmaata(resolution/deoucement)dha.

A. Ka'umsa (Exposition)

Ka'umsi jalqabbii caasaa diraamaati. Kunis, ka'umsa yookaan seenduubee seenaa diraamichaa, ibsa yoomessaa, fulcha waa'ee qooddattoota ijoofi walitti dhufeenya isaanii of keessaa qaba.

B. Walxaxiinsa(Rising action/complication)

Bakki kunimmoo bakka itti seenaan jalqabameefi walitti dhufeenyi qooddattootaa cimaafi hammaataa deemee waldiddaa uumu; waldiddichi immoo babal'atee sodachisuu yookaan yaadessuu jalqabuudha.

C. Fiixee/bantmiira (Climax)

Fiixeen immoo waldiddaa walxaxaa dhufe bakka itti hammaatee furmaata/fala wallaalchisuun yaaddoofi dhiphina hamaa namatti horuudha. Asitti qooddatootni rakkoo keessa galan gara itti deemaniifi waan godhan wal'aalanii fajajuun akka malee yeroo bo'aan, of wal'aalanfi dubbistoota yookaan daawwatoota garaa raasanii of faana dhiphisiidha.

D. Tasgabbii (Faliing action)

Tasgabbiin immoo sadarkaalee caasaa jaargochaa keessaa tokko ta'ee bakka itti walxaxiinsifi dhiphinni mul'ate/uumame laafuun fulcha wahii (hint) agarsiisuun kallattii tokko qabatuudha.

E. Furmaata (Resolution)

Furmaatni immoo sadarkaa xumuraa caasaa seenaa diraamaa ta'ee bakka itti hiikoon dhumaa argamuufi furmaatni irra ga'amuudha. Xumurriifi furmaatni argamu garuu kallattii nuti eegnuufi barbaannu ta'uuf hindirqamu. Kanaafuu, adeemsaa guddinaafi babal'ina achi goolaba seenaa

keessatti eegumsi (expectation) keenya guutuus dhiisuu nidanda'a. Kanaaf wanti murteessaan dhaamsa barreessichi dabarsuu barbaadeedha.

Sadarkaalee caasaa diraamaa armaan olii seenaa/barruulee hunda keessatti guutummaatti bifa walfakkaataan hinargamu. Seenaa/barruulee diraamaa tokko tokko keessatti kutaaleen caasaa jaargochaa shanan ifatti kan mul'atan yoo ta'u, warreen kaan keessatti immoo hundi isaanii jiraachuu dhiisuu yoo jiraatan immoo sirriitti adda ba'anii argamuu dhiisuu danda'u.

Hiikni yookaan ergaan diraamaa seenaafi baattota seenaa (qooddattoota/taatota) ilaaluufi hordofuun argama. Waliin dubbiin qooddattootaa/taatotaafi gochaaleen isaan raawwatan jamaa gara dhaamsa/ergaa diraamaatti qajeelcha. Waliin dubbii qooddattootaa/taatotaarraa dhaga'iitii/miirasaanii, murtoofi ejjennoosaanii hubanna. Kunimmoo, wanta isaan seenaa sana keessatti akka muli'isaniif itti kennameefi dhaamsa diraamichaaf akka gumaachaniif barreessaan itti kennameedha. Mata dureen diraamichaas waa'ee ergaa diraamchaa yeroon fulcha kennu nijira. Diraamaan amala isaan gabaabaa waan ta'eef jaargochiifi ijoon isaa aariitiin bu'uureffamu. Barreessitooni argama jechoota ijo/ergaa diraamaa tokkoof gumaachan jaargocha diraamicha keessaa bakka sadii kaa'uu jaal'atu.

- Ka'umsa jaargochaarra (at the beginning of plot)
- Marfata jaargochaafi (turning point of plot)
- Goolaba yookaan furmaata jaargochaarra (at the end of plot)

Walimaagalatti yeroo ilaalamu ijoo diraamaa tokkoo jechoota yookaan afaan hojiirra oole keessumaayyuu irra deddeebii jechootaa, suuressawwan (imagery) gargaarame akkasumas ka'umsa, marfataafi furmaata jaargochaarratti mul'achuu danda'a.

4. Waldiddaa (Conflict)

Waldiddaan jaargocha diraamaatiif bu'uura. Sababiinsaas, muddama (tension) adeemsa guddina seenaa sanaa keessatti gochaa, yaadaafi waliindubbiin fooyya'uu yookaan furamuu qabu waanuumuufi. Kana jechuun,waldiddaan haala tasgabbiin keessa hinjirre uumuun jamaan /daawwattootni hanga xumura yookaan furmaata arganitti sardamanii akka sardan taasisa jechuudha. Kunimmoo humna jaargocha gara fuulduraa adeemsisuudha. Waldiddaan qooddattoota/taatota gidduutti, qoodataafi uumama/yaadasaa gidduutti yookaan qooddattaafi


haala uumamaa gidduutti uumamuu danda'a. Waldiddaan diraamaa tiraajedii daawwattootarratti miira sodaa, aasuufi yaaddoo uumuun beekama. Diraamaa koomedii immoo waldiddaa wanta dhugaan jiru (reality)fi hawwii (expectation) qooddatoota gidduu jiruun beekama. Daawwattootni danqaan hawwiin qooddataa akka hinguunne taasisuu hanga furamutti tasgabbii hinargatan.

5. Waltajjii (Stage)


Waltajjiin bakka itti taatotni seenaa diraamaa tokkoo qabatamaan, gochaafi dubbiin, jamaaf dhiheessaniidha. Karaabiraan kutaa galma tiyaatiraa taatotni keessa socho'uun ga'ee itti kennname taphatan jechuudha. Kunis, altokko tokko galma daawwattootni keessa taa'an kan dabalatu ta'a.

Barbaachisummaafi akkaataan qindeeffama bakka raawwii/waltajjii (the significance and design of acting out area) yeroofi bakka adda addaatti garaagarummaa qaba. Tiyaatira Giriik durii keessatti jamaan/daawwattootni bakka bifa walakkeessa geengoo (semicircle) olka'ee hojjetamerra (amphitheatre) taa'u. Bakki kunis, walakkeessa iddo bifa geengoo guutuu qabaatee hojjetame (orchestra)fi jalaa qabdoonni (chorus) akka irratti shubbisan/ragadanif oolu irraa olka'ee walakkeessasaa uffisa. Bakka bifa geengoo guutuu qabu (orchestra) dugda duuba kutaa mana waltajjii (stage house/skene) jedhamuufi isa mana moototaatti fakkeeffamutu jira.

Waltajjiin yeroo Shakespaere immoo bifa rogarfee qabaatee keessaan rogni tokkoosaa naanna'ee bifa geengoon cufamee kan jiruufi kallattii sadaniin jamaan taa'anii akka daawwataniif kan mijateedha. Waltajjiin yeroo kanaa kan armaan gadii fakkaata.



Waltajjiin diraamaa inni ammayyaa immoo gosa sadii qaba. Isaan kana keessaa tokko waltajji proscenium (proscenium stage) jedhamuun beekama. Waltajji bakka itti agarssisni dhihaatuufi galma daawwattootni keessa taa'an (auditorium) golba proscenium (proscenium arc) bu'aa oguma arkiteekcherii namootaa ta'een gargar hiree kan qabuudha. Waltajji gosa kanaa, golgaa banamee cufamu yookaan gadi bu'ee deebi'u fayyadamee jijiirama raawwilee (actsfì agarsiisawwanii(scenes) adda baasa. Waltajjiin kun diraamaa dhihaatu haalan qabatamaa taasisee dhiheessa. Sababiin isaas, daawwattootni wanta waltajjiirratti dhihaatu keenyan hinmul'anne keessa dabarsanii waan daawwataniifi. Waltajjiin kun jaarraa 19^{ffaa} kaasee hanga har'aatti tajaajilaa kan jiruudha. Waltajjiin kun kan armaan gadii fakkaata.




Waltajjiin ammayyaa inni lammafaan waltajji amanamaa (thrust stage) jedhamuun beekama. Waltajji kana keessatti jamaan bakka agarsiisaa (acting area) keessaa harka sadii arfaffaatti naanna'anii taa'u. Gochaaleen hundi bakkuma kanatti kan agarsiifaman yoo ta'u, muraasni isaanii immoo roga isa arfaffaarratti ce'anii dhihaachuu danda'u. Waltajjiin amanamaan kan armaan gaditti dhihaate fakkaata.



Waltajjii sadaffaafi isa areenaa (arena stage) jedhamu keessatti immoo jamaan bakka agarsiisaa marsanii taa'u. Karaan seensaafi ba'iinsaa jamaa kana gidduun hafu. Diraamaan tokko waltajjii yeroofi bakka murtaa'aa seenaa diraamichaaf mijatu irratti akka dhihaatu jamaanis ta'e namoonni waltajjii kan mijeessan (stage personnel) nibeeku. Barreessaanis diraamicha yeroo barreessu kana yaadaatti qabatee barreessa. Waltajjiin areenaammoo kanneen kanaa gaditti dhihaatan fakkaata.



Arena Stage



6. Qooddattoota/taatota

Hojiin ogbaruu hunduu dhimmisaa waa'ee dhala namaati. Kanaafuu, waa'ee dhala nama gadi fageenyaan xiinxaluun waa'ee uumaafi garaagarummaa isaan gidduu jiruu mul'isu. xiyyeffannoos gosoota ogbaruu hundaa hojii, amala, eenyummaa, fedhii, ilaalcha walumaagalatti haala jiruufi jirenya dhala nama ta'uusaatiin barruuleen isaanii kana hincalaqqisiifne taanaan hiika dhabeeyyii ta'u. Kanaaf, hojiileen ogbaruu namoota miira, yaada, yaaddoo, yaadannoo, karooraafi eenyummaa ofii qabaatanii kalaqaniin guutamanii barreffamu. Namootni 'addunyaa dhugaa' keessa jirru immoo jarreen kana hordofnee xiinxaluun ofii keenyaafi namoota kan biroo keessatti ilaaluun gammadna. Jarreen kun qood attoota yookaan namfakkilee jedhamuun beekamu.

Qooddatootni kun namoota argaa yaada barreessaan (author's imagination) kaayyoofi eenyummaa ofii qabaatanii uumamaniifi addunyaa waraqaa keessa jiraataniidha. qooddatootni baruu diraamaa keessa jira akka warreen seeneffamoota kan biroo (asoosama dheeraafi gabaabaa yookaan walaloo) keessaa barreessaan yookaan seenessaan kan ibsaman yookaan seenaan isaanii kan himamu miti. Diraamaa yookaan tiyatira keessatti qooddatootni yookaan taatonni waa'ee ofii isaanii dubbatu. Waa'ee ofii isaanii gaafa dubbatan eenu akka ta'an ibsu akkasumas wanta hojjechaa jiran maaliif akka hojjetan ifa godhu. Yeroo tokko tokko ammoo diraamaa yookaan tiyatira keessatti qoodattooni yookaan taatonni waa'ee walii isaanii ni dubbatu. Yaadni isaan kennan ammoo sirrii ta'uufi dhiisuu isaanii akka yaannu nu taasisa. Wanta dubbatan, raawwatan, uffatan yookaan adamsanirraa adda ba'anii beekamu. Wanti isaan dubbatan, agarsiisiifi qabaatan kun garuu eenyummaafi ga'ee barreessaan jaargochaafi dhaamsa diraamichaaf nigumaacha jedhee uumeefiidha. Qooddataan/ taatoon diraamaa tokko keessa jiru maal akka fakkaatufi eenyummaa isaa adda baasuuf jechoota akka inni dubbatuuf barreessaan kenneef bu'uura godhanna. Kanarrraa ka'uun jechoonni barreessaan qooddaattoota/taatota kanaa kenneef akkaataa dubbanna ofiisaanii qabaatu jechuu dandeenya.

Qooddatootaaf amala, ga'eefi eenyummaa isaan dhuunfaatti qabaataniifi garee keessatti agarsiisan adeemsa ittiin barreessaan kennuuf, akkasumas, toftaa inni itti qooddatoota kana qooddatoota kana dubbistoota baruu sanaatti saaxila baasee hubachiisu yookaan walbarsiisu namfakkeessuu (characterization) jedhamuun beekama. Jecha biraan, namfakkeessuun akkaataa

itti barreessaan tokkoo tokkoo qooddattootaa uumuufi saaxiluudha. Adeemsi kunis diraamaa keessatti sadarkaalee adda addaa afur keessa darbuun raawwatama.

Sadarkaan inni jalqabaa, sadarkaa miireffachuu (conception)ti. Sadarkaan kun sadarkaa isa jalqabaa yeroo barreessaan qoodataa/qooddattoota akkamii akka uumuu qabu yaaduun sammusaa keessatti seenaa, jaargochaafi dhaamsa diraamaa yaadamaa jiruuf ta'u/ta'an abuja'atuufi uummatuudha. qoodataan/qooddattootni sadarkaa kanatti yaadaman adeemsa keessa fooyyeffamuu yookaan cirumaanuu jijiiramuu waan danda'anii seenicha keessatti qooda haafudhataniif isa/isaan dhuma ta'uun kan murtaa'e/murtaa'an miti.

Sadarkaan inni lammataa immoo, yeroo qoodataan dubbiifi gocha kennameef waliin barruu diraamaa keessatti akka mul'atu yookaan saaxilamu taasifamuudha. As keessatti barreessaan qoodataan tokko adeemsa guddina seenaa sana keessatti yeroo meeqaafi yoom akka mul'atu murteessuu caasaa jaargocha diraamaa sanaa qabatamaa taasisa. Murtii barreessaan bakka kanatti murteessu ga'umsa kalaqaa cimaa kan gaafatuufi jamaan diraamaa sana qoodataa sanafi seenicha akkamitti akka isaan fudhatan kan murteessuudha. Kana jechuun jamaa qoodataa tokko akka jaallatan, jibban, amanan yookaan shakkan, akkasumas, seenaa diraamichaa akka jaallatan, jibban, fudhatan, morman, hojiirra oolchan yookan dhiisan kan godhu ga'umsa barreessa asitti agarsiisuudha jechuudha. Ta'us garuu, dhiibbaan namfakkeessuu inni dhumaafi cimaan diraamaa keessatti kan mul'atu.

sadarkaa sadaffaa, yeroo seenaan taatota foon uffataniifi kallattiin raawwiifi dubbii/haasaasaanii waltajjiirratti amala nama qabatamaa mallattoo qaamaan, ibsa/haala fuularraan, sagaleefi haala sagaleen kallattii fullee daawwattootaatti dhiheessaniidha.

Waltajji diraamaan irratti dhihaaturratti, qooddattootni waraqaa keessa jiraataniifi ijaa hin mul'anne taatota foon uffataniii dhugaan mul'ataniin bakka buufamu. Adeemsi kun taatessuu (casting) jedhamuun beekama. Kana gochuuf itti gaafatamummaa kan qabu filataa taatota diraamichaati. Kana raawwachuuf jalqaba barruu diraamaa barreessaan barreesse gadi fageenyaan dubbisee namoota ogummaa taatummaa qaban yookaan namootuma naannootti beeku keessaa qooda qooddattoota barruu sana keessa jiranii fudhachuun waltajjiirratti dhaabbii qaamaan, miira seenaa sanaa miireffachuufi calaqqisiisuun, gocha bakka murtaa'ee tokko sirrii

sochii qaamaan, ibsa fuularraan, haala sagaleen agarsiisuu danda'u filata. Ga'umsi taatoon tokko gocha kennamee miira guutuu waliin calaqqisiisuuf, sagalee sirriin dubbachuui, afaan miti jechaan agarsiisuuuf qabu seenaa waraqaarratti qoodataan dhihaata ammam waltajjiirratti mul'achuuf daawwattoota amansiisuu danda'u murteessa. Sadarkaan inni dhuma, waltajjiirratti taatessuudha. Kunis ga'umsa dhuunfaa taatoo kan agarsiisuudha. Taatoon tokko daayireekteeraan seenaa barreessaan barruurra kaa'e waltajjiirratti akka dhiheessuuf yeroo kennamuuf ga'umsaafi dandeettii isaa fayyadamuun fooyeessee dhiheessuu danda'a. kunis, hubatamuufi fudhatamuu seenaa/diraamaa sanaaf gumaacha ofisaa qaba.

Walumaagalatti yaada armaan oliirraa, qoodataoota uumuun namoota argaa yaadaan uumuun hojii/raawwii, amala, kaayyoo, fedhii, ilaalcha, sabummaa, gulantaa hawaasummaa (social class)fi kkf kennuufiin jiraachisuu akka ta'e hubachuun nidanda'ama. Kana malees, qoodataoota saaxila baasuun dubbistootnifi daawwattootni eenyummaafi ga'eesaanii akka beekan gochuu akka ta'e eerameera. kunis tarii, maqaa moggaasuufiin adeemsa waliin dubbiisaanii keessatti qoodataootni waa'ee waliisaanii waliif kaasuun sanarrraa dubbistooniifi daawwattootni akka baran gochuun, qoodataan ofiisaan waa'ee ofisaa akka himatu yookaan falmatu gochuun yookaan dubbii dubbataniifi gocha raawwatanirraa akka hubataman gochuu ta'uu danda'a. Kanaaf, yeroo hundumaa kutaan jalqabaa yookaan saaxilli (exposition) barruu diraamaa diraamichi waa'ee jiruufi jirenya uummata isaan kamii akka calaqqisiisuufi eenyummaa, ga'eefi fi walitti dhufeenya qoodataootaa agarsiisuu/ibsuun jalqaba. Kana gochuu keessatti immoo, fuula jalqabaarratti tarreeffama maqaa namootaa/qoodataootaa, warreen diraamaa sana keessatti qooda fudhatanii qabaata.

Barruun diraamaa gosoota qoodataootaa hunda kan qabu yoo ta'u, qoodataootni kum ulaagaalee adda addaatiin gosoota adda addaatti qoodamanii ilaalamuu nidanda'u. ulaagaalee qooddiifi gosootni qoodataootaa keessaa muraasni armaan gaditti siif dhihaataniiru. Waan ta'eef, sirriitti akka adda baastee hubattuuf gadi fageenyaan dubbisi.

A. Barbaachisummaa isaan babal'ina jaargochaa seenichaaf qabaniin qoodataa aantee (protagonist)fi masaanuu (antagonist) jedhamuun qoodamu.

Qooddataa aanteen qooddataa seenaa diraamichaaf handhuura ta'eedha. Seenichi naannoo jirenya qooddataa kanaa naanna'a. Qooddataa aanteen wanta raawwatu, karoorsuufi galmaan ga'uuf kan socho'u kan ofiisaa kan qabuufi sanaafis kan jiraatu. Adeemsi guddina seenaa diraamichaa wanta inni karoorsuufi raawwaturratti hundaa'a. Wanta inni raawwatuufi dura dhaabbatu fidumsa (out come) diraamichaa murteessuun beekama. Kanaaf, akka qooddataa fakkeenyummaa gaarii qabufi faana dha'amutti (hero) ilaalam. Kana malees, qooddattoota gurguddoo (major characters) keessaa tokko ta'uun beekama. Qooddatootni gurguddoon immoo warreen seenaa sana keessatti ga'ee guddaa raawwatan yookaan seenicha keessa yeroo dheeraa turaniidha.

Gama biraatiin immoo, qooddataa masaanuuun (antagonist) faallaa qooddataa aantee ta'uun beekama. Kunis, faallaa qooddataa aantee kan deemufi kaayyoon qooddataa kanaa akka galma hingeenyef gocha isaa fashaleessuufi dhaabsisuuf kan hojjetuufi hojjechisuudha.

B. Hirkattummaa isaaniirratti hundaa'uun qooddattoota xixxiqqoo(minor characters)fi warreen seenaa sanaaf fuulleen hingumaachine (enclitic characters) immoo garee biraadha.

Qooddatootni xixxiqqoon kaayyoofi gocha ofii bu'uressan hinqabane ta'anii kaayyoo qooddataa guddaa yookaan aanteef gumaachuuf yookaan gargaaruuf raawwii murtaa'aa yeroo murtaa'aa keessatti raawwataniisaan deemaniidha.

Qooddatootni tumsaa (enclitic characters) seenaa sana keessatti wanta raawwatan kan hinqabne, garuu qooddataa raawwii ofii raawwachuuf deemu warreen tumsaniidha. Barbaachisummaan isaanii caasaa yookaan lakkofsa guutuu qofaaf warra ta'eedha. Fakkeenyaaaf, konkolaataa keessatti qooddatootni lama utuu karaa waliin deemanii kan walitti bu'an yookaan wal baran yoo ta'e uummatni konkolaatichaa deemaajiran qooddatoota tumsaa ta'u.

C. Haxxummaa yookaan ga'umsa qabanii (by the talents they have) qooddatoota jijiiramoo (dynamic/round characters)fi qooddatoota akka jiree (static/flat characters) jedhamuun kanneen beekaman

Qooddataa jijiiramaan adeemsa jijiirama yookaan guddina raawwilww/gochaalee seenaa sanaa hordofuun kan jijiiramuudha. Qooddatootni akkasii kun haalleen adda addaa dhufan fakkaachuuf yookaan jalaa of baasuuf haala isaanii waan jijiiraniif iddo yookaan haala duraan turanirratti yeroo mara kan argaman miti. Garee kamiyyuu waliin kan firummaa hinqabneedha. Haala jiruufi garee isa mudatu waliin dammaqinaan hojjechuuf kan dhama'aniidha. Kanaaf, adeemsa guddina seenaa sanaa keessatti walaal'ummaarraa gara bilchinaatti, garaamummaarraa gara haxxummaa yookaan hammeenyattifi kkf fooyya'anii argamuun beekamu.

Qooddatootni akka jireen faallaa qooddatoota jijiiramoo ta'anii amala walxaxaa kanneen qabaniidha. Hamaa yookaan garraammii ta'uu danda'u. Amalli hameenyaa, garraamummaa yookaan kanbiraan barreessaan fedhee kan kennuufiifi amalli isaanii akka sana ta'uun salphaatti kan hinbaramneedha. Ta'us garuu, amala qabaatan sana amma dhumaatti jiraatu. Gama biraatiinimmoo, gocha isaan raawwachuuuf deeman tilmaamuufi kan isaan raawwachaa jiran hubachuun salphaadha.

7. Jamaa/ Daawwattoota

Barruun diraamaa agarsiisa waltajjiirratti daawwattootaaf dhihaatu ilaalchu keessa galchuun barreeffama. Kanaaf, barreessitootni diraamaa hojiinisaanii jechaa barruu sanarrraa darbee raawwii qabataan haalleen waltajji dhiibbaa geessisan adda addaa dabalatee daawwattootaa/jamaaf akka dhihaatu nihubatu. Haaluma kanan, jamaa diraamichaa yeroo barruusaa dubbisan waltajji inni irratti dhihaatu yaadaan sammuu isaanii keessatti uumaa achi keessatti hubachuuf yaalu. Dubbisttotni kun seenicha waltajjiitti baasuu keessatti taatonni akkamii qooddattota akka bakka bu'an, taatoni gocha/raawwii barreeffame sana akkamitti akka waltajjiirratti agarsiisanii, miira isaan horataniifi akkamitti akka calaqqisiisan, wantoota dabalataa waltajji deggeruuf dabalamaniifi kkf yaadaa dubbisu. Diraamaan kan waliifi hojii battalaa (communal and immediate)ti. Kanaaf jamaan diraamaa daawwatu akka qaama diraamaa sanaatti ilaalamia. Jamaan diraamaa wanta arganiifi dhaga'anirraa beekumsa horatu. Jamaan seenaa qooddataa/ taatoo beekuufi diraamichaa hubachuuf hojjechuu/ carraaquu qaba. Diraamaan yeroo baay'ee garaagarummaa beekumsaarraa madda. Garaagarummaan kun ammoo qooddatootumaan kan uumamu ta'a yeroo tokko tokko; dabafi shira walirratti raawwatanii

beekamtii wal dhowwu yeroo baay'ee garuu, jamaan wanta hunda kan beekan ta'anii argamu. Jamaa diraamaa ilaalchisee qaphxiileen hubatamuu qaban:

- I. Jamaa asoosamaa caalaa jamaan diraamaa/ tiyaatiraa barruu sana/hojii sana dhugoomsuudhaaf kan qooda fudhatu, hirmaatuufi tumsuudha.
- II. Wanti jamaan beeku hubannaafi murtoo inni waa'ee qooddatootaa/ taatotafi gochaa isaan taasisanirraan dhiibbaa geessisa.

Gilgaala

Qooddataa/ taatoon tokko ofin dubbii maaliif geggeessa?

Gosoota waliin dubbii tarreessuun ibsi.

Barbaachisummaa waliin dubbiin diraamaa keessatti qabu maali?

Walitti dhufeenyi jaargochaafi ijoo diraamaa qaban maali?

1. Diraamaa keessatti qooddattootni / taatonni raawwiifi dubbii isaanii ofumaan dhiheessu. Kun maaliif ta'e?
-

BOQONNAA SADII: DIRAAMAA YEROODHAAN

(DRAMA BY TIME)

Boqonnaan kun seenaa dhufaatii diraamaan walqabsiisee, diraamaa bara gara garaatti qoodee kan dhiheessudha. Innis, diraamaa bara durii (Giriikota), diraamaa bara giduugaleessaa, diraamaa bara Eelzaabeet, diraamaa bara haaromsaa, fi diraamaa baroota garagaraa ilaachisee hiikaafi yaada garagaraa hayyooni adda addaa baroota garagaraa keessatti kennanis kan of keessatti hammatee dhiyaatedha. Kanaaf, moojuulli kun akka barsiisaan fuulaafi fuula jiraatee sibarsiisuutti yaadamee kan siif qophaa'e waan ta'eef, yaadannoo dhiyaatee jiru dubbisuutti otoo hince'iin dura, gaaffilee dhiyaatan hojjechuuf of qopheessuun sirraa eegama. Kana raawwannaan, beekumsa duraan qabdu waliin akka walsimatee hubannookee gabbifataa deemtuuf sigargaara.

Kaayyoo Kutaa Kanaa

Boqonnaa kana barattee yemmuu xumurte:-

- Seenaa jalqabbii diraamaa ni himta
- Diraamaan bara garagaraa keessatti maal akka fakkaatu nihubatta
- Ciminaafi dadhabina diraamaawwan yeroo gara garaa ni ibsita

Shaakala

Mataduree kanaan dura, boqonnaa tokko jalatti baratte irratti hundaa'ii deebisuuf yaali.

1. Ka'umsi diraamaaf biyyi bu'ura buuste biyya kam?
-
-
-
-
-

2. Jaqabamuu diraamaatiif sababa kan ta'e maali?

Diraama Bara Durii (Classical Drama)/Greek Drama/

Diraamaan durii waltajjii amantiifi hawaasummaarratti daanga'ee kan dhihaatu ture. Diraamaan bara durii biyya Giriikiirraa kan madde ta'uusaa maddoonni garaagaraa ni ibsu. Yaadrimaan diraamaa kan madde, kabaja ayyaana warra Girikii keessaa kabaja ayyaana 'Dionysisus' jedhurraa kan dhufe jedhama. Dionysisus waaqa omishaa, keessaayyuu wayinii (wine)fi hormaata akka ta'e dubbatama. Yeroo kabaja ayyaana kanaa shaneen ayyaana kanaafi weellistoonni waliin ta'uun waaqa tolfamaa (gods) waaqessan sana muka aarsaarratti dhiyeessuuf ijaaramee jirutti naanna'uudhaan faarsaa shubbisu. Isaan kana keessaa namoonni shantamni gogaa reettii uffatanii sirbaa shubbisu. Yeroodhaan booda, Miseensonni (jamaan) waliin sirban (chorus) lakkofsaan suuta suutaan hirrisaa yeroo deeman, taatonni (actors) immoo, lakkofsaan dabalaan dhufani. Kanarraan diraamaan dhalachuu danda'e. Diraamaan kun bara dhaloota kiristoos dura 534(BC) fudhatamaafi beekamtii guddaa argachaa dhufe. Mootummaanis beekamtii diraamaaf kennuun kabaja ayyaana waggaan Dinoysisan irratti diraamaa akka gaariitti dhiyaataniif badhaasa badhaasuu jalqabe. Walumaagalatti, diraamaan bara durii, qabxiilee armaan gaditti eeraman irratti xiyyeeffata.

- Ayyaana addaa (festival) irratti xiyyeeffachuun, waltajjii banaa (open stage) irratti dhihaata.
- Waldorgommii badhaasa qabuun beekama.
- Garee hedduu faarsaa walirkaa fuudhuun gaggeeffama.

- Amantaa, keessaayyuu, seeneeffamoota eessaa dhuftee hawaasaa(myth)fi seenaa (history) irratti hundaa'a.
- Dhimma xinsammuufi naamusa (psychological and ethical attributes) qooddattootaa/ taatotaa irratti xiyyeeffata.

Diraama Warra Roomaa (Roman Drama)

Diraamaan warra Roomaa guddina sadarkaa gara garaa keessa tarullee, sadarkaa guddinaafi beekamtii diraamaan Giriikotaa gahe bira gahuu hin dandeenye. Karaa biraatiin, diraamaan Roomaa durii falaasama mataasaa hordofee sadarkaa guddinaa mataasaarra kan gahe osoo hinta'in, jijiirraa diraamaa warra Giriikotaati jechuun nidanda'ama. Dhimma kanaaf raga ta'u kan danda'u, hojiwwan beektootni diraamaa bara sanaa kan akka: 'Gnaus Naeviusfi kanneen isaa booda gidduu bara (270-199) dh.k.b hojii diraamaa hojjetaa turan, hojiwwan moodeela tiraajeedii giriikotaa hordofuun gara Roomaatti fidanii hojjechuu isaaniiti. Keessumattuu, diraamaawwan Roomaa durii keessatti hojjetamaa turan, irra hedduun isaanii seeneeffamoota Giriikotaa (Greek Mythology) irratti kan hundaa'an akka ta'e himama. Qabxiin biro diraamaa Roomaa durii keessatti mul'atu, barruun diraamaaf qophaa'u, dubbii miidhagaafi bu'aa qabeessa (rhetoric) ta'e fayyadamuuni. Hata'u malee, jalqabbii kufaatii impaayera roomaa irraa kaasee, hanga jaarrraa 4^{ffaatti} hojiwwan diraamaan walqabatan keessatti giddu seennaan amantii kiristaanaa waan jalqabeef, hojin diraamaa, akka diraamaa giriikotaa durii gareen faarfachaa agarsiisuu (chorus) sochii qaamaa yeedaloo muuziqaan hogganame fayyadamuu(pantomime) fayyadamuun beekamtii olaanaa argachaa tureera.

Diraama Bara Giddugaleessaa (Medival Drama)

Diraamaan bara kanaa, guutummaa guutuutti dhimma amantaatiin walqabatee waan dhihaatuuf, waltajjii mana sagadaa yookaan kadhannaa irratti raawwata. Kana males, Diraamaan bara kanaa amala dachaa ilmi namaa qabu- gaariifi badaa, walittii baasuun, olaantummaa akka walirratti goonfatan gochuun beekama. Karaa biraatiin diraamaan bara giddugaleessaa koomeediifi tiraajeediitti adda baasanii ilaaluuf rakkisaadha. Xumura bara giddugaleessaa (jaarrraa 13ffaa) keessa, qabiyyee kitaaba qulqulluu kan hin taane, (secular issues) agarsiifamuu akka eegalan nihimama. Diraamaan 'farce' gosoota diraamaa yeroo kana keessa dhimma amantaaraa bilisa

ta'anii dhihaatan keessaa isa tokkodha. Diraamaawwan amantaarrraa bilisa ta'uun bara gidduu galeessa kana keessa dalagaman qoqooddii taatota gosa sad(3) fayyadamu.

Gosti taatotaa inni tokkoffaan taatota sochooftotaa (strolling players) yemmuu jedhaman, bakka bu'oota taatota durii warra qunnamtii mallattoo qaamaan raawwii mul'isan (mimes)fi warra sagalee yeedaloon faayame fayyadamanii raawwii gara garaa mul'isan (pantomimes)dha. Taatonni gosa kanaa yeroo baay'ee namoota qaamota hawaasaa dhimmoota gara garaatiif gurmaa'aanii falmii ykn hiriira nagayaa gaggeessaan hoggananidha. Fakkeenyaa, namoonni sochiilee, hojjetootni warshaa tokkoo taasisan dirree irratti, sochiifi sirba, akkasumas, walaloo gara garaan jabeessaa hogganan, taatota gosa kanaa jalatti ramadamu. Taatonni akkasii, dandeettii addaa kan qaban yoo ta'u, gahumsa, sarkasii, akrobaatiifi gochaalee amanuuf nama rakkisan (magical) ta'an fayyadamuun xiyyeffannoo namootaa ofitti harkisuullee nidanda'u.

Gosoонни taatota inni kan biroo, gurmuu qaamota adda addaa kan akka: daldalootaa, hojjetoota biroo, karadeemtotaafi wkf kan dhimma waaliinii yookaan jila (carnival) tokkoof iddo tokkotti argamuun gurmaa'aanii ta'umsa gara garaa raawwataniidha. Gosti taatotaa inni sadaffaan, gurmuuwwan dargaggoottaa kan walfakkeenya fedhii isaaniitiin gurmaa'aanii socha'aniiti. Gosti taatotra kanaa gurmuu isaanii keessatti qaama biraa kan hin dabalanne yoo ta'an, kaayyoonsanii, jechoota saalfiifi saalqunnamtiin walqabatanitti fayyadamuun, garee hawaasaa kanneen biroo qaanessuun bashannanuudha.

Diraama Eelzaabeet (Elizabethan drama)

Diraamaa jabana Eelzaabeet jedhamee kan beekamu, diraamaawwan mootittii Ingilaandii turte, Eelzaabeetiif qophaa'aa turedha. Diraamaan kun gidduu bara (1558-1603) keessa kan tajaajilaa turedha. Seenaan diraamaa biyyatti keessatti, yeroon kun yeroo ummanni hedduun diraamaa itti daawwataa turedha. Haaluma kana hordofuudhaan, manneen agarsiisa diraamaa gurguddoonis bara kana keessa mul'achuu jalqabanii turan. Namoota yeroo kana keessa diraamaa barreessaa turan kessaa warri bebbeckamoo ta'an keessaa, barreessaan beekamaan Lammii biyya Ingilaandii 'William Shakespeare ' isa tokkodha. Karaa biraatiin namoonni akka: 'Christopher Marlow (Dr Faustus), 'Ben Johnson (the alchemist) faa isaan beekamoodha. Doo'iin yeroo kanaa irraguddeessi isaa, seenaan mootota Ingilizii kanneen xiyyeffatan yoo ta'an, seenaan diraamoota yeroo sana keessatti hojjetamanii, dhimmoota akka, haaloo bahachu, (Revange drama)fi

diraama saalqunnamtii bifa komeediifaan ni argamu. Waltajjiin diraamaa bara kana keessaa irratti dhihaatu, waltajjii bal'aafi sadarkaa gara garaa kan qabudha. Waltajjii bara diraamaa Eelzaabeet, yeroo baay'ee, sadarkaalee gurguddoo sadi kan qabu yoo ta'u, waltajjii kanarrattis, namoonni akkuma sadarkaa isaaniitti taa'uun kan daawwatan ta'a. Namoonni maatii mootii keessaa dhalataniifi abbaan taaytotaa sadarkaa gamoo isa irrakeessa jiru irra taa'anii diraamaa daawwatu. Daldaltoonnifi sooreyyiin sadarkaa giddu galeessaarra jiran, sadarkaa gamoo isa lammataa, (medium) irraa yemmuu taa'aan, namoonni sadarkaa gadii yookaan ummanni bal'aan immoo gamoo isa lafatti aanu irra taa'uun diraamaa daawwatu. Waltajjiwwan diraamaan bara Eelzaabeet dhihaatu keessaa murasni kan armaan gaditti dhihaate fakkaata.





Qabxiwwan Ijoo Diraamaa Eelzaabeet

- Diraamaawwan bara kanaan dura turan, dhimmoota amantii irratti kan xiyyeffatan yoo ta'an, diraamaan bara Eelzaabeet garuu, dhimmoota amantaan ala ta'an (Secular issues) irratti xiyyeffata.
- Barreessitoota yeroo kanaaf, waa'ee mootota isaanii durii beekuufi dhiheessuun dhimma ijoodha. Fakkeenyaaaf, namni Christopher Marlowe jedhamu, 'Shakespeare' dursee diraamaa seenaa Edward II irratti xiyyeffatu qopheessee ture. Sana boodadha kan 'Shakespeare' kan seenaa mootota baay'ee, kana akka: 'Richard II fi Henry V' kan barreesse.
- Diraamaan tiraajeedii bara kanaa miira soda guddaa daawwattoota irratti uumuu irratti xiyyeffata.
- Qabxiwwan ijoo barreessitootni yeroo kanaa irratti xiyyeffatan keessaa inni guddaan waa'ee saalqunnamtiiti.

Diraamaa Hooromsaa (Renaissance Drama)

Jechi ‘renaissance’ jedhu, hiika walgitaa Afaan Ingiliffaa ‘rebirth’ jedhu kan ofkeessaa qabu yoo ta’u, hiikaan isaa lammata akka haraatti dhalachuu jechuudha. Diraamaan kun jaarrraa 15ffaafi 16ffaasi keessa beekamaa kan ture yoo ta’u, sababni uumamuu diraamaa bara kanaa immoo, biyyoonni Awurooppaa hedduun, diraamaa amantiifi barsiifata ofii calaqqisiisuufi dhiibbaa diraamaan warra giriikotaafi Roomaa irraan gahu dandammachuuf warraaqsaa ummatoonni taasisaniin.

Diraammaa bara kanaa wantoota yaadachiisuu danda’an keessa tokko, yeroo barreessaafi qopheessaan diraamaa beekamaa ta’e, ‘William Shakespeare’ hojii diraamaa itti hojjetaa ture ta’uu isaati. Namni kun, gosoota diraamaa tiraajeedii, komeediifi Kirooneekilii (chronicles) walqixa barreessuu nama danda’edha. Wantoota ‘Shakespeare’ ittiin beekamu keessa warri gurguddoon: Sirrummaa akaakuu walaloofi itti fayyadama afaan haala salphaa qabaanii, taatootaafi galumsa addaa isaan keessatti dhihaataniif, eenyummaa addaa kennuufii danda’uu, dandeettii addaa jargocha, taatotafi suuressuu akkasumas, adeemsa walaloo walfudhachiisuu danda’uutiini.

Diraamaa Riistooreeshiinii (Restoration drama /1750-1800)

Bara giddugaleessaa (medival ages) keessa, sababa hordoftoota amantaa Kiristaanaafi Roomaanonni diraamaa irratti fedhii agarsiisuu dhabuutiin diraamaan du’ee ture jedhama. Bara kanaa boodaa, ogumni kun, sababa garaa garaatiin deebii dagaaguu jalqaabee ture. Yeroon ogumni diraamaa kun deebi’ee dagaaguu jalqabes, yeroo deebdhabbii (restoration period) jedhama. Diraamaan deebdhabbii, warraaqsaa siyaasaa kan bara giddugaleessaa keessa uumame waliin walqabatee kan uumamedha. Seenaan diraamaa deebdhabbii, irraa deebiin taaytaa argachuu mootii Ingilii ‘Charles II’ kan bara 1660 waliin hidhata qaba. Maqaan ‘restoration’ jedhu diraamaa bara kanaatif kan kennames, deebi’ee taaytaarra bahuu mootii ‘charles’n kan walqabatedha.

Jechi ‘restoration’ jedhu oguma ogbarruutiin kan walqabsiifaameef, yeroo mootichi kun taaytaarraa ture, jechuunis, bara 1660-1700 ‘restoration period’ jedhamee waan waamamuufi. Kana male, hojiin diraamaa yeroo kanaan duru jiru keessatti baay’ee dadhabuun, baduuf deemaa ture, deebi’ee fooyya’uufi dagaaguu yemmuu itti eegale waan ta’eef, yeroon kun diraamaan

walqabatee yeroo deebdhaabbii jedhamuu danda'e. Fakkeenyaaf mootiin ‘Oliver chromwell’ kan ‘charles’ dura biyya Ingilizii bulchaa ture, manneetiin tiyaatiraa akka cufamu godhe ture. Kana booda, yemmuu mootummaa ‘charles’ manneen tiyaatiraa cufamanii turanb kan deebi'anii banamuu danda'an.

Sababa yeroo kanaan dura jiru keessatti hojiin diraamaa qabbanaahuusaatiin, bara deebdhaabbii keessa, barreeffamoota diraamaa, kitaabilee gara garaa argachuun rakkisaa ta'ee ture. Hata'u mlee, fedhii diraamaaf bara kana keessatti, uumameen, paanpileetiifi beeksisiin adda addaa facaafamuun, barreessitootni barruu gara garaa barreessuuf fedhii akka godhatan gochuun danda'amee ture. Kanaanis, kitaabonnifi barruun diraamaa hedduun yeroo gababaa keessatti lafa guutuu danda'eera. Kanarra kan ka'es, yeroo gbabaa keessatti diraamaan daawwatoota baay'ee argachuu danda'eera.

Bara kana keessa mootiin ‘Charle II’ dhaabbatoota dhimma ogabrruu irratti hojjetan lamaaf beekamtii hojii kenneera. Daabbatoonni yemmuu sana beekamtii argatanis, ‘Kings company’fi ‘dukes company’dha. Ergamni dhaabbattoota kanaaf yeroo sanatti kenname, hir'ina gama barreessitoota barruu diraamaatiin jiru akka furamuuf, barreessitoota diraamaa gahumsa qabaniifi taatota gaarii haalaan akka omishanidha. Akkuma siiyaasa Ingilizii bara sanaa keessatti gochi deebisanii dhaabuu (restoration) mul'ate, ogoma diraamaa keessattis, deebisanii hundeessuum mul'ateera. Bara kana keessatti namoonni hedduun diraama kan barreessan yoo ta'u, isaan keessaa warri bebbeekamoon: ‘John Drydens’, ‘Georg Villiers’fi ‘William Wycherl’s faadha.

Amaloota Diraamaa Deebdhaabbii (characteristics of restoration drama)

- Gaheen barruu diraamaa keessatti dubartootaaf kenname, taatota dubartoota ta'aniin waltajjiirratti agarsiifama.
- Raawwiin diraamaa agarsiisa afuriin agarsiifama
- Waltajjiin diraamaa bara kanaa, muummee olka'aa taatonni irratti agarsiisa rawwataniifi iddo bal'aafi diriiraa muummee (Stage) jala jiruu, kan daawwatootni taa'anii ilaalan qaba.
- Muummee (Stage) tatonni irratti agarsiisa raawwatan jalaan ulaa xiqqotti dhimmi ni bahama.

- Wantoota taatonni waltajjii irratti dalagan kan akka mul'annaa (appearance), dhokannaa (dis appearance) fi kan akan fakkaataniif, tatonni xiyyeffannoo akka kennaniif sagaleessaa (ringing tone) fayyadama.

Diraamaa Jaarrraa Kudha Saddeettaffaa (18th Century Drama)

Diraamaan bara kana keessaa dhimmoota haawaasa jirenya giddugaleessa jiraatanii (middle Class)fi dhimmoota keessoo hawaasaa (domestic issues) irratti xiyyeffachuu rakkoo namoota hundaa tuttuquuf kan yaaludha. Diraamaan jaarrraa kanaa keessatti dhiibbaan diraamaa bara haaromsaa ni mul'ata.

Diraamaa Jaarrraa 19^{ffaa} (19th Century Drama)

Jaarrraa 19^{ffaa} keessa sochiin haaraan ogbaruu biyya Jarmanii keessatti, yaadaa 'Roomaantiizimii' jedhu fudhachuun, jirenya dhuunfaa (Individualism), yaada dhuunfaa (Subjective expression)fi arga yaadaa (imagination) irratti xiyyeffachuu adeemsifamuu jalqabe.

Roomaantiizimiin dhuma jaarrraa 18^{ffaa} keessa kan mul'ateefi sababummaa (Rationalism) kan mormudha. Akka yaada Roomaantiizimiitti, namni sababa qofaan osoo hintaanee, miiraafi sababaan kan ibsamudha ilaalcha jedhu qaba.

Jaarrraa 19^{ffaa} keessa diraamaan meeloo gosa Roomaantiikii keessaa tokko ta'ee dhihaataa ture. Sana booda, kan jalqame, diraamaa dhugummaa (Realism) wajjin walqabsiisanii dhiheessuu yoo ta'u, kunis, walakkeessa jaarrraa 19^{ffaa} keessa hojiirra ooluu jalqabe. Xiyyeffannoos diraamaa dhugoominaas, diraamaa fi ogbaruuwan biros, jirenya yeroo murtaa'ee keessa jiruufi dhugaa jirenyaa irratti hundaa'uun, ergaa yookaan dhaamsa kan dabarsu ta'uun akka qabudha.

Diraamaa Jaarrraa 20^{ffaa} (20th century Drama)

Jaarrraa kana keessa diraamaan warra dhidhimaa akka adduunayaatti walitti dhufuun, walfakkaataa akka ta'u taasifame. Akka yeroowwan isaan dura turaniitti, aadaa yookaan amala kalaquu biyya tokkoorratti hundaa'uun hafee, haala giddugaleessa ta'eefi jiruu jirenya addunyaa yeroo kanaa agarsiisuu danda'uun boca qabate. Yeroo kanatti, itti fayyadamni kalaqawwan Teeknoloojii gara garaa, kanneen akka: bilbilaa, Kaameeraawwan gurguddoo, maashiniwwan

adda addaafi wkf diraamaa keessatti hojiirra ooluun hojii diraamaa miidhagsuu jalqabe. Diraamaan bifaa walaloon barreeffamus yeroo kanatti hojiirra ooluun nidhiise. Kana males, Rooboototni adda addaa iddoor taatotaa bu'uun diraamaa keessatti gahee taphachuus kan eegalan jaarraa kana keessatti. Gosoонni taatotaa amala hororii (horror) qaban hojiirra ooluun guddina adeemsa gocha baramaa, waliin dubbii hiikaqabeessaa qooddattoota gidduu jiru hambise. Kana males, boombiwwan waraana addunyaa lammaffaa irratti roobfamaa turan, hordofee, diraamaa jaarraa 20^{ffaa} hammeenyaaifi garajabeenyarratti kan hundaa'ee dhihaatu akka ta'u taasifame. Kana males, diraamaa jaarraa 20^{ffaa} dhimmoonni diddaa hawaasaa kan akka: Falmii mirga namummaa, sochii/warraaqsa dubartootaa, manca'ina 'AIDS'n geessisaa jiru, jirenya uummata gurraachota Ameerikaafi iddoowwan biroofi wkf irratti bal'inaan xiyyeffachuunis kan eegalame jaarraa kana keessadha.

BOQONNAA AFUR: BARRUU DIRAAMAA

Tapha, Diraamaafi Tiyaatira (Play. Drama& theatre)

Akka galmee jechootaa ‘Oxford concise dictionary of literary terms’ ibsutti, diraamaa hiika waliigalaasaan (general terms) yoo ilaalle, diraamaa jechuun dalagaawwan sochii qaamaatiin deeggaramnii waltajjii irratti taatotaan jamaa iddo tokkotti argamee bashannansiisuuf agarsiifamudha. Kun immoo waltajjii qofarratti taatonni qaamaan jamaa daawwatu biratti argamuun qofa kan taasifamu osoo hinta’in, meshaalee qilleensaa kessatti tamsaasan kan akka: Raadiyoofi Teelavijiiniin dhihaachuu danda’a. Karaa biraatiin hayyoonni akka Kimbal King (2007:4) Diraamaaf hiika yemmuu kennan,

“Every thing in our video counts as drama, encluding, comedies, musicals and independent films, since all of this production started out as a written composition and are performed on some kind of stage, weather the stage is official stage, theatre stage, Hollywood, or scene stage in a middle of park.”

Akka hayyuu kanaatti, wantootni suuraafi sagalee viidiyootiin waraabaman kan akka, baacoo, muuziqqaifi fiilmifaadha jechuun nidanda’ama. Sababni isaas, wantootni kanaa olitti maqaan isaanii tuqaman martinuu, jalqaba waraqaa irratti barruun qophaa’uun, boodarra sochiifi dalagaa adda addaatiin waltajjii irratti waan agarsiifamaniifi. Kanaafuu diraamaan yaadrimee baay’ee bal’aa ta’e kan ofkeessaa qabuufi birkilee gara garaa hedduullee kan ofjalatti hammachuu danda’udha.

Tapha (Play)

Jecha ‘Play’ jedhu kanaaf jechi Afaan Oromoo ‘tapha’ jedhu guutummaa guutuutti bakka bu’uu dhiisuu danda’a. Garuu dhimma koorsii kanaatiif yaadrimee jecha ‘play’ jedhuuf ‘tapha’ kan jedhu bakka buusnee dhimma itti baanaa. Tapha (play) kan jedhu kun hojii diraamaa (dramatic work) kan waltajjii irratti, raadiyoon ykn teelevijiiniin darbuuf qopheeffamee raawiif qophaa’ee taa’e jechuudha. Akkana yemmuu jedhamu garuu, barruu diraamaa (script) kan waraqaa irratti qophaa’ee gara gochaatti jijiiraamuuf taa’e osoo hinta’in, hojii isa tatonni dubbisaaanii shaakala adda addaa taasisuun, waltajjii eeggataru ykn gara rawwiitti jijiiramee vidiyoon waraabamee olkaa’ame garuu, kan ammaliee jamaaf hindhihaanne jechuudha.

Kanaafuu ‘play’ jechuun isa barruu diraamaa (script) irraa taattonni hojiitti jijjiiran filatamanii, qindeeffamni barbaachisaan marti godhameefii, waltajiifi tamsaasa adda addaaf qixaahhee kan taa’edha.

Tiyaatira (theatre).

Akkuma diraamaa hojii ogbaruu waraqaa irratti erga barreffamee booda, taattonni filatameefiifi namoota ogummaa tiyaatiraa qabaniin qindeeffamni barbaachisaan marti erga taasifameefii booda, gochaan waltajjii irratti kan dhihaatudha. Hata’umalee, akka diraamaa baay’ee bal’aaifi diraamaadhaan waan maraan kan walgituu hindandeenyefi akka qaama diraamaatti ilaalamuu kan danda’udha.

Tiyaatiraafi Diraamaa giduu garaagarummaa guddaatu jira. Garaagarummaa isaanii keessaa muraasa isaanii yoo ilaalle: diraamaan hojjii ogbaruu waltajjii irratti taatotaan, jamaaf dhihaatu ta’ee, turtii torbaanootaa, ji’ootaafi waaggaa guutuuf isaa oliitiin, kutaaleetti qoqoodamee dhihaachuu danda’udha. Tiyaatirri garuu akka diraamaa kutaalee hedduutti qoodamee yeroo dheeraaf jamaaf kan dhihaatuu miti. Kana jechuun, tiyaatirri kutaa garagaraa hinqabu jechuu osoo hintaanee, kutaan inni itti qoodamu, akka diraamaa hedduu miti jechuudha. Kana males, kutaaleen tiyaatira keessa jiran, yeootti qoodamuun, kan guyyaa tokkotti dhuman male, hanga turban, ji’ootaafi woggatti hiramanii kan fulla’anii miti. Gama biraan, tiyaatirri yeroo baay’ee qaamaan walqunnamuu taatotaafi jamaa kan barbaadu, yookaan foddaa televijiin kan daawwatamudha. Diraamaan garuu qaamaafi televijiiniin ala, raadiyoonis, sagalee qofaan dhaggeeffattootaaf dhihaachuu kan danda’udha.

Garaagarummaan biroo gidduu diraamaafi tiyaatira giduu jiru, diraamaan akka tiyaatiraa waltajjii tokko irratti seenaa walfakkaatu, daddabalee kan dhiheessu osoo hinta’in, waltajjii gara garaa irratti seenaa gara garaa dhiheessuu danda’a. Diraamaan garuu, Seenaa walfakkaataa waltajjii gara garaa irratti deddeebisee dhiheessuun beekama. Hata’u malee, tiyaatirris waltajjii irra yeroo dheeraa nitura.

Jecha biraatiin, namni yeroo tokko tiyaatira wohii ilaale, seenaa isaa waan beekuuf, yeroo lammaffaaf deeb’ee tiyaatiricha ilaaluu dhiisuu danda’a. Diraamaan garuu, yeroo baay’ee kutaawan gara garaa hedduu waan qabuuf, kutaawan kana keessattis, yeroo yerootti waan haaraa waan agarsiisuuf, namni tokko kutaan duraa yoo isa jala tare, kutaa lammataarraa

jalqabee diraamicha ilaaluu danda'a. Kanaanis, seenaa kutaa tokkoffa keessa ture, tilmaamuun, kutaawan biroo itti fufa. Akkana gaafa jedhamu garuu, diraamaan waltajjii tokkoon xumuramu hinjiru jechuu miti.

Gama biraatiin, diraamaan kutaa dheeraa qabuufi tiyaatirri tokko viidiyoodhaan waraabamee olkaa'amuu danda'a. Yeroo kana namni tiyaatirafi diraamaa waraabamee taa'e kana lachuu isaan dura ilaale, tiyaatiricharra carraan diraamaa sana irra deeb'ee ilaaluusaa baay'ee bal'aadha. Sababni isaa tiyaatirichi diraamaa kutaa dheeraa qabu sana caalaa baay'ee gabaabaa waan ta'eef, daawwatichaan yaadatamuu danda'a. Diraamaan sun garuu kutaa dheeraan waan dhihaatuuf seenaasaa daawwatichaan dagatamuu mala waan ta'eef.

Akkaataa Barreffama Diraamaa

Barruun diraamaa keessatti qooddatootni qabatamaa foon uffatanii taatotaan waltajjiiratti bakka bu'aman, namoota addunyaa dhugaa keessaa akkeessu. walaloofi seenafamoota kan biro keessatti barruu/kitaaba isaanii qofatu jamaafi barreessaa isaanii wal agarsiisa (mediates). Diraamaa keessatti garuu, namoonni/ogeeyyiin hojii sana keessatti qooda fudhatan hundi (taatonni, daayireektarri, qopheessan (producer), namoonni yoomeessafi waltajjii qopheessanillee) barruu barreessaa jamaaf hiikuufi hubachiisuu keessatti qooda qabu. Daayirektarri diraamaa tokko gochaalee agarsiisni tokko tokkoon isaa qabu waltajjiiratti maal akka fakkaatan murteessa.; yeroo isaan fudhatan, taatota waltajjiiratti raawatan, tatonni sun maal fakkachuu akka qaban(tarii meekaappii fayyadamuu danada'a) fi maal akka fayadaman(meeshalee), itti fayyadama bakka waltajjiiraa, walitti dhufeentya taatotaa, akkaataa dubannaa/olka'iinsa fi gad bu'iinsa sagalee, ariitii fi qalbisa dubbii, akkaata itti gaaleen, jechi fi himni ittiin jedhaman faa murteessuun akkaataa akkaataa itti tokko tokkoon taatotaa birsagoota, sagalootaafi jechoota sagaleessan, olka'iinsa, gad bu'iinsi, ariitii fi qalbisni dubbii, akkasumas wanti sochi qaamaa fi haala fuularraa mol'atu hundi seenaafi dhaamsa huubatamurran dhiibbaa geessisu. Kanaafuu, daayireektarri hiika barruu diraamaa ykn hubannoo jamaa murteessuu keessatti qooda ofisaa qabaata jechuudha. Haalli sagalee fi sochiin qaamaafi haalli fuula taatota waltajjiraa filannoo jechootaafi yeedaloo himoota barruu barreessaa bakka bu'a.

Daayireektaroni fi taatonni muuxannoofi ga'umsa cimaa qaban barruu sana ariitiin sirriitti hubachuun seenaa barrichaa waltajjiitti yeroo baasan miidhagina addaa itti dabaluun dhiheessuu

danda'u. Haaluma walfakkaatuun, barreesitoonni diraamaas qaawwa daayireektarii fi taatoonni akkasaan muuxannoofi ga'umsa isaanii fayyadamuun akka guutaniif hambisuuf ni jiraata. Barruuleen diraamaas qaawwa/bakka duwwaa hammamii akka hambisanii fi ibsoota waltajjii hammam guutummaafi gad-fageenyaan (qooddattootni hundu hammam gad-fageenyaan akka ibsaman, waltajjiinakkamiin akka bu'uureffamu, gochaaleefi sochiin qaamaafi fuulaa akkamitti akka agarsiifaman) qindeessaa, daayireektarraa fi taatotaaf dhiheessuu isaaniitiin adda adummaa qabaatu.

Diraamaan daawattoota kallattiin waltajjirratti daawwataniif kan dhihaatu ta'unsaa barruun isaa akkamitti akka qophaa'uuratti dhiibbaa mataasaa qaba. Jamaan diraamaa diraamichaa yeroo walfakkaataa tokkicha daawwachuuun, muuxannoo/beekumsa walfakkaataa qabaachuuniifi kaayyoo ifaafi wal fakkataa/daawanna diraamaa murtaa'e tokko) waliin qabaachuun battala sanatti tokko isaan taasisa. Diraamaan namoota dhugaan jiraniifi kallattiin kan dhihaatuufi dubdeebii yerooma sana fuulleen kana itti keennamu qofaa osoo hin ta'in, barreessaan isaaas duubdeebii wayii jamaan kennan kan eegu/tilmaamu ta'uu isaati. Kanaafuu, barressaan jamaan kallattiin diraamicha yeroo daawatan waliin ta'uun dhiibbaa isaan geessisan herreguun akka sanaan karoorsee barreessa. Tokkoon namoota jamaa diraamaa uumanii hangam dhuunfaatti kan miirefatan yoo ta'elie, dhiibbaa waan walirraan ga'aniif murtii fi hubannoo walfakkaataa umatu. Sababiin isaaas, bakka tokko fo yeroo tokkihatti kaayyoo wal fakkaatuuf yeroo argaman miseensa gurmuu tokkootti wal ilaaluun miira walfakkaatu qooddatu. Miira gurmuu tokkoo qabaachuun amala dhuunfaatiin qaban irraan dhiibbaa cimaa geessisuun waan gurmuun sun yaadu akka yaadaniifi wanta isaan raawwatan akka raawwataniif dirqisiisa. Yeroo namootni muraassni wanta waltajjirratti ta'uu ajaa'ibsiifatu olkaasee kolfee gammadu ykn sodaatee yemmuu inni cina isaanii ta'uus akkasu ta'a. Barruu diraamaas walaloofi seenefamoota kan biro caalaa dhimmota yeroorraafi namoota hunda ilallatu xiyyefachuunsa kanaaf caalaatti gumaacha. Keessumaa diraamaawwan yeroo dhaamsa haala hawaasa yeroo murta'e tokko keessa jiruu/keessaayyuu yeroo kakalaqa sana) kan ilaallatuudha.

Barruun diraamaa agarsiisa battala raawwii isatti daawwatootni ofii isaaniitiin akka hubataniif (seeness utuu hinbarbaachisin) dhihaatu kan qabuudha. Gochaaleen diraamaa keessa jiran yeroo walfakkaatu keessatti warreen hinraawwatin yoo ta'anillee, akka waan walitti fufiinsaan raawwatan/raawwatamanitti dhihaatu. Gochichi yeroon dhugaan fudhatuufi waltajjirratti inni

fudhatu garuu walqixuma ta'a. Diraamaa keessatti seenaan dhiheessinu yeroo sanaan dura kan raawwate ta'ee kan yaadamu yoo ta'eyyuu, waltajjiirratti akka waan yeroo sana ta'aa yookaan raawwataa jirutti taatotni raawwa chaa dubbatu. Kanaaf, barruunsaas waliin dubbiifi gochi taatonni waltajjiirratti dhiheessan henna ammaan (present tense) agarsiisuu qaba. kana malees, akkuma waltajjiirraa qooddatootni fuulleen kan dubbatan malee sagaleen barreessaa kan keessatti dhaga'amu ta'uu hinqabu.

Barruun diraamaa walii dubbii afaan qooddatootaa/taatotaarraa dhaga'amuufi gochaalee dubbii maleeyyi taatonni raawwatan yookaan isaanirraa mul'atanfi ijaan ilaalamani hubataman of keessaa qabaata. Waliin/ ofiin dubbiin isa afaan taatotaarraa dhageenyu waan ta'eef, barruu diraamaarratti maqaa qooddatootaa barreessuun fuuldura isaatti yookaan isa jalatti akka inni dubbatuun barreffama. Haalli yeroo ofi/waliin dubbii taatotaa mul'atu yookaan gochi isaan waltajjiirratti raawwatan immoo, barruurratti akka ibsa dabalataatti hammattuu keessatti yookaan dubbii qooddatootaarriaa bifa adda ta'een (in italicized form) barreffama. Ibsi dbalataa kennamu kun isaan afaan taatotaatii ba'an osoo hintaane, wantoota mul'atanirraa isaan hubatamaniidha. Kunis ibsa waltajji (stage direction) jedhamuun beekamu.

Ibsi waltajji haalaafi kallattii sochii taatotaa, haala ifa waltajji, haala sagalee/muuziqaa agarsiisa dhihaatu deggeran, meeshaalee waltajjiirrafi kkf dha. Ibsi waltajji seenaa diraamaa waltajjiirratti dhihaatu tokkoof akkaataafi yoomeessa dabalataa ta'uun guutuu taasisa. Dabalataanis, daayirekteraa seenaa barruu sana waltajjiif qindeessuufi taatota qooddatoota bakka bu'an filatuuf qajeelfama, akkasumas, taatota filatamanii agarsiisuun dura seenaa sana qo'ataniif madda guutummaa suura seenicha ta'ee tajaajila. Kanaaf, seenaa diraamaa barruurra jiru tokko waltajjiirratti guutuu, walqabatiinsa kanqabufi hawwataa akka ta'uuf ibsi waltajji barruusaa keessatti hammatamuu qaba.

Taatonni waltajji diraamaarratti seenaa itti kename agarsiisuuf yeroo ba'an eessaan waltajjiitti akka ba'an, eenu waliin akkamitti akka dhufaniifi deeman, maal akka uffataniifi fuula, dhaabbiifi uffannaa isaaniirraa maal akka mul'atu, akkasumas, akkaataa dubbii isaanii (ariitii, guddisanii, xiqqeessanii, na'aa... dubbachuu)faatu haalaafi kallattii sochii taatotaa keessatti eerama. Kun garuu, yeroo hundumaa dirqama hinta'u; kana kaasuun yookaan hubachiisuu hubanna seenaa sanaaf yookaan dhaamsa isaaf gumaacha yeroo qabaatu qofa.

Waltajjii diraamaarratti yookaan tiyaatira keessatti itti fayyadamni ifaafi akkaataasaa qooda guddaa qaba. Ifni waltajjii diraamaan tokko irratti dhihaaturratti tajaajilu kan uumamaa (aduu, addeessaafi kkf)fi namtolchee warreen akka dungoo, lambaa, tirikaa, ifa elektirikii, abiddaafi kkf ta'uu danda'a. Yeroo baay'ee diraamaan tiyaatira keessatti ifa namtolchee kan fayyadamu yoo ta'u warreen waltajjii banaa (open stage) jechuun waltajjii bakka walga'ii adda addaa, dirree mana barnootaa bakka barattootni baay'een itti daawwatan, dirreewan/waltajjiwwan aadaafi hawaasummaa adda addaarratti dhihaatan immoo, harka caalu ifa uumamaa fayyadamu.

Karaa biraatiin immoo, ifni waltajjii diraamaarratti hojiirra oolu hanga isaan, bifa/hallusaafi kallattiisaan murteessuun fayyadamuun ilaalcha keessa wanta galuu qabuudha. Hangasaa yoo ilaalle cirumaa kan hinjirre (dukkana), ifa baay'ee xiqqoo (dimimsa), ifa guddaafi kkf ta'uu danda'a. Bifuma walfakkaatuun akka barbaachisummaa isaatti ifa waltajjiirraa bifa/halluu garagaraa akka qabaatu taasifnee fayyadamuu dandeenya. Fakkeenyaaf halluu diimaa, magariisa, cuqliisa, keeloo, yookaan kan biroo akka qabaatu goonee fayyadamuu dandeenya.

Ifni waltajjii diraamaa keessatti hojiirra oolu tajaajila adda addaa qaba. Tajaajila kana keessaa inn jalqabaa, yoomessa seenichaa mul'isuudha. Kutaan seenaa ganama, galgala, ganna, rooba keessa yookaa bona aduu saafaa keessa raawwatu ifa walfakkaataa hinbarbaadan. Fakkeenyaaf, agarsiisni galgala mana keessatti yeroo irbaatni nyaatamu kan dhihaatu yoo ta'e, sdukkana ibsaan kan keessatti ibsamu ta'uu qaba. Kana malee, ifni waltajjiirraa yookaan galma keessaa miira agarsiisni dhihaataa jiru qabaachuu qabu tumsuuf ooluu danda'a. Fakeenyaaf, namni rakkoo cimaa keessa galee yeroo dhiphataa yaadaan badaa nyaaraa guuree wantoota naannoosaa jiran xiyyeffannoo dhowwatee fagoo yaadaa taa'a. Agarsiisni akkasii yeroo dhihaatu, daawwattootni miira ulfaataasana akka qoddataniif bakka baay'eefi namoonni baay'een keessa jiran fayyadamuurra bakka namni hinjirre, sagaleen hinjirrefi dimimsatu filatama. Kana jechuun immoo, ifni xiqqoon yookaan dimimsni miiraa ulfaataa uumuuf nigumaacha jechuudha. Akkasumas, jijiirama ifaa fayyadamuun jijiirama agarsiisaa (scene) agarsiisuun nidanda'ama. Agarsiisni kutaa seenaa bakkaafi yeroo walfakkaataa keessatti raawwatuudha. Kanaaf, agarsiisa tokko (gocha yeroo tokkotti iddo tokkotti raawwatu) xumuruun isa birootti yoo darbu, amma waltajjiin isa itti aanuuf mijatutti adeemsa sana jamaa /daawwattoota jalaah dhoksuufwaltajjiirraa ifa dhaamsuu yookaan golgaa diriirsuutu barbaachisa. Waltajjiin agarsiisa itti aanuuf qophaa'ee

booda ifa dhaame ibsuun agarsiisichi itti fufa. Kanaaf, daangaa kana agarsiisuu keessatti ifni akka mala tokkootti tajaajila jechuudha.

Kallattii irraa ifni waltajjii yookaan galma seenus barbaachisummaa ofiisa niqabaata. Kunis, tarii karaa foddaa tokkichaa yookaan balbalaan yookaan gubbaa gadi yookaan waltajiirraa gara galmaa yookaan galmarraa gara waltajjiitti ta'uu danda'a.

Diraamaa waltajjiirratti dhihhatuun deggeruun qabatamaa kan taasisu inni biraan muuziqaadha. Diraamaan waltajjiirratti yeroo dhihaatu, muuziqaa meeshaalee muuziqaan taphatamu, kan sagaleen sirbamu/faarfamu yookaan lamaan isaan tumsamee agarsiifama. Ta'us garuu, diraamaa hunda yookaan kutaaleefi agarsiisawan diraamaa hunda keessatti dirqama hinta'u. Yeroo barbaadametti muuziqaan dhihaatu kunis waraabamee kanta'e yookaan fuulleen waltajjiirratti yookaan waltajjii duubatti/bakka hinmul'anneefi taatota hindanqineti taphatamuu danda'a. Ga'een muuziqaa kanaa inni guddaan daawwattoota gara miira barbaadamutti galchuuf, miira keessa turan keessa tursuuf yookaan miira keessa turan keessaa baasuufiidha. Akkuma armaan olitti tuqamuuf yaalametti, kutaaleeniifi agarsiisni yookaan mil'uwwan adda addaa diraamaa tokko keessa jiran miiraa garaagareaa kan of keessaa qabaniifi namatti dhageessisanidha. Egaa isa tokkorraa gara isa biraatti ce'uun dhaga'iitii (feeling) kan biraa namatti horuu danda'a. Kanaaf, agarsiisa (scene) tokko yeroo jalqabuuf deemnu haalaafi miira achi keessa jiruuf daawwattoota qopheessuuf muuziqaan miira sana fakkaatu of keessaa qabu akka dhaga'amu taasifamuu qaba. Agaraiisni sun xumuramee inni itti aanus miiruma walfakkaatu kan qabu yoo ta'e immoo, muuziqichi osoo hin jijjiiramni hanga inni itti aanu jalqabutti jamaan miirichi keessa tursiifamuu. karaa biraatiin immoo, miirri agarsiisa xumurameeffi itti aanee dhufuu kan wal hinfakkaanne yookaan gargar fagoo yoo ta'e, muuziqaa kan biroo haalaafi miira dura ture keessaa baasuun gara isa haaraa barbaadamutti qajeelchuun nidanda'ama.

Fakkilee, suurawwaniifi meeshaaleen adda addaa taatotni harkatti qabatan yookaan itti fayyadaman yookaan waltajjiirra akkasumaan kaa'amanis warreen qabatamummaafi fudhatamummaa diraamaa cimsuu keessatti qooda olaanaa qaban keessaati. Fakkileefi suurawwan adda addaa diraamaa keessatti yeroo baay'ee taatotaan baatamanii yookaan keenyanirratti yookaan xarapheezaafaarratti ka'amanii argamuu danda'u. Isaan kun yeroo baay'ee seenaa sana keessatti fuulleen kan gumaachan ta'anii hinargaman. Yeroo tokko tokko garuu, ka'umsaa ofii/waliin dubbii taatotaa ta'uu danda'u. Kana malees, duubdeebiif (flash back)

ka'umsa ta'uun beekamu. Duubdeebiin seena yeroo sana fuuldura ta'ee ture irra deebiin yaaduu, waa'eesaa haasa'uu/dubbachuu yookaan gochaan agarsiisuudha. Meeshaaleen aadaa hawaasa seenaa diraamichaa irratti xiyyeefatuufi kan biroonis waltajjiirra ka'amuufi harka taatotaatti baatamuun diraamaaf tumsa ta'uu danda'a. Fakkeenyaaaf, diraamaan Afaan Oromoo tokko qophaa'ee waltajjiirratti kan dhihaatu yoo ta'e, jabanaan bunaafi finjaalli, eeboofi gaachanni, teesummi geengoon miilla sadii, gundoon booree, siinqee, guchumni, ciicooniifi kkf waltajjiirra kaa'amanii, keenyanirratti hirkatanii yookaan fannifamanii yookaan immoo taatotaan baatamanii argamuu danda'u. Meeshaaleen kunis baay'inaan yoomessa hawaasummaa (haala jiruufi jirenyaa, aadaa, barsiifata, eenyummaa.... hawaasichaa) yookaan yoomessa bakkaa (mana keessa, waajjira keessa, dirreerra, bosona keessa,, magalaa yookaan baadiyyaa) seenaa sana quba qabsiisuuf oolu.

Walumaagalatti, warreen armaan olitti ibsa waltajji jedhamuuneeraman daawwatootni haasaa/dubbii taatotaarraa kan hubataman osoo hintaane, waltajji, galmaafi taatota harkatti ilaaluun seenaa (gochaafi dubbii) wal qabsiisanii kan hubatamaniidha. Barruu diraamichaa keessatti immoo barreessaan waa'ee isaanii hammattuu keessatti yookaan bifaa addaa barreessuun addaan ibsa.

Raawwii (Act)fi Agarsiisaa/Mil'uu (Scene)

Dhaamsaafi kutaalee haaraan yeroo qaamonni/taatonni baay'ee barbaachisoo/ijoo ta'an seenan yookan ba'an jalqaba. Diraamaa ammayyaa keessatti, yeroo jijiiramni yeroofi bakkaa jiraatu hunda, jijiiramni agarsiisaa nijiraata. Qindeeffama agarsiisaa kana kan seenaa ta'u. Tokkoon tokkoo agarsiisaa haala caasaa diraamaa warreen kutaalee barruu diraamichaa walitti fidaniifi gochaaleesa bifa qabsiisanitti dabalataan, barruun diraamaa qooddii idilee raawwii (act)fi agarsiisa/mil'uu (scene) jedhaman qaba. Tiyaatira Girikoota durii keessatti agarsiisonni (scene) walaloo yookaan weedduu jalaa qabdootaan adda adda qoodamu (by choral odes). Diraamaa warra Faransaay keessatti immoo agarsiisni murteessaa ofiisaanii qabu. kunis, yeroo beekamaafi gocha seenicha fuuldura adeemsisuudha. Akkaataa caaseffama agarsiisa barruu diraamaa keessatti, ibsi gochaafi amala qoddattaa roga tokkoo hanga isa birraatti adeemuu danda'a. Maqaan qoddattootaa yeroo hundumaa qubeelaa gurguddaan walakkee waraqaarratti barreeffamu. Maqaa qoddattaa jalatti gochaafi waliin dubbii gargar ba'anii barreeffamu.

Raawwiin qoodama caasaa barruu diraamaa isa guddadha. Barruun diraamaa warreen duraafi bu'uuraa (classic) raawwilee (acts) shan qabu. Warreen ammayyaa immoo raawwilee lama yookaan sadii qabaatu. Barruun diraamaa harki caalaan isaanii garuu, caasaa raawwii sadii qabuun beekamu. Kanarraa qooddiin idilee barruulee diraamaa kun bu'aa waliigaltee yeroo murtaa'aa tokkoo (the convention of the period)fi qabiyyee barruu murtaa'e sanaa ta'uu hubachuun kan danda'amu yoo ta'u, barruun diraamaa isa raawwii tokko qaburraa eegalee amma isa raawwii shaniifi agarsiisa hedduu qabuutti bal'achuu danda'a. Jamaan yeroo diraamaa daawwatan qoodama raawwii kana kan hinqlbeeffanne yoota'anillee, mul'istuu miir deebii (emotional response) isaanii ta'uun beekama. Qooddiin warreen barruu sana dubbisaniif kan dhihaatu ta'ee haala raawwiisaa sammuu isaanii keessatti yaadaa ilaalu. Raawwiin/gochaan agarsiisuun seenaalee akkasiin caaseffaman kanaa immoo waltajjiirratti ta'a. Diraamicha daawwatanii gocha agarsiifamu faana miirri isaanii olka'aa deemuu, onneen isaanii dhaabbachuu yookaan qalbiin rarra'uufi tasgabba'uun qoodama kana waliin kan deemuudha. Haaluma kana diraamaa raawwii sadii qabu yoo ilaalle, raawwii tokkoffaan (Act I) wantoota bu'uuraa inni jamaaf argamsiisu warreen armaan gadiiti.

1. Qooddataa guddaa/ijoo beeksisuu
2. Qoodattoota deggersaa beeksisuu
3. Gocha, xiyyeffannoofi fidumsa (out come) abdatamu hundeessuu
4. Gufuufi rakkolee adda addaa hundeessuu
5. Sardama (suspense), muddama (tension)fi waliddaa uumuu
6. Bakka seenaan fuuldura deemuu dhaabee duuba deebi'ee babala'chuu jalqaburratti xumurama.

Dhuma raawwii tokkoffaatti maal akka ta'uuf deemu baruu hawwa jamaan. Sadarkaa kun, jamaan rakkoo yookaan ijoo diraamichaa hubatee, qooddataa jabaa adda baafatee, fedhii fidumsa dhufuu malu beekuu horatee xumurama. Asitti seenichi yoo dhaabbate jamaan gaaffii isa keessatti haferraan kan ka'e niceeqama, itti hintolu, of jibba.

Raawwii lammaaffaa keessattimmo:

- Haalli qooddataa jabaa keessa seenufi fidumsisaa hammatee walxaxa
- Jaargocha xiqqaa (a subplot) kanbiraatu dhalata

- Qooddattoota hirkatootatu mul'ata
- Furmaata xumuraarra ga'uuf sardama cimaatu uumama
- Rakkoo yookaan cinqamaa hamaa kanbiraan uumamuu raawwata

Asitti dubbii sadarkaa hamaarra ga'uu isaarraan kan ka'ee furmaata battalaan barbaada. Yoo utuu furmaatni hinargamin asumatti hafe, sammuu/qalpii jamaa darbuu danda'a.

Raawwii sadaffaa keessattimmoo:

- Rakkoon caalaatti hammaata
- Jaargochi xiqqaan uumame furmaata argateetu jaargocha guddaatti gala
- Rakkoo hamaa qoodataa jabaa mudate laafeetu tasgabbaa'a.
- Rakkoon tasgabbaa'eefi seenichi akka waliigalaatti xumuratti dhufee furmaata argata
- Olaantummaaniifi mo'ichi qood dataa duree/jabaa, akkasumas, kufatiifi mo'amuu qoodataa masanuutu uumama.

MIRKANEEFFANNAA

Barata/ tu barnoota boqonnaa kana keessatti siif dhihaate sirriitti hubachuukee qabxiilee armaan gadii fayyadamuun mirkaneeffadhu. Qabxiilee sirriitti hubattee mallattoo '✓' tiin kanneen sirriitti hinhubatin ammoo 'X'tiin agarsiisuun irra deebii mirkaneeffadhu.

1	Maalummaa diraamaa adda baafattee jirta?	
2	Malleen diraamaan ittiin dhihaatu lamaan eeruu dandeessaa	
3	Xiyyeffaannoon diraamaa maaliratti akka adda ta'e hubateettaa?	
4	Ofiin dubbiin maal akka ta'e himuu dandeessaa?	
5	Diraamaan harka caalu waliin dubbiin maaliif akka dhihaatu hubattee?	
6	Ibsi waltajjii maaliif barruu diraamaa keessatti akka hammamatuu nihimtaa?	
7	Walitti dhufeenyi jaargochaafi ijoo diraamaa maal akka ta'e himuu dandeessaa	
8	Diraamaan akkamitti akka jalqabe hubattee?	
9	Gosootni diraamaa maalfaa akka ta'an tarreessuu dandeessaa?	

10	Amaloota diraamaan tiraajeedii qabu himuu dandeessaa?	
11	Diraamaan meeloo mala addaa qabu hubattee?	
12	Faayidaa diraamaan qabu himuu dandeessaa?	

Gaaffilee of Madaallii**Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaabaafi ifaa ta'e kenni.**

1. Diraamaan yeroo durii bakkeenakkamiifaatti agarsiifamaa ture? Inni ammayyaahoo?

2. Namootni yookaan ogeeyyiin diraamaan qophaa'ee hanga hawaasaaf dhihaatutti qooda fudhatan tarreessi.

3. Ofiin dubbiin diraamaa keessa jiraachuun maaliif barbaachise?

4. Jaargocha diraamaa keessatti jechoonni waa'ee ijoo do'ichaa quba qabsiisan eessafaatti mul'achuu danda'u.

5. Gosoota diraamaa keessaa dursee agarsiifamuu kan jalqabe kami?

6. Diraamaan tiraajedii amaloota akkamiifaa qaba?

CUUNFAA KUTICHAA

Diraamaan ogummaa agarsiifamuuf hojjetamu yookaan oguma waltajji jedhamuun beekama. Kana jechuun diraamaan hojji waltajiirrattii, fuuldura daawwatoota, dubbii yookaan haasaa taatotaafi gocha isaan raawwatanin dhihaatudha jechuudha. Asirratti taatonni seenaa raawwatanifi dubbii dubbatan fuuldura daawwatootatti ofii isaaniin waan dhiheessaniif diraamaa keessatti seenessaa kan hinbarbaachifne ta'uu hubanna.

Diraamaa hojiiwwan kalaqaa keessaa tokkodha. Barreessaan seenaa diraamaan dhihaatu yeroo kalaquu bifa waliin dubbiin waraqaaarra kaa'a. kunis waliin dubbii yookaan haasaa quoddattootaafi ibsa waltajji of keessaa qaba. Ibsi waltajji akkaataa dhaabbi taatotaa, haala dubbannaa isaanii, waltajiirra eessaan seenanii eessaan akka ba'an, haala ifa waltajjiirraa, haala

sagaleefi kkf kan mul'isuudha. Ibsi waltajjii yeroo baay'ee miil-jala waliin dubbii qooddatootni taasisaniin hammattuu keessa kaa'ama. Barruun diraamaa amala isaanii jamaaf diraamaa sanaaf kan barreeffamuu osoo hin taanee taatotaafi daayireekteroota isaan barruu sana dubbisanii jamaaf waltajjiirratti dhiheessaniifi dubbisanii akka ta'uun qabuun qindeessanif barreeffama. Waliin dubbiitti dabalataan ofiin dubbii taatonni taasisanis diraamaa keessatti jiraachuu danda'a. ofiin dubbiin kunis taatonni miira keessaa isaanii kan ittiin baasan, ejennoo isaanii calaqqisiisan, mufannoo isaanii mul'saniidha.

Diraamaan jalqabiin isaa sirna waaqeffanna Girikii durii ta'ee adeemsa fooyya'iinsaa baay'ee keessa darbuun kan har'a ga'eedha. Haaluma walfakkaatuun mirota garaagaraa kan dhiheessu ta'uun beekama. Mirota daawwatoota keessatti hambisuratti hundaa'uunis gosoota garaagaraatti qoodama. Gosoota kana keessaas isaan gurguddoon: iraajeedii, koomeediifi diraamaa meelooti. Tiraajeedii miira sodaachisaa, gaaddisiisaa, sukkanneessaafi ulfaataa ta'ee kan of keessaa qabudha. Koomeediin ammoo miira salphaa, gammachiisaa, kofalchiisaafi namatti tolu of keessaa qaba. Diraamaan meeloo seenaa isaa muuziqaa yookaan sirbaan make dhiheessuun beekama. Kana malee kofalchiisuufi dinqisiisuurraa darbee dhaamsaa hoomaayyuu kan hinqabaanneedha.

Diraamaan faayidaa yookaan tajaajila adda addaaf kan ooluudha. Kunis raawwiin waan mul'atuuf, qabatamaa waan agarsiifamuuf, amala jijjirama battalaa fiduu qaburraa madda. Kana waan ta'eef diraamaa egeree hawaasaa ni boca, safuufi aadaa hawaasaa ni tursa, jirenya hafurraa barsiisuufi jajjabeessuuf ni oola, ni bashannansiisa, odeeffaanoo ni kenna, ni barsiisa, akkasumas carraa hojii ni uuma.

Diraamaa barressaan lammiii Misraa/Gibxii Abul Elaa Alsalaamuunii barreesse Hinseenee Makuriyaa bara 1996 gara Afaan Oromootti jijiiree mata duree Faandhoofticha Gadoo jedhuun bara 2008 asoosamoota gaggabaaboo kanneen biroo wajjin maxxansiiseera. Barruu diraamaa kanaas koorsii kana keessatti waan baratte bu'ura godhachuudhaan akka xiinxaltuuf armaan gaditti siif dhihaateera.

Seenaa Faandhoofticha Gadoo

Goobaangaleessi (protagonist) faandhooticha gadoo, Umarliqaayis, dechee araboutaa irratti wolaleessaa beekamaa ture. Walaloon isaa seenaa ogbarruu Araboutaa keessatti bakka olaanaa qaba jedhama.

Umarliqaayis ilma mootii gosa arabaa tokko ture. Aadaafi seera gosi isaa ittiin buluuf kabajaa kennuu dhabuu isaatiin abbaan isaa isa jibban. Erga manaa bahee booda gartuulee gosi isaanii hin beekamne, waatoota, bosona keessa jiraatanitti dhaqee michoome. Bara walaleessaan kun dechee irra turetti amantiin Islaamaa biyyoota Arabaa keessatti hin babal'anne ture. Utuu inni bosona keessa jiruu abbaan isaa gosa olaantummaa barbaadu Baanii Asaad jedhamuun ajjeefamu. Yeroos dhiga dhiigaan deebisuun yookaan gumaa bahuun ulfina guddaa ture. Wayta dhaamoon isa qaqqabu Umaarliqaayis gumaa abbaa isaatii deebisuuf mootota Arabaa garaagaraa gargaarsa gaafata. Gauruu huni isaanii wajjin hiriiruu didan. Biyya fagoos deemee gargaarsa gaafata.

Dhumaratti intala isaa tutuquu isaatiin mootiin Baazaantaayin qoricha itti tolchee du'e jedhama. Umarliqaais Sooriyaa yookiin Tarkii keessatti du'es kan jedhamanis jiru.

Hubannoodhaaf

Faandhofticha Gadoo keessatti jecha "waata" akkasumas "waatoota" jedhu irra deddeebitanii argitu/dubbistu.

Waatoota jechuun gartuulee seeraafi heera hawaasi itti bulu irraa maqanii qofaa isaanii bosona keessa jiraataniidha.

Waatootaaf addunyaan kun kijibaa, addunyaa dharaati. Addunyaan dhugaa si'achi dhifti jedhu waatoonni. Dhugaa si'achi dhuftuuf qabsoofna jedhu...

Taatota

Mokonnin Yaadasaa

-akka Hujur Mootichaatti

Tasammaa Galataa

-akka gorsaa Mootichaatti

Kadir Filatoo

-akka Umarliqaayisitti (ilma mootichaa)

Abaaboo Warqinaa	akka Raabaabitti (jaallallee Umarliqaayis)
Tafarraa Lagasaa	-akka Waataatti
Kabadaa Hirphuushee	-akka Waataatti
Tsahaay Dassaalanyi	-akka dubartii mana dhugaatii keessa hoijjetutti
Abbabach Ajjamaa	-akka intala Hujur Mootichaatti (obboleettii Umarliqaayis)
Sisaay Dassaalanyi	akka jila gosa Baanii Asaad jedhamu irraa ergameetti
Mo'ataa Shanee	-akka Qeesaritti
Mardaasaa Booreessaa	-akka tajaajilaa Qeesaritti
Taddalaa Alamaayyoo	-akka Waataatti
Qalbeessaa Magarsaa	-akka Waataatti

Mul'ata 1

(*waltajjii dukkana. Waatoonni ekeraa fakkaatan kallattii garaagaraa irra wayita gara waltajjii seenan mul'atu.*)

Garee 1^{ffa}a Jaarraa dhalli namaa akka waaqa waaqotaatti ilaalamutti,
 Kan hin taane dhalattoota jaarraa kanaa,
 Asi jirra kan nun jedhan nuti albultoonni bosonaa,
 deddeemtuu Waatootaa, Keessumoota ni dhufna, keessumoota ni deemna,
 Sagalee keenya yoo caqastan dhugaa isii tarreessina.

Dhufnee ta'uuf naqaashii baraa,
 Jirenya hammeenya maleettii, kan marartuuf ta'uuf walaba,

Walabummaa fareersuu, faarsuufis ta'e naquuf walaloo,

Abjoo'achuuf bilisa,

Abjuun keenya laaftuufi ifa,

Addunyaa mootii maleettii,

Kana abjuun keenya inni haqaa,

Ta'aaree dhugaa!

Obbolee, eegduu yoo ta'eef, deebiin keenya akkana,

Seenaan keenya tarreessina,

Gidiraa hulluuqnee himna,

Hiraara mijuu keenyaa tokko,

Ilma mootii qaccee moototaa,

Finciluudhaan bara irratti ,

Gonfoo, qabeenyaafi aangoo tuffatee,

Nu wajjin jira abjuu waloofi namayyuu uffatee,

Waloon keenya isa, didduu mootiidhaa kan aangoo dhiite.

Garee 2^{ffaa} Umarliqayis ilma Hujur, Hujur ilma Al Haarit,

Al Haarit ilma Al Akbar, Akbar ilma Muuraa,

Muuraa ilma Zayid.

Garee 3^{ffaa} Abbaan isaa Hujur Al Haarit, mootitii gara jabeessa.

Aangoo dhaaluuf fedhiin ilmi isaanii qabu xiqqoo ta'uu isaa
hubachuu isaaniitiin murtii jabduu irra kaa'an.

(ibsaan ni ifa.)

Hujur Mooticha (Alaa dheekkamaa seenu) Addaggummaa isaa aniyuu daangaa itti
nan tolchaafitii gurbaa addaggee sana naa fidaa.

(aaranii jiru, Raabiyaanisni dubbata.)

Raabiyaan (sossobanii) Kun hoomaa jechuu miti mootii obsaa.

Hujur Mooticha Daa'ima wallaala hin bilchaanne ta'uu isaa natti hin himin. Beekaadhaa
nama jedhamu kamirayyuu caalaatti sammuun isaa qaramaa akka ta'e ni
beekta.

Raabiyaan Dhugaadha... yeroo yaada isaa garagarfatutti hundumaa dhiisee
karaa qajelaatti ni eebi'a mootii.

Hujur Mooticha Sagalee kana si'a dhibba irra deddeebitee jirta. Maaliif ati mucaa kana
irra akka gortu garuu anaaf hin galle.

Raabiyaan Anatu guddiseen. Waanan isa guddiseef sirriittin isa beeka mootii.

Hujur Mooticha Gaariitti guddiseera, barsiiseeras jette ni boontaaree?....Sitti himuu, haalli
itti isa guddistees ta'e isa barsiifte takkumaayyuu gadhicha.

Raabiyaan Maal jettan mootii?... Uumamni walaleessitootaa akkanuma, xinnoo ni
rakkisa mootii.

Hujur Mooticha Walaloos ta'u walaleessummaan biyyoo haa nyaatu. Wantoota bosonaafi
ali galtootatti hidhachuudhaan manneen dhugaatiifi mashataa
keessatti jufunfulli geeraruu erga jalqabee asitti ani walaloo balfeen jira.

Raabiyaan Mootii garuu...

Hujur Mooticha (addaan ishee kutuudhaan)... Ammaan sichitti siif hin eyyamu. Irra
goruu dhaabi.

Hujur Mooticha Gurbaan sun nama akkamii akka ta'e hubachuu waanan hin dandeenye
sitti fakkaataayii?...I....Natti qoosaa, natti bashallaqaa Raabiya!

Raabiyaa Godhe jedhanii waan isiniti dubbatan cufa hin amaninaa mootii, kijiba.

Hujur Mooticha Kijiba miti. Waan hunda tuffachuun gamatti waan tokkoof illee hin dhimmamu. Dhugaa koon jedha, fuula Waaqaafi lafaattin kakadha, nan gorraasisaan.

(Waardiyyaan ni seena.)

Waardiyyaa Ilmaan sadan mootii.

(Ijoolleen mootichaa sadan uffata mootummaa uffatanii seenu. suuta adeemu.)

Ilmaan mootichaa Abbaa keenya Hujur mooticha ilma Al Hariit.

Nagaa guddaan isiniif haa ta'u, eegumsi uumaas.

Hujur Mooticha Baga dhuftan ijoollee koo. Har'a waa'ee obboleessa keessan eebbi irraa fagaatee sana gorsa akka naaf kennitanin barbaada.

Ilmaan mootichaa Abbaa, waan isin nu ajajjan raawwachuu fuula keessanitti argamna.

Eegumsi uumaa keenyaa isinii wajjin haa ta'u.

(*walfaana ugum.*)

Hujur Mooticha Ijoollee koo, saboota lookoo keenya keessa jiraatan biratti kabajaan gurbaan sun qabu akkam akka ta'e ni beektan. Abboommii koo irratti akkam akka qosus quba qabdu. Kan barbaachisuu olitti irra deddeebi ee akeekachiseeraan.

Garuu jallina isaa irraa deebi'ee qajeeluu hin dandeenye. Fedhii koo ta'u baatus
garuu dhuma irratti murtii irratti dabarseen jira.

(*Waardiyyaan ni seena.*)

Waardiyyaa Mootii, Umarliqaayis!

(*Umarliqaayis ni seena.*)

Umarliqaayis Hujur Mooticha kabajamoo, na iyyaafattanii?

Ilmaan mootichaa Eegumsi Waaqaa isinii wajjin haa ta'u.

Raabiyaa (*Umarliqaayisitti guungumaa...*) Abbaa kee mootichaaf nagaa dhiheessi
gooftaa koo.

Umarliqaayis (*Suuta ugumee*) Nagaan Hujur Mooticha ilma Al Ariitiif haa ta'u, eegumsi
uumamaas.

(*Ilmaan mootichaa ni ugumu*)

Hujur Mooticha (*Aariidhaan...*) Saragummaafi kashlabbummaa kee kanaan hanga
dhumaatti itti fufuu kan dandeessu sitti fakkaatayii?

Raabiyaa Dhiifama naaf godhaa malee mootii, garaagarummaa gidduu keessan
jiruuf fala dhahuuf kan dhufe natti fakkaata...

Umarliqaayis Fala dhahuu?...Fala dhahuu maalii haasofta Raabiyaa?

Hujur Mooticha Hin beektuu?... Ati guddisa kan bade dhala abaaramaadha.

Umarliqaayis Yaadi koo maal akka ta'e dursee ibseen jira mootii, keessa deebi'uun
na barbaachisu.

Hujur Mooticha Arraba isaa adaba hinqabneen ajaja akkamii akka nuuf e ni agarta
mitii Raabiya?

Umarliqaayis Kabajamo ajaja kennuf ani mootii miti.

Hujur Mooticha Mee natti himi, akka kashlabbeetti dubbachuun kee si gammachiisaayii?

Umarliqaayis Kabajamo maal akkan ta'u akka isin barbaaddan naaf hingalle.

Hujur Mooticha Beekuu feetaa?... Si gorraasisuun barbaada.

Umarliqaayis Maal eegduree?

Hujur Mooticha Ati nama gadhee nana maaliif na qortaa?

Umarliqaayis Kana Waaqayyoyyuu hinjedhin. Mooticha kabajamaa qoruuf ani
eenyu? Eegumsi aaqota keenyaa isin waliin haa ta'u.

(Ilmaan mootichaa warri kaan ni uggumu)

Hujur Mooticha Akkam natti qoosuutti akka jiru hundi keessan agartan mitii?

Raabiyaa Mootii...

Hujur Mooticha Callisi jaarsa nana... (*Umarliqaayisitti garagalani*) kun sagalee koo
isa dhumaati. Sirriitti akekkadhu! Jirenya kee kallattiin harkaa bade kana
hin sirreffattu taanaan...

Umarliqaayis Mootii kallattii mataa kootii qabadhee kanan deemu ta'uu koo ni beektu.

Hujur Mooticha Kanaaf abboommiikoo irratti finciltee kabajaakoo cileessuu yaadda...

Umarliqaayis Yoo kan isin gammachisu ta'e ilmummaakoo ganuu nidandeessan mootii.

Hujur Mooticha Kunoo dhageessuu?...Hajaa isaa miti...Garuu akkuma na qorte kana
jiraachuu kan dandeessu sitti fakkaataa?...Dhugaakoon jedha! Maqaa
waaqaatiinin kakadha. ogogortee jirta. Ofittummaakee cufa nan dhaamsa.
Abbummaakoo gadi qabeedu'akee ajajuufan dirqama.

Raabiyaa Mootii, garuu...

Hujur Mooticha Wanti dubbachuuf si hafe jiraa? Akka isa qajeelchituuf yeroo ga'aa siif
kennen ture. Garuu milkaa'uu hindandeenye. Ilmaan mootii sirriitti guddisuuf
ati barsiisaa dadhabaa kka taate amanuutu sirra jiraata. Yeroo dubbiin dhufu

mataa keerraa faccisuu malee isa eeguuf mirga hinqabdu. Uumama isaa akka situ
 tolche yoo ta'eef wajjin du'uu qabda. umama isaa qajeelchuuf rakkatee isatu
 jijjiramuu dide yoo ta'eef immoo balfiini, xireeffadhuun. Sanas ta'e kana garuu
 adabamuu qabda. Adabbiin kanklee isa ajjeessuudha. Tulluu Muniifitti fuudhiinii
 ba'i. ajjeesiiniitii ija isaa naaf fidi, galgala har'aa. Ta'uu baannan atis
 ajjeefamuu keeti.(waltajjiin nidukkana'a. sagalee qilleensaa huffee keessaa
 bubbisutu dhaga'ama. Raabiyaafi Umarliqaayisis yeroo tulluutti olba'an
 gaaddidduun isaanii ni mul'ata.)

Raabiya Maaliif na hinhaasofsiistu gooftaakoo?

Umarliqaayis Maal jedhu maal si haasofsiisu?

Raabiya Hanga asii deemnu kana waan tokkollee natty hindubbanne. Na jibbitaa?

Umarliqaayis Si jibbuun qabaa laata?

Raabiya Si ajjeesee ijakee horfee si keessaa baasuudhaan abbaakee mootichatti
 kanan geessuuf jedhu ta'uu kootiin na mufattee ta'a.

Umarliqaayis nan mufachisu.

Raabiya Jiraachuu hineetuu mootikoo?

Umarliqaayis Gorraa'amuuf callisuu nagaan waanan si faana dhufef kana na gaafattaa?

Raabiya Isaaf miti. Abbaakee mootichatti yeroo qoostuun arge.

Umarliqaayis Itti hinqoosne. Abbaakootiif guddaan gadda.

Raabiya Baay'isanii waan si jibbaniif waan si ajjeesuu barbaadan sitti fakkaataa?

Umarliqaayis Ofii isaa eeguutti jira.

Raabiya Sababiin isaa siif galee jira jechuudha.

Umarliqaayis Utuun bakka isaanii jiraadhee anis akkasuman godha.

Raabiya Sgiddisullee si hubachuun natti ulfaata.

Umarliqaayis Nuti uummata bosonaati. Kophaa jiraanna, kophaa walitti dhufnas.

Raabiyaa Ammas irra deebi'een si gaafadha mee, jiraachuu ni jaallattaa mootiikoo?

Umarliqaayis Akkan hinjibbin ni beekta.

Raabiyaa Akkas taanaan deemi ani si hinajeesu.

Umarliqaayis Abbaankoo garuu sirratti tarkaanfii fudhachuu danda'a.

Raabiyaa Akkumakee anis jireenyarrraa jaalala hinqabu.

Umarliqaayis Garuu du'as nijibbita.

Raabiyaa Kan waaqonni jedhan niraawwata.

Umarliqaayis Waaqotatti ni amantaa ammayyuu?

Raabiyaa Baraa si haadinqu. Eenu barataa eenu barsiisaa akka ta'e amman achitti ani hinbeeku.

Umarliqaayis Yaadaan hinlaafin naaf. Kan na qare si'i.

Raabiyaa Bilisummaa guddaan siif kenne.

Umarliqaayis Bara jirenya kootti si hinirraanfadhu. Waan gaarii naaf gootee jirta.

Raabiyaa Egaan utuun lubbuukee hinbaasin sokki, deemi.

Umarliqaayis Nan deema. Abbaankoo yoo si ajjeese garuu waan tokko akkan imimmaankoo
siif hincobsine beeki.

Raabiyaa Naaf dhiphachuu si hinbarbaachisu gooftaakoo. Hantuuta ajjeeseen ija ishee
abbaa keetti geessa.

Umarliqaayis Nikijibda jechuudhaa? Garuu akkan kijibuu na hinbarsiifneem.

Raabiyaa Egaan kijiba akka barnootakee isa dhumaatti fudhadhu.

Umarliqaayis Barnootakee maa'essaa kana lubbuukoo fudhachuu hinfeetu. (Irraa deemaa). Nagaatti Raabiyyaa!

Raabiyyaa Nagaatti mootichakoo.

(nidukanaa'a. qilleensi caalaatti bubbisa.)

Mul'ata 2

(Mana dhugaatii baadiyyaa Yaman Damuum keessatti argamu. Amariifi Uruwaan cheezii taphatu. Umarliqaayis cina isaanii taa'a. waatonni wajjin jiran nidhugu, nisirbu.)

Waatota Ofkoltiin nuuf haata'u amba tulluurra jirtu, mana dhugaatii keessa teenyee ragaduunis shubbisuunis waa'ee keenya isinitti himna, dhugaa isinitti dubbanna, maaliif baddaafi gammoojjiitti gubanna mee isiinii tarreessina.

Bara maraataafi jaarraa fokkisaa kanatti nuti dhalli namaal na dhibeedhaan keessa hulluuquu hindandeenyu. Wayi lama keessaa tokko ta'uun dirqama, immoo lamanuu bulguu! Gootummaadhaan waan hunda dhuunfachuu ta'uu baannan garbummaadhaan qulloomuu!

Garummoo lamaanuu yoo balfitee nu waliin hiriirta, nuti Waatotaafi sortuu bosona gooftotaa miti, hinfeenus garbummaa.

Nitaana lallabdoota haqaa

Miti bulgoota kan teeny xaxaa

Kan jannataa bade, nuti kan sichiiti.

Mootii keenya ari'atames kan nutti fide dhugaa tana,

Nu waliin hirmaachuuf jira jiruu

Keenya, immoo nihabbuuqqanna,

Nidhikkifatti onneen jaalalaafis ta'u

Bilisummaa, kan hawwii walaleessaa keenyaa.

(keessumeessituu mana dhugaatichaa keessa hojjettutti marsanii sirbu.)

Waata As qici hadhoo...

Keessummeessitu Kafaltan malee hinta'u... cittooftuu!

Waata Kaffalan malee...maal kaffalla... samadalloo...!

Keessummeessituu Nyaachuufi dhuguu malee waan kaffaltan tokkollee hinqabdan. Maaloo xinnooma isheellee hinqaanoftanii?... kashalabee!

Waata Mirga eenyuyyuu dhiibuu hinfenee nuti... sigalee... nu'I Waatota kabajamoodha. Kabajamoota mootii mootirra caallu!

Waata¹ (Niguungumu...) callisaa mootichi isin dhaga'uu danda'aa.

Waata² (niwacu) Waatotni bara baraat haajiraatani.

Waata³ Tapha keenya hinjeeqiniitii itti qici xombore.

Waata¹ Kubbaayyaa tokko tokko nuuf buusiitii bareedinakee walaloo warqeerra caaluun siif faarsina. Walaloon mooticha keenya kan jedhu...

Faaxumaakoo bareeddittii guddaa natti hinariifatin,

Narraa fagaachuu feetullee suutuma naa raawwadhu,

Suin ol xuxxuqullee anaan jaalallikee na ajjeessuufi,

Waan jaallatte na ajajin ani siifan abboomama.

Waata² walaloo walaloorra caalu, walaloo dinqii,

Waata³ Akka hindaanqoo robin dhahee hinrommin haadhoo, as siiqi...

Keessummeessituu Jufunfuloota nana ofumaa hindadhabinaa ani siinii tokkollee isinii hindabalu.

Waata¹ Xinnoo waan ishee gaddisiisetu jira fakkaata kaanee haaweeddisnuuf.

Waata² Dhugaadha jaalleewwan. Dubartiin kun sirba jaallatti.

Waata¹ Haa sirbinuufikaa.

Waatota (ni sirbu)...dhugaatii as nuu qici har'a dhuguun hinhafnee.

Qolachuu waan hindandeenye jaalala kan Waatotaa

Dhugaatii as nuu fidi ittiin qaarina tabba

Nu hinqaaqsin haaweeddisnuu,

Abjuu kan Waatotaatiif,

Dhugaatiis haahabbuuqqannu dheebuu dandammachiisuuf

Shubbisnees haaweeddisnu ijifannoo Waatotaatiif.

Waata¹ Kottu haadhoo. Garaankee ammallee waan laafe hinfakkaatu. (Haati
mana dhugaatichaa Raabaab niseente.)

Raabaab Maalinni waci kun? Isa dhugdan maaliif hinkaffaltani?

Waata Akka argannetti kan siif kaffallu ta'uu keenya nibeekta.

Umarliqaayis buusif Raabaab, kan kaffalyyf ana.

Raabaab Maal jette gooftaakoo? Erga ati as dhuftee jalqabanii nyaachaa dhugaa turanii
jiru. Waan ta'eef kan ammaan dura dhugan caalaatti dhuguu hinqaban. Xiraa'ota
wayii!

Umarliqaayis Hoomaa miti tokko tokko buusif.

Raabaab Erga inni jedhee tokko tokko buusiif.

Waata (Gammadanii kubbayyaa isaanii gara keessummeessituutti dhiibaa...) Dhugaa
Rabbiiti mootiin keenya arjaadha. Mootii Waatotaaf akkas kabaja kenne takkaayyuu
nuti arginee hinbeeknu.

Waata Mootichi bara baraa haa jiraatu...O mijuu ... (burcuqqoo isaanii walitti buusu...)

Uruwaa (Gammachuudhaan utaalee) “checkmate” mootichi nidu’e!

Umarliqaayis Dhuguma mootichi nidu’ee?

Uruwaa Eeyyee na amani du;anii jiru. (Amiiriin) Raaticha nana maal hoijetta? (Goraadee
isaa qabatee shunnisa...) ...Agartee, galgalaa nan ijifadha jedhee yaadeen ture nan
ijifadhe.

Waata Afeerraan har’aa baasii keetiin.

Uruwaa Gaaffii hinqabu. Hundumaaf buusi.

Keessummeessituu Akkuma isaaniti atis. Saantima kaffaltu hinqabduum.

Uruwaa Boodan kaffala xomboree saamtuunana...

Amiiri (Iyyee...) Hanga ammaatti afeerraankee hindhugamne. (Uruwaa humnaan qabaa...)

Uruwaa Mootii ajjeesuun guddaa nama gammachiisa. Wanti ani dachee kanarratti akka mootii
jibbummoo hinjiru.

Raabaab Gadhee waan taateef jibbitaan.

Uruwaa Hamoota, hamaarra caalaniidha isaan immoo. Ta’i utuu jedhaniyyuu ani addunyaa
kanarratti mootii hinta’u.

Umarliqaayis Hujur Mooticha utuu taatee hinhawwitu turtee?

Uruwaa Mootii jufunfula gatii hinbaasne sanamoo? Foon lakka’I jennaan rajijin tokko jedhe
jedhan. Dhugaankoon siin jedha utuun ilma isaa ta’ee nanajeesan ture. (Agiboodhaan...)
dhiifama naaf godhi malee mootichi gaariidha. Ta’us immoo maaliif akka ati isatti of aansuu
barbaaddu hinbeeku.

Umarliqaayis Hoomaa hinjedhu ani na gaanee akka ani ajjeefamuuf ajaja akka
dabarse nibeekta.

Uruwaa Mootii dhugaa soquu adeemu akka keetiitiif abbaa ta'uu hindanda'u. Guyyaa
tokko kan harka isaatii argachuun isaa hinooluu....

Amiiri Ni eegna.

(Tapha isaanii itti fufuu)

Raabaab (Umarliqaayisiif buusaa).... Jaallalleekoo maaliif hindhugduu?

Umarliqaayis na ga'a.

Raabaab Na hinjaallattuuyii gooftaakoo?

Umarliqaayis Sin jaalladha.

Raabaab Harkakoo hindheessinkaa.

(Akka isheen kubbaayyaa qabattee jirtutti harka ishee dhungata.)

Uruwaa (Mormiidhaan utaalee...) Hinta'u...

Raabaab (Waa darbattee)Namicha jufunfulanana maalinni rakkinnikee?

Uruwaa (Waan itti darbatame sana qabee...) Dhungatamuuf kan gittu miti ati.

Boosettii... (waan itti darbatame sana deebisee darbatee...) Dhiifama naaf
godhi mootii....Seera tapha keenyaa cabsitee jirta.

Umarliqaayis Akkam?

Uruwaa Boosattii kana har'a galgala kan dhuunfatu abbaa mirgaati waliin hinjennee?

Raabaab Hinijifattukaa.

Uruwaa Nan injiffadha.

Raabaab (Harka ishee morma Umarliqaayisirra keessee...) Egaan kutadhu...

Galgala har'aa ofiikoo mootichafan kenna. Kan mo'ate isa ta'uu nan beeka.

Mitiiree mootiikoo?

Umarliqaayis Eeyyee Raabaab. Utuun shakkii qabadhee galgala har'aa taphichatti hinseenun ture.

Uruwaa Kun gowwoomsaadha. Ani mootii sobu argee hinbeeku. (Amiiriin) sitti hinfakkaatuu?

Amiiri Hiniyyin taphadhu.

Uruwaa Nan mo'a jettee yaaddayii?

Amiiri Itti fufi ni argina mitii...

Uruwaa Galgala har'aa abbaa mirgaa akkan ta'u shakkii tokkollee hinqabu.

Xomboree boosattii sanas qareen qajeelcha ani.

Raabaab Kan jette kana hinraawwattu taanaan korokodeen mooraa fardeenitti si darbadha.

Uruwaa Injifatamnaan murtii narratti darbu mara fudhachuun heda....

Amiiri Gaarii. Mootichakee argadhe. "checkmate".

Uruwaa Kijiba. Gowwoomsaadha.

Amiiri Sitti himeen jira. Tapha irratti gowwoomsaa hinbeeku.

Uruwaa Dhugaa keeti. Du'ee jira.
(Aree dhaabata.)

Waata¹ Ni injifatama siin hinjennee ani? Ni injifatameem. Kun qaaniidha.

Uruwaa Abbaa mirgaa ta'u dhabuu jechuu miti kun. Mootota lamaan keessaa mo'amuun kan tokkollee, suuf injifannuudha. Michootako, mitiiree?

Raabaab Mo'amuukee amani. Mo'amuu keetiif sababa kan biroo hinbarbaadin.

Uruwaa Haasaa tuuluu dhiisiitii daadhiikkee ajaa'icha nuuf buusi.
(Ni guuttiif. Battala tokkotti dhudha'a).

- Amiiri Hireekee galateeffadhu, Uruwaa. Dachee warra Roomaa utuu ta'ee kan
tapharratti mo'ame ni ajjeefama.
- Uruwaa Warra Roomaa wajjin qililee bu'uu nidandeessa. Ilma Hujur Mootichaa kottu.
- Ati immoo dabaree keetti jufunfula haleeli.
- Umarliqaayis Taphachuu itti fuftamooakkami Amiiri?
- Amiiri Maniinkoo injifannoodha, Umarliqaayis.
- Umarliqaayis (Ka'ee...) Akkas taanaan wal hudhuudha.
- Amiiri Badhaasni kan har'aa adda mitiiree Uruwaa?
- Uruwaa (Raabaabin hammachuuf ka'a....).... Isheef jedhee utuun mada'ee hawwii kooti.
- Raabaab (duubatti dheessaa...) Namiticha samaanana akka na hintuqne.
- Uruwaa Erga ati mirixamtee xomboree keettan marama.
- Keessummeessituu Kashalabbee injifatame waliin eenyutu bula. (nibaati.)
- Uruwaa Samtuu, atis nama taatee...

(faana bu'uuf kallattii isheen irra baate ilaala)
- Amiiri Taphicha hinilaaltuu?
- Uruwaa Hinqaqqabu. Deemeen fardeen fida. (Ni ba'a. Ni kolfu.)
- Raabaab (Amiiriin) Roomaa si'a meeqa deddeebitee daawwatte?
- Amiiri Baay'eedha. Abbaankoo yeroo daldalaaf deddeebi'aa turetti wajjin deemee
argeera.
- Raabaab Manneen dhugaatii niqabani?
- Amiiri Tilmaamuu kandandeessuu olittiyyuu baay'atan. Osoo biyyas
jiraattee shubbistuu beekamtuu taata turte. Maaltu beekas silaa Qeesaarittis
nifiroomta ta'a.

Raabaab Dhugaamoo?

Amiiri Kna isaanii wajjin walbira qabnee yeroo ilaallu jirenyi kan keenya
waan tokkollee hiika hinqabu. Jirenyi isaanii gammachuudhaan kan
guutameedha.

Raabaab (Umarliqaayisiin) Maaliif garas hindeemnuu?

Umarliqaayis Gaaf tokko nideemna, waadaadha.

Raabaab (Gammaddee utaalti...) ... Yaa waaqakoo jaallalleen koo waan
nama gammachiisuudha (cinaa marsitee sirbiti). Jirenya qanani'aa
gammachuudhaan guutame jiraachuun akkam namatti tolaa, akkam nama
gammachiis. Jaallalleekoo garaakoo wanti ani waaqota keenya kadhachaa turee
tokkichi yoo jiraate balbala qananii akka naaf saaqaniidha. Gammachuu jirenyaa
unachuu.... Ee... yaa Rabbiikoo.... An jaalala jirenyaatiin araadhe, harkakoo
keessatti galfadhee utuu nadhii jirenyaa xuuxee akkam natty tolaa! (Uruwaan
aariidhaan seena).

Uruwaa Oontoraa jaarsaa...

Raabaab (Uruwaa tasatti hammatti) Irree kootiin qabadhee nadhii isaa xuuxuu
utuun danda'e akkam natti tolaa!

Uruwaa Maal taate sammuutu si tuqamee?

Raabaab Jirenya jiraachuu Uruwaa.

Uruwaa Samtuu....(Ofirraa dhiibaa) siqi achi narraa... Natti himi... Jaarsa otontoraa
sana eenyutu as ide?

Umarliqaayis Jaarsa kamiin?

Uruwaa Hinbeektuu? Raabiyaadhakaa...Maal ta'a gadameessa haadha isaa keessatti
utuu bishaan ta'ee hafee jiraatee!

Umarliqaayis Dhuguma addana jiraa?

Uruwaa Farda isaa takaaluutti jira. Ani jaarsa kana baay'iseen jibba. As deddeebi'uu hindhaabu taanaan morma isaan cabsa. Jala fiigduu moototaa kanneen akkasaan jibba.

Umarliqaayis Jaarsa garraamiidha hinjibbin.

Uruwaa Lallaba isaa dhaggeeffachuu nuffeen jira. Ammas dhufee xexxeebuu isaa itti fufa taanaan bara barafan afaan isaa qadaada.

(Raabiyaan balbala fuulleetiin seena)

Umarliqaayis Baga nagaan dhufte Raabiyyaa. Seeni malee... Waan dhugamu fidiif.

Raabiyaa (Calleensa gabaabaan booda...)... Hujur Mootichi nidu'an leencakoo.

Umarliqaayis Abbaankoomoo akkamitti?

Raabiyaa Banii asaditu sadoo irratti hojjete.

Umarliqaayis Akkam godhanii, akkamittiyyuu yaalan?

Raabiyaa Akaakayyuukee guddicha Hariit Mooticha akka ajjeesanitti....

Umarliqaayis Hundiyuu, sadoo Manzir Mooticha Hiiraati.

Raabiyyaa Akkasumas Kisiraa Mooticha Faarsii...

Uruwaa (iyyaan) jedheen jira ani. Walitti bu'iinsa mootota doqnaati.

Umarliqaayis Hujur Mootichi ilmi Hariit nidu'e. Waaqoti eegumsa isaa gochuu dhabuu
isaanittiin du'e... Hinhollatiin. Hoomaa miti. Kun akka ta'uuf jaalala waaqota
keenyaati. Dhugaatii nuuf fidii Raabaab.

Raabiyaa (mormiidhaan...) dhiigni abbaa keetii inni dhangala'e utuu hinqorrin
dhugaatii gaafattaa?

Umarliqaayis Dhibee keenya kan dandammachiisu hanga ta'etti rakkina hinqabu. Kan dhugnu hoggayyuu yeroo gaddi nutty dhaga'amuudha. Mitiiree ambayyo?

Uruwaa Jaarsanana maal akka inni godhu barbaadda amma? Kaballaadhaan fuula
isaa quuccisee akka inni mataa isaatti dhukkee firfirsu barbaadda?

Raabiyaa Sitti haasa'utti hinjiru.

Uruwaa Tortoraa! Jaarsa utuu baattee silaa bulleesseen sirra deema.

Raabiyaa Jarreen kunni hiriyoota yeroo gaddaatii mooti?

Umarliqaayis Hingaddin gaddas haa ta'u kan biroo kun haaluma jirenya keenyaati.

Raabiyaa Gaarii... addana dhufuu kootti garuu dogogoreen jira.

(bu'uuf qaxxisaa...)

Umarliqaayis Obbo Raabiya turi. Dhaamoo kaa'e inqabaa?

Raabiyaa Waan si cinqu eega hintaanee maaliif na gaafatta?

Umarliqaayis ilma isaatti hinhimin hafta jedhamtanii akka hincubbamneefan sin gaafadha.

Uruwaa (Raabiyaadhaan) caccabaa! Lallaba keemmo eegaltee?

Raabiyaa Dhaamuun mootii dhiigi isaa nama harkatti dhangala'ee maal sitti fakkaata?

Umarliqaayis Gadoodha. Obbolaankoo akkamitti jiru?

Raabiyaa Isaanis du'a abbaa isaanii hindhageenye. Obboleettiinkee odicha itti himuu deemteetti.

Umarliqaayis Isa ani si gaddisiise obbolaankoo si kisu jedheen abdadha.

Raabiyaa Gadoo abbaa keetii deebisuu hinbarbaaddu jechuudhaa?

Umarliqaayis Deebiikoo nibekta.

Raabiyaa Jirenya haaraa eegalta jedhee abdadheen ture.

Umarliqaayis Dhugaadha. Jirenya kootiif karoora baaseen jira. Akkan baasee jirummoo ni beekta.

- Raabiyaa Dhiigaan warra Kiindaa ta'uukee ganuu hindandeessu.
- Umarliqaayis Eenyumtiyyuu of hinhidhu. Abbaankoo akkan du'uuf na darbate.
- Jibbamanii namoota qomoo isaanii keessaa ala baafaman wajjinin jiraadha akka
agartutti. Bosona malee kan hidhata waliin qabnu waan tokkollee hinjiru.
- Raabiyaa waan ulfina qabeessa ta'e tokko hojjechuuf kun carraakee isa dhumaati.
- Jirenya qullaa hiika hinqabne kana keessaa akka ati baatuuf yeroo baay'ee ifaajaan ture.
- Umarliqaayis Ifaajichi akka gatii hinbaafne nibeektan. Yoo anaatii murtiikoo dhumaati.
- Gumaa Hujur Mootichaa baasuun akka isin eeggatu nan beeka. Garuu immoo
waan danda'an hunda obbolaankoo akka raawwatan nan amana. Waaqayyo
isin Haajajjabeessu jedhaatii hawwii gaarii ani isaaniif qabu itti naaf
himaa. Obboleettiikoos naaf jajjabeessaa. Abbaashee dhugumaan nijaallatti
turte. Guddiftee akka isheen gaddituus nan beeka. Cina ishee dhaabbadhaatii
naaf jajjabeessaanii. Karaa dugda handaaqoo isiniif haata'u obbo
Raabiya... (Nihamatani). Niboossuuyii?... Ijikoo gogaadha. Ija keessan keessaa
imimmaan yeroo akkas dhangala'uakkamin hinaafa isinitti fakkaate... Yoo
danda'an ijakoo keessaa imimmaan akka naa roonsan waaqota naaf kadhadhaa.
(Raabiyaan mataasaa gombisee ba'a).
- Uruwaa Maal xexxeebbiin kun hundi? (Amiirin) si hindinquu?... Atis
sammuudhaan qaari'uuf jettaayii?
- Amiiri Callisi, gurra na hinduuchin.
- Uruwaa of eegi. Aggaammiikee dachaasi. Didnaan immoo boquukeen jal'isa.
- Amiiri Ijakoo duraa sokki amma.
- Raabaab (iyyaa...) lamaan keessaniyyuu ijakoo duraa deemaa... ba'aa!
- Umarliqaayis Turi Amiiri, tapha keenya itti fufnaa.
- Amiiri Gochaankee gaarii miti.

Umarliqaayis Maaliif?.... Animee, Hujur Mootichi utuu hinajjeefamin ajjeefameem.

(nitaa'a).

- Uruwaa Kanaaf duutni mootichaa hoomaayyuu sin gaddisiifne jechuudhaa?
 (Raabaabiin) Agartee? (Burcuqqoo isaa guuttachaa...). Jaarsi sun gumaa abbaa
 keetii akka deebistuuf maaliif si cinqaa?... Ijoollesaa hundarra gadhicha akka taate
 nibeeka mitii? Hundumaafuu tibba gaddisiisaa kanatti walaloo abbaakee faarsu
 utuu qopheessitee natti tola. Kana raawwachuun immoo sitti hinulfaatu.
 (Raabaabiin jaalalleekoo sitti hinfakkaattuu?)
- Raabaab (Aariidhaan) Bosona kana keessatti gadhee fakkeessitee buluu barbaadduudhaa ati.
- Uruwaa Kan ati anatti dhoobdu kana walaloo walaleessi kootii wajjin maaltu walitti fida?
- Raabaab Maaliif afaankee hincufattuu?
- Uruwaa Sirrii dubbatte. (Burcuqqoo isaa guutata. Rafuudhaaf lafa ciisa).
- Raabaab (Aariidhaan burcuqqoosaa dhiitti...)... Namichi tortoraa nan ijakoo duraa
 badi amma. iddummoo fulakee kanan dabaaqula daddeen nyaatte fakkeessa!
- Uruwaa (nika'a...).... Maal taate? Sammuunkee nagaa mitii?
- Raabaab Eeyyee, sammuunkoo nagaa miti, maraadheen jira, ...I...deebii quubsaa argattee?
- Uruwaa (Mataa raasaa...) ... maal akka taate naaf galuu hindandeenye.
- Raabaab Waaqa hinsodaattuu? Atiyyuu maal taatee jirtaa?... bashannanarra
 jirtamoo boo'icha?
- Umarliqaayis Kamiin sitti fakkaata?
- Raabaab Ani hinbeeku na hingaafatin. Bashannanamoo dhuguma gaddatti jirtu?....
 Waan akkasii ana naaf hingalu. Bashannanatti jirtu yoo ta'eef bashannanatti jirra
 jedhaa. Anis isinii wajjinin bashannanaa. Gaddarra jirtu yoo ta'eef immoo gadda
 isinitti dhaga'ame ija keessan keessatti dubbisuun barbaada. Qalbiifi sagalee

keessan keessatti dhaga'uun fedha. Meerre, garaa dhagaa baattanii... naaf deebisakaa...! (Aartee baati).

Uruwaa Dubartiin kun maraachuu isheetii?

Amiiri (Umarliqaayisin) ajjeechaa abbaa keerratti raawwatameef gumaa deebisuu hinbarbaadduu?

Umarliqaayis Maal haata'uuf?

Amiiri Falmuu hindandeessu. Waa'een gumaa deebisuu wal nama hingaafachiisu.

Umarliqaayis Bakkakoo taatee utuu jiraattee silaa ati itti gaafatamicha nifudhatta turtee?

Amiiri Kan dhiigaan antti aanu dhiisiitii namuma akkasummatti beekuufillee anni haaloon ba'a.

Umarliqaayis Kanas taanaan maal eegdaree?

Amiiri Gumaa yoo deebifte wanta dhuma addunya ta'u sitti fakkaateyii?

Umarliqaayis (Nika'a...) ... Egaa hinfalmin gaarii miti

Amiiri Waan qalbiinkee fudhattee garaa keessa jiru gumaan deebi'uufi qaba jettuuf gumaa deebifta.

Umarliqaayis Gumaan waan hunda miti obboleessakoo. Silaa utuu ta'ee Banii Asaad abbaakoo utuu hinajjeesinin ajjeesee gadoo deebisa ture.

Amiir Kana kan dubbate Walaleessichaa?

Umarliqaayis Walaloon ana keessatti erga du'ee bara dheeraa natty fakkaata.

Amiir Dhuugaakoon siin jedhaam abbaakoo kan ajjeese bofallee utuu ta'ee, boofaafi munyuuqaallee utuu ta'ee lafarraa hangan balleessutti nan du'allee malee hindhiisu.

(Urwaan niseena.)

Urwaan Xomboreen sun boo'uutti jirti.

Umarliqaayis Dhugaa keetii?

(Raabaab ni seenti.)

Raabaab Namichi rakkataan kun maal jedhaa?

Umarliqaayis Homaayyuu, jaalalleekoo...

Raabaab Ajjeechaa abbaakoorratti raawwatamen yaadadhe... kanuma.

Urwaa Dhugaamoo? Waa'ee isaa amma maaltu siyaadachiise? Abbaakee xannachicha, Hujur Mooticha wajjin walmadaalsisuu barbaaddaayii?

Raabaaab (wa'I itti darbatti) Abbaankoo sicaalaa kan jaallatamu ture. Samaa, xiraa'aa

Urwaaw Ta'uu danda'a. Abbootiin keenya erga nudhalchanii booda garuu gadhoota ta'an.

Umaliqaayis Kottu Rabaaba (harka ishee qabataa) waa'een bor gara Roomaa deemuu akkam ta'e?

Raabaab (dinqamtee) Garaakee irraayii?

Umarliqaayis Eeyyee...

Raabaab Tanaan egaa, mana dhugaatii kana gurgurree haa deemnu.

Umarliaayis Qophaa'i.

Urwaa (karaa foddaa ilaala) Agartaa?... Jaarsi otontoraan Raabiyyaa jedhamu sun immoo deebi'ee dhufuutti jira. (ni ilaalu)... Yaa Rabbi hamaamota maaliitu wajjin jira?

Amiir Shamarreen tokko isa waliin jirti. Obboleettiikee Hindii natty fakkaatti
ilmootii kashalabbee! Dhala keeti natty fakkaata, meeshaalee gatii jajjaboo
qaban namootni duuka hiriiranii fiduutti jiru. Baga Gammadne hundumti
keenya! Atimootii arjaa waan taateef waan as dhufuutti jiru keessaa muraasa

akka nuuf kennitu beekamaadha. (Raabaabiin) sitti hinfakkaatuu? Intala maal taate? Qabeenya asqajeeluutti sana hinjaalannee?

Umarliqaayis (Raabaabiin) maal taate raabaab?

Raabaaab Homaayyuu...

Umarliqaayis Na'aman jaalalleekoo. Jarreen kunniin maaliif akka isaan dhufan eega mirkaneeffannee booda nideemna giiftiiko.

Hindi Obboleesso...!

Umarliqaayis Hindi, akkam jirta?

Hindi Akkam jirta Umarliqaayis? Waggoota hamma kana addaan baanee...

Umarliqaayis Akkan du'uuf ana irratti murteeffamee ture Hindi.

Hindi Akka ati ajjeefamtuuf abbaan keenya sirratti murteessuusaa yeroon
dhaga'e akkan itti boo'e siif ibsuu hin danda'u (akka boo'uu taat)...

Umarliqaayis Obsi. Du'atti harka kennuuf baay' ee dadhabaan ture. Seeni Raabiyyaa.

Raabiyaa Na ofkolchi mootiikoo. Meeshaa keenya hiiknee nuti
keessummoonnikee akka buufannuuf nuu heeyyamtaa?

Umarliqaayis Maal rakkoo qaba... Raabaab keessummoota hundaaf iddoon haa qophaa'u.

(Raabiyaan sossodaachaa ba'a)

Uruwaa Deemeen meeshaa hiikuu isaan gargaara mootii.

(Itti fakkeessuuf gadi jedhee ba'a)

Umarliqaayis Taa'I malee... (Ofii taa'ee). Maaliif hinteessu Amiiri?

- Amiiri Dhiifama naaf godhaa. Dhimma maatii waan ta'eef qofatti isin dhiiseen ba'a mootii.
- Umarliqaayis Akka ati na wajjin taatun barbaadaa taa'i. (Raabiyaadhaan) maalinni ati baattu kun? Sababa tokko malee keessummummaa kan dhufte natti hinfakkaatu (Hindiin). Haala jirenya keenya kan addanaa waan quba qabdu natty fakkaata. Kanaaf haasaankoo quqaa kan qabu ta'ee yoo sitti mul'ateef dhiifama naaf godhi.
- Hindii Rakkoo hinqabu. (suuta itti gargaltee Raabiyaadhaan) itti himi.
- Raabiyyaa Mootii ilaalmee... qubeelaa kana nibeektaa?
- Umarliqaayis (Gaggaragalchaa ilaala...) qubeelaa Hujur Mootichaati.
- Raabiyyaa Dhugaadha. Tibba raawwataa, wayita du'uuf dhiigi isaan keessaa akka bishaanii dhangala'aa jirutti, qubeelaa kana baasanii dhaamoo isaanii akkan himuuf waadaa na seensisan. Qubeelaan kun ilmakoo gooticha wayita du'akoo dhaga'e hinrom'ineef haakennamu, gumaakoo deebisuunis itti gaafatamummaa isaa haata'u.
- Umarliqaayis Kanaaf obbolaankoo kaan maal godhaniree?
- Raabiyyaa Obboleettiinkee wayita odicha gurra isaaniitiin geesse, akka waan guyyaan dhumaa addunyaaa kana qaqqabee iyyaafi bo'ichaan dachee jeeqan.
- Umarliqaayis Kanaaf...?
- Raabiyyaa Qubeelichi kankeeti....
- Umarliqaayis Deebitee kan dhufte kanafii?
- Raabiyyaa Wanti obboleettiikkee as fide kanuma. Utuun kara biyyaatti deebi'aa jiruun ishee arge.
- Umarliqaayis Deebiikoo nibeekta.

Raabiyaa Dhaamsichi kan hojjetu siifi. Nuti filannoo kan biraan hinqabnu. Du'a abbaa keetiitti kan hin naane si qofadha.

Umarliqaayis Sababa isaa nibeekta.

Raabiyaa Amma itti gaafatamummaatu sirra jira. Giiftiin qabeenya abbaa keetii hunda siif fiddee jirti. Hundi kan keeti.

Umarliqaayis Joormaan kun hundi maaliif?

Raabiyaa Abboomii waaqotaati.

Hindii Umarliqaayis, gadoon abbaa keenyaa ba'uu qaba. Gumaa isaa deebisuun qabda. Callistee akka dhiistuu siif hineyyamu. Dhaamoo abbaa keenyaa raawwachuu imimmaankoo gumaa isaa abdiin jiru si qofa. Ajjeefamuu isaa yeroon dhaga'utti utuun dhangalaasuu baadhee silaa qubeelicha ofii kootii fudhadheen deebisan ture.

Umarliqaayis Gadoos ta'u gumaan deebisuun anaaf hoomaa miti. Shokorkoti kun waan sammuu jijiiru yoo sitti fakkaate dogogortanii jirtu. (Umarliqaayis qubeelicha qilleensa irratti darbata. Utuu qubeelichi lafa hindha'in Hindi qilleensarratti qabdi.)

Hindi Akkas miti obboleessakoo. Dhaamoo abbaa keenyaa cinaatti dhiibuu hindandeessu. Si ilaallata. Dhaamsichi hiree keeti obboleesso.

Umarliqaayis waan maayii hinbaafneef buxuxula natty hindubbatin. Dhaamoo, gadoo, gumaan dhaalaafi gonfoon abbaan kee boqoteef, anaaf waan godhan tokkollee hinqaban.

Hindii Akkam Umarliqaayis? Dhaalaan qabeenya abbaa keenyaa si'i. jaallattus jibbitus gadoo yookaan gumaa abbaa keenyaa deebisuun dirqama keeti.

Umarliqaayis Na caqasi, addunyaa kan keessan keessas ta'e kan abbaa keetii keessa akkan hinjirre nibeekta. Ani jireenyikoo Waatota dedeemtuufi ala galtoota wajjin ta'ee jira. Kallattii jirenya ani filadhe abbaankoo takkaayyuu hineebbfifne. Akka

- inni kankoo dide anis kan isaatti hinciifne. Ilma abbaan isaa akka ajjeefamuuf
 murtii irratti dabarserraal maal eegda? Maal akkan godhu barbaadda?
- Hindii Yaa Rabbiikoo, dhaamoo abbaa keenyaa eenyutu raawwataree?
- Raabiyaa Obboleessa keessan Umarliqaayisin alatti eenyullee raawwachuu hindanda'u.
- Umarliqaayis Hinifaajinaa tokkollee wanti isin anarraa argattan hinjirtu.
- Hindii Gadoo abbaa keetii deebisuu hinbarbaaddu yoo ta'ellee anaaf jedhitii gadoo
 kana ba'i.
- Umarliqaayis Gadoon dhibee keenya hinfayyisu.
- Raabiyaa Beenyaan gadda keessanii gadoo ba'uu qofadha gooftaakoo.
- Umarliqaayis Inni daandiikoo miti.
- Raabiyaa Kan hawwinu hoggayyuu argachuu keenya nan shakka.
- Umarliqaayis Atiyyuu fala dha'uufii nidandeessa turte.
- Raabiyaa Na amani. Dhaamoon abbaa keetii obbolaakee keessaa nama
 tokkoon raawwatama jedheen abdadhan ture. Garuu akka abaarsaa morma
 keerratti rarra'een arge.
- Umarliqaayis (Amiiriin...) ... akka waan dhimmichi dhumatetti dubbatu agartee?
- Amiiri Waan isaan dubbataniif jette gurra hinkennin ati. Yaada keerratti rincici.
- Umarliqaayis Ati yaadikee maali?
- Amiiri Nibeekta. (Uruwaafi Raabaab niseenu)
- Uruwaa Gooftaakoo... (Raabiyaaf gadi jedhaa)... gadi jedhi malee haadhoo...
 (suuta gadi jetti)... Qabeenya gati qabeeyyii masaraa keenya keessa buufnee
 jirra. Jechuunkoo mana dhugaatii keenya bareedduu kana keessa....
- Umarliqaayis (Uruwaadhaan) waa'ee gadoo Hujur Mootichaa deebisuu maal jetta?

Uruwaa I... maal jettaa?... Utuun danda'ee mootota hundarratti gadoo koon ba'a. cuafaafuu du'atu ta'a. dhiifama naaf godhi mooti (Ni ugguma).

Hindii Gadoo abbaa keetii nideebi ftamoo hindeebiftu?

Uruwaa Tarii nan deebisaa, hindeebisus ta'a. duuti gatii isaa yoo ta'e sababnia ni ifaajuuf hinjiru. Haata'u malee haalli amma nu quunname immoo adda.
(Raabaab ija hamaadhaan mil'attee isa ilaalti. Ba'uuf kaati; niqabaan).

Umarliqaayis Kottu jaalalleekoo. (Irraa gargaltee dhaabbatti)

Uruwaa Jilbeeffadhu haadhoo mootiidhaam. (Garagaltee kabaltiin). Galatoomi giiftii.
(Ni ugguma).

Raabaab (Aariidhaan) maal barbaaddu, asii maal hojjettu? Kun iddo kooti. Tokkoo keessaniyyuu hinbarbaaduu asii deemaa. Isiin galee?

Umarliqaayis (Gara isheetti adeemaa....)... suuta, obsi jaallalleekoo.

Raabaab Maal barbaadda? Waan ta'uutti jiru garuu hubattaa? Si ajjeesuuf sitti gamuumu. Atis akkuma isaanii waan taateef feetu wajjin deemi. Anaan garuu na dhiisi. Ani har'uman deebi'ee deema.

Umarliqaayis si wajjinin deema.

Raabaab Narraa siqi, na hingowwonsin Umarliqaayis.

Umarliqaayis Si gowwoomsuutti hinjiru Raabaab.

Raabaab Miti, miti. Akkuma of gowwoomsuutti jirtu anaanis gowwoomsuutti jirta. Gadoon abbaa keetii si faana jira. Waan ta'eef karaa miliqxu hinqabdu.

Umarliqaayis Gumaa deebiduun akka hinjirre beeksisuun barbaada firoottankoo!

Waa'een gadoo Hujur Mootichaa tasa kan na hinilaallanne ta'uu ibsuun barbaada. Lafa kana abbaa handhuuraatiif dhiisaatii golee keessanitti dachaa'aa.
Hujur ilma asii hinqabu. Gonkumaa!

Hindii Akkas miti obboleessaa, maaliif galata maleessa taata? Dhiigni abbaa keenyaa bilaashatti lola'ee hinhafu. Dhaamoo abbaa keenyaarrraa fuulakee akka garagalfattu siif hineyyamnu Umarliqaayis. Qubeelaa kana fudhu. Dhaamoo abbaakee nama harkatti galaafatamanii hindagatin.

Gadoo isaa ba'i. Gumaa deebisi. Aangoo keenya akka deebiftu yookaan gonfoo mootummaa mataarra akka kaawwattu si gaafachuutti hinjirru. Dhiigni isaa dhangala'ee cobaa dhiiga isaa isa dhumaarratti sagalee isa dhuma inni sii dhaame galmaan ga'iif. Tibba waqaarraa dukkana limixii keessaatti gadi jijiganii yegguu dacheen sochootu argita turte. Du'aam obboleessakoo. Takkaa du'a argitee beektaa? Ani du'a ija jaarsa kanaa keessattan arge.

Raabaab Dhaabi giiftii. Du'I ammam sodaachisaa akka ta'e ofii keetii argitee jirta.

Garuu obboleessa keemmoor itti dhiibda.

Hindii Siif sii hingalu.

Raabaab Silaa maal akka naaf galu barbaadda? Abbaan koos ajjeechaa isarratti raawwatameen lafarraa godaane. Garuu immoo isaan wal qabatee jaalalleenkoo akka badu hinbarbaadu. Jirenya isaa akka jiraatun fedha.

Umarliqaayis (Raabaabin). Kottu. Haadeemnu.

Hindii (Karaa itti cufti). Hindeemu.

Umarliqaayis Nadhiisi. Ani si waliin hidhata hinqabu.

Hindii Ati Umarliqaayis malee eenyuyyuu miti. Dhaamoo eebbifamaa abbaa kootiiti. Natti qabi qubeelaa isaa quba keettin kaa'aa. (Qubeelicha itti kaa'uu yaaliti. Wal'aansoo ittiin qabdus nidida).

Umarliqaayis Hindi narraa siqi. Didnaan qubeelicha faanakoo jalattan hunkuteessa.

Hindii I....I....Qubeelaa abbaa keetii isa kabajamaa faanakoo jalattan hunkuteessa jettaa? Abaaramaa! Akkamitti akkas jetta? Garaakoo booreessite Umarliqaayis! Ati

mucaa	Hujur Mootichaa mitii?... Yaa waaqi ammuma kana utuu na ajjeeftee maal
ta'a?	Gidiraa narratti fe'ame hunda baachuu hindanda'u. Du'a abbaa kootii ergan
argee	asitti jireenyikoo na keessaa dhumeesi jira. Gumaa abbaa kootii kan
deebi'u	ta'uusaa utuun abdii hinargatin jirenya akkamiin jiraadhaa? Isin warri
waa	beekna jettan natti himaamee... Maal falli isaa? (Ni boossi).

Amiiri (Umarliqaayisiin...) gadoo abbaa keetii kana ba'i.

Umarliqaayis Hinba'u!

Amiiri (Goraadee isaa baasee) Egaan goraadeen keenya haamurteessu.

Umarliqaayis Maal jechuu keeti?

Amiiri Yoon si ajjeese anatu gumucha deebisa. Yoo na ajjeeste immoo akka
fedhakee goota.

Umarliqaayis (Goraadee isaa baasa...) Gaarii, amma argattee jirta.

Raabaaab Umarliqaayis hinta'u. Waliin hinmorkattan.

Umarliqaayis Na amani. Si hinqaanessu.

Raabaab (Lamaan isaanii gidduu dhaabatti...)... hinta'u waliin hinmorkattan. Yoo wal morkuu barbaaddu ta'e dura na ajjeesaa.

Umarliqaayis Ba'i gidduu keenyaa.

Raabaaab Hinba'u.

Umarliqaayis Ba'I siin jedheen jiraa ba'i. (Cinaatti darbata. Morkii isaanii eegalu.
Raabaab miilla isaarratti kuftee boossi.)

Raabaab (Kadhachaa...)... Umarliqaayis dhiisi. Amiiri atis, jirenyaa nan jaalladha. Dhiigaafi du'a immoo nan jibba. Umrii gabaabduu kana keessatti mi'aa jirenyaa dhandhamatanii fixuun hindanda'amu. Yaa hireekoo, boo'icha garaa kootii kan hubatu tokkollee hinjiru. Lubbuu jiraachuu barbaaddu kanaafis ilaalcha kan kennu hinargamne. Hundi keessaniyyuu na

biraa deemaa. Jireenyakoo kallattii ofii barbaaddanirra hinofinaa'aa. Narraa
deemaa. Yerosin qabbana argadhaa. Gooftaakoo, ati na biraa hindeemin.
Waaqayyokoo na hingatin maaloo...(ni boossi).

Amiiri Kottu ala baanee haamorkinuu.

Raabiyaa Obsaa yaada kan biraan qaba. Maaliif adibaarii keenya hingafannu?

Umarliqaayis Amantii barri itti darbetti deebitee?

Raabiyaa Amantii barri itti darbe xixinnoon kun nama hinmiitu. Rakkoo keenyaaf
furmaata itti argachuu nidandeenya jedheen yaada. (dukkanaa'a).

Mul'ata 3

(Bosona keessa dhadaa bira taa'u)

Hindii (Amiiriin) Raabiyaan hanga ammaatti maaliif ture?

Amiiri Obsi, giifti...obboleessikee jaallatus jibus gumaa abbaa keetii nideebisa.

Hindii Garaakee irraayii?

Amiiri Si hinqaabessu, na amani.

Hindii Amma dhuguma qabata keenyatti amantee jirtaa?

Amiiri Isallee hinbeeku.

Hindii Yeroo ilaaltu obboleessikoo akkami?

Amiiri Walaleessaadha, kanuma. Abjuufi jirenyaa isaa keessaan addunyaa kan ilaala.

Hindii Abbaa isaa mooticha maaliif akka jibbe nibeektaa?

Amiiri Kan isa jibbe abbaa isaati.

Hindii Maaliif sitti fakkaata?

Amiiri Ilmi isaanii kan isaan jibbe itti fakkaate. Hujur Mootichis jirenya isaanii keessaan addunyaa kana ilaala turan. Ilaalchi kun dadhabina isaanii ture.

Dadhabina isaanii kanatu walitti bu'iinsa uume.

Hindii Tibba tokkotti garuu ilmaan isaanii hundarra ilmi inni quxusuu jabaa akka ta'e abbaan keenya natti dubbatee ture.

Amiiri Dhugaa kan dubbatan sitti fakkaataa?

Hindii Abbaakoo nan amana.

Amiiri Abbaankee gantuudha. Amanuun ni ulfaata.

Hindii Aangoo isaatiif kabaja olaanaa kenna ture.

Amiiri Hunduu garuu yeroo gabaabaa keessatti manca'ee jira.

Hindii Yeroosin aangoo dhabes. Sagalee isa dhumaatu deebisee na tolche. Abdiin naaf hafe gadoodha jedheen yaade. Of ajjeesufin ture. Garuu irreekoo diriirsee summii sabbatakoo irraa hiikuuf wayitan aggaammadhutti qubeelaa abbaakoon yaadadhe.

Amiir Kanaafuu gumaa abbaakeetii deebisuutti bobbaate?

Hindii Eeyyee , lubbuu egaree kan tursu isa.(Raabiyaan balbala wiirtuutiin seena)

Raabiyaan deebiin waqota keenyaa maali?

Raabiyaan Kaallittiin keenya deebisanii gaafachuutti jirti. Yeroo gababaa kessatti maal akka isaan jedhan nutty beeksifti.

Hindii Gaaffii keenyaaf deebii quubsaa ni kenu mitii?

Raabiyaan Shakkii tokko malee. Gadoo ba'uun seera waqota keenyaati.

(Umarliqaayis tasa seena. Xinnoo akka dhaabbachuu ta'ee hunda isaanii ilaala.Hindii bira gahee dhaabata. Urwaafi rabaabaan walfaana seenu. Callisa.)

Hindi (Sodaachaa...) Obboleessaa maal taate? Hindeemin.

Umarliqaayis Qubeelaan abbaa keetii meerre?

Hindi (arganaa...) Yaa waaqakoo! Gumaa deebisuuf murteessitee Obbo? (Amiir) wanti ani eegaa ture kanuma. Gumaa abbaa keetiirraa qaaritee mataa keenya akka gombifnu nun taasiftu mitii? Qubeelaan abbaa keetii kunooti. Qubeelaa gadoo(Qubeelicha nibarbaaddi garuu hin argattu.) Yaa rabiikoo meerre qubeelichi? (Raabiyaadhaan) Meerrequbeelichi? (Meeshaa jiru hunda garagalchitee sakattaati...).

Raabiya Si harka ture giiftii...

Hindi (Hollachaa...)... Nan gate jechuudha. Nan dhiisinaa na abaaraa! Qubeelaa abbaa kootiin gate. Maal ta'a qilee gadi fagootti osoon darbatamee... Maaramuun naaf hinta'u. Ibiddi bara baraa ana irratti haboba'u. Ani cubbamtuudha!... Ani...

Umarliqaayis Callisi obboleettii. Qubeelaan abbaa keetii kunooti.(barruu isaa banee agarsiisaa.)

Hindii (Amanuu dhabaan)...I... dhuguma qubeelaa abbaa kootiitii? Waaqayyoo, galanni siif haa ta'u. Arsaa takkaallee sanyii arbootaatiin hin kennamne kenuufin waadaa seena.(qubeelicha dhungatti.)

Umarliqaayis bulleessee Akka carraan mooraa keessattii arge. Unkutessee daaraa gochuuf garuu dhukeetti makuuf yaadeen ture. Jaalalli ati qubeelaa kanaaf qabdu qalbiikoo nahidhe.

Hindi Kun qubeelaa adibaarota keenyaati obboleessaa.

Umarliqaayis Hoodhu. Fudhu.

Hindi (Sodaadhaan duubatti dheessiti.) Hintu'u.

Umarliqaayis (Gaddaan) Obsi obboleettii.

Hindi (Kadhachaanii) mucaa mooticha ajjeefamanii, Obboleessoo, waaqoota keenyaan falmuu kan danda'u Simalee hinjiru. Gadoo deebisuu kan danda'us simslee hnijiru.

Umarliqaayis Hata'u Hunda nan raawwadha.

Hindi Isin waaqotanana... obboleessikoo isiiniin falmuuf qophaa'ee jira. Isin qoruuf kutee jira. Ilililliilii (Qubeelicha quba isaarratti keeyyata. Fuullee jaamaatti quba isaa olkaasa.)

(Golgaan ni bu'a).

Mul'ata 4

(wayyaa loltuu uffatanii Waatota waraanaaf qophaa'an)

Waatota Waloon keenya walaloo isa cina kaa'ee jira, eeboo isaa mirmirsaa gaachana
isaas uffatee gadoo waamicha baraayyuu itti aggaamatee waloo keenya
mee haagaafannu. Gaachana mootummaa uffatee jirtu irraan, onnee
waloo keetiimmoo jalaan gootee dhugaan nhiriirtaa? Yoo akkas gidiraan si
mudattu, daandiikee irratti milkii gadheen si quunnamtu garuu immoo
qorumsichi kalaa'uutti jira. Eenyu akka turte, maal akka taateefi maal akka
ta'uuf deemtu nihubanna. Addunyaa abaaramtuu kanarraa dhugaa soqta,
gaachanaafi saanjaas niqabda, garuu immooo abju'ataa, abjuu namayyuu uffattee
jirtu fakkaatta. Eeboo mootii utuu hinta'in booree walootiin waraanaatti kan
bobbaatu ta'uu keetu qorumsakee hammeessa.

Uruwaa (gaggaragalee dinkaana ilaala...) dinqidha. Dhugaattiyuu dinkaana
mootii fakkaatee jira. Mootota saamtuu! Ati hambaa isaanii nyaatta. Isaan
immoo akkas qanani'anii jiraachuu qabuu?

Raabaab Narraa deemi.

- Uruwaa Na ari'uufii? Jeneraalota Umarliqaayis mooticha keessaa ani isa tokko
dubartii raatuunana. Wantoota bosonaa Baataaaliyonii tokko waraanaaf
qopheesseen jira.
- Raabaab Hojii mataa keetii malee dhimma namaa keessa hingalin.
- Uruwaa Inni haata'u. Garuu, waanan sitti himu utuu dhageessee gaariidha.
Namichikee haalli isaa jijiiramee jira.
- Raabaab Narraa deemin siin jedheem.
- Uruwaa Dhugaatiifi dubartii lagatee qalbii isaa gadoo abbaa isaatii deebisuutti kan
qabame ta'uusaa labsee jira. Gonfoo gurraacha inni kaawwatu argitee
jirtaa?...Gonfoo gumaati. Hiikni isaa sii galee?
- Raabaab maal jechuu ta'a laata?
- Uruwaa Hoomaayyuu. Baay'iseen siif gadda.
- Raabaab Galatoomi. Garuu akka ati naaf gadditun hinbarbaadu.
- Uruwaa Ani garuu sin barbaada jaalalleekoo.
- Raabaab Egaan na caqasi. Ani dhiiraafi dhugaatii dhiiseen jira.
- Uruwaa Hindandeessu jaalalle. Jireenyi nuti jiraannus nijaallatta. (calleensa).
Dhuguma nijaallattaanii?
- Raabaab Baay'iseen jaalladhaan.
- Uruwaa Onneen isaa duwwaa akka ta'e immoo nibektaa?
- Raabaab Ani garuu nan jaalladhaan.
- Uruwaa Gumaan deebisuun qaba jedhee erga murteessen asitti nama kan biraan ta'ee jira.
- Raabaab Nan jaalladhaan. (Irratti or darbattee boossi). Nan jaalladhaan ammas.

- Uruwaa Dubartii gowwaanana waan gochuu jirtutti qalbifadhu. Jirenya jiraachuutti jirtu ilaali. Jirenya abaarsaati.
- Raabaab Wanta ini hinbarbaanne keessa akka inni seenu kan taasise isini.
- Uruwaa Sitti hinfakkaatin. Bartee, bara itti darbe faana kan dha'u isa. Akka waan du'a isa oolchuu gumaa deebisuuf kaata.
- Raabaab Utuu irraa fagaattanii inni isin hordofuu hinfedhu. Yaa waaqakoo dubartiin sun immoo utuu irraa fagaattee hawwiikoo ture.
- Uruwaa Hindiin jechuu keetii?
- Raabaab Dhiigni abbaa keenyaa deebi'uu qaba jettee waan rincicceef isheef jedhee kana hunda ifaajuutti jira. (Hindi niseenti).
- Uruwaa Dhiifama naaf godhi giifti...(uggumee nagaa dhiheessa. Ba'uuf qajeela.
- Raabaab faana buuti).
- Hindii Raabaab altokko si haasofsiisuun barbaada. (Raabaab nidhaabbatti. Dugdi ishee Hindirraa akka galagaletti jira).
- Raabaab Maal na haasofsiisuu barbaadda?
- Hindii Raabaab maaliif najibbitaa?
- Raabaab Sijibbuu qofaa miti. Utuun si ajjeesellee natti tola.
- Hindii Maaliif? Dhiigni abbaa keetii nama harkatti akka dhangala'e natti himtee jirta. Gumaa dhiiga isaanii dhangala'ee deebisuuhinbarbaadduu?
- Raabaab Aangoon ani mulqame lafti anarraa fudhatames hoo hinjiruu maaliifan cinqamaa?
- Hindii Aangoofi abbummaan barcumaa anaaf hoomaa miti. Gumaan abbaa kootii garuu akka deebi'un barbaada.
- Raabaab Abbaankoo tiksee hiyyeessa ture. Lafa dheedichaaf jedhanii wayita wal lolanitti tiksee hiyyeeyyiin akka isaa isa ajjeesan. Eenyurratti gadoo ba'uree?

Hindii Tikseewwan sanarratti halo ba'uu hinbarbaannee?

Raabaab Namoota akka abbaakoo hiyyeeyyii ta'anirratti akkamittan haloo ba'a? ati kabaja keessaniif dhiphatta. Dhaalaafi qabeenya si fuullee jiru ilaalta. Nuti garuu kabaja, dhaalas ta'e qabeenyaa hawwinu hinqabnu. Abbaankoo mootii hinturre. Marga keewwata tokko akkasumas bishaan konyee hinguunneef jedhee tiksee hiyyeeyyii akkasaatii waliin wal lolee Bara baraaf boqotee jira. Gumaan isaa kan deebisuuf tokkollee hinjiru. dhiigaa kanneenakka isaa hiyyeeyyii ta'anirraan fudhadhamoo, mootii akka abbaa keetii warra hiyyummaafi jirenya gadadootti isaan darbatan Na dhiisi giiftii. Addunya keenya hintaane, addunyaa nuuf keessummaa akka jiraannuuf nu hindhiibin. Abjuudhuma keenya abjo'ataa mee dhuma keenya xinnittii keessa haa deddeebinu... Isin mootonni dhaloota jirenya keenya faduula ta'e kanatti maaliif hinaaftuu? Cubbuu addunyaa isa dhiigaan laaqame narratti fe'uu maaliif kajeeltu? Akkaataa jirenya keenyaa n'uu kan nuti didnu falaasama jirenya isa kan keessanii cina hiriirrimmoo nu dirqisiisuu feetu. Kun gaariidhaa giiftii?

(nibaati)

Hindii (Amiiri niseena). Amiiri eessa turte?

Amiiri Umarliqaayis wajjin abbootii fardaa Kiindaadhaa dhufan qorachaa yookaan sakatta'aa.

Hindii Natti himi Amiiri nuti sirriidhaa?

Amiiri Maal jechuu keetii?

Hindii Gumaan abbaa kootii deebisuun mirgakoo mitii?

Amiiri Eeyyee mirga keeti.

Hindii Sababnikoo hunda keessaniif ifa akka ta'u hawwii kootii. Dhiigi abbaa kootii
nama harkatti dhangala'e du'a isaa ajjeechaadhaan haaloo ba'uu qabna.
Gaaffiinkoofi hawwiinkoo kanuma. Ijoota isaa babaasee haloo

dhiigaasaa akka baanuuf abbaan
deebisnuuf gaafachuuun mirgasaa keenya wayita nu gaafatun arga. Gumaa isaa akka
miti jettaaree?

Amiiri Mirga isaati.

Hindii Waaqotni keenya gaaffii keenya fudhachuu maaliif mamaniree? Atis sanuma. Kaka'umsa hinqabdu. Garuu immoo nu faaana deemta. Dhugaan jedha. Yaadni keessan maal akka ta'e naaf hingalle.

Amiiri Obsi giifti gumaa abbaa keetii yeroon itti baanu fagoo hinta'u. (Umarliqaayis uffataafi meeshaa waraanaa uffatee seena. Raabiyaan faana jira).

Umarliqaayis Maal barbaadu?

Raabiyaa Mootii waan isan jedhan mee haa dhageenyu...

Umarliqaayis Maaliif?

Hindii Eenyu isaan?

Raabiyaa Jila Banii Asaad bira ergamaniidha giifti.

Hindii Galaafattoota lubbuu abbaa kootii...Maal gochuu dhufanii?

Umarliqaayis (Raabiyaadhaan). Miilla dhufaniin akka ofirra garagalan itti himi. Gumaarраа kan hafe wanti nuti wal barbaannuuf hinjiru.

Raabiyaa Utuu isin hinarginiin isaan geggeessaa mootii?

Hindii Maaliif isaan argaan? Gatiin isaanii du'a.

Raabiyaa (Amiiriin) siin maal sitti fakkaata?

Amiiri Waan isaan jedhan dhaga'uun rakkoo kan qabu natty hinfakkaatu.

Umarliqaayis Maal ta'uu qaba jettanii yaaddu amma isin? Waan ta'ee dhumaterratti
akka mari'annu yookaan akka irratti dubbannu...

Raabiyaa Isin isaan dhaggeeffachuu fedhuu baattanillee, mee isaan isin haadhaga'an mootii.

Umarliqaayis Dansa...Seenaa jedhiin

Raabiyaa Tole mootii.

Umarliqaayis Ammaa ammaa mootii jechuu dhaabi.

Raabiyaa Dhiifama naaf godhi gooftaakoo.

(niba'a)

Hindii Haaseenan. Qaqqaliitii foon isaanii addaan kukkuti.

Umarliqaayis Obsa godhadhu. Daandii hinjalqabne.

Hindii Naaf eeyyamiitii ani haajalqabu obboleessakoo...Ofii kootii gogorra'ee dhiigi
isaanii yoo lola'u haa ilaaluu. Ilkaan kootiinin garaacha isaanii gadi jigsa. Foon
isaanii cicciree allaattiifi bineeyyi bosonaatiif muka meexxi fuulle jirurrattin
fannisa. Yaa waaqotaa madaankoo naa fayyee xanneenkoo naaf guutaa laata!

Obboleessakoo ilma Hujur guddichaa mee qubeelcha qubakee irratti haa argu.
(Harka isaa qabdee dhungatti)... Wayita itti dubbattu jibbisiistota kanneenitti
qubeelicha itti agarsiisi. Humnaaf suuraakee cufaan Hujur guddicha matuma isaa
ta'e.

Umarliqaayis Nan ta'a obboleettii.

Hindii Kan si harka jirus gaachanaafi goraadee abbaa keetiiti. (Gaachanaafi
goraadicha qabatti. Boo'aa dhungatti).

Umarliqaayis Eeyyee hundiyuu kan abbaa keetii turan.

Hindii Sagaleen keesiim. Yaa Rabbi... Kanan dhaggeeffachaatti jiru Hujur Mooticha
mataa isaati. Hujur hinduune. Abbaankoo lubbuun jira Amiiri. Waan raajii!
(Raabiyaa jila Banii Asaad of faana buusee seena).

Raabiyaa Jila Banii Asaadirraa dhufan gooftaakoo...

Jila Mooticha guddaa Umarliqaayisiif nagaan haata'u. (Hundumtuu ugumanii dubbisu)

Hindii (Fuulduratti qajeelaa...). Kanneen dheebotan bira nagaan hinjiru.

Raabiyaa (Niqabaan). Obboleessikee mootichi akka dubbatuuf carraa kenniif giifti.

Umarliqaayis Warri Banii Asaad maaliif jila ergatan?

Jila Akka isin gumaa deebisuu barbaaddan dhageenyе mootii.

Umarliqaayis Eeyyee gumaa ba'uun murtii kooti.

Jila Mootii gumaa nu gidduu jiruuf gatii baasuuf yaannee dhufne.

Umarliqaayis Lubbuu itti deebistumoo?

Jila Dogogora hamaa wal'aalummaadhaan hojjetameedha mootii gudda.

Umarliqaayis Dhiiga mootichaaf gatii baasuu kan dandeessa isiniti fakkaataa?

Jila Kenna gosa sadii finnee jirra mootii.

Umarliqaayis Kennaan keessan kun lubbuu Hujur Mootichaas itti dabaluus nidabalataa.

Jila Maaruun keessan aarii keessanirra ulfina qaba mootii. Gatii gumaa fidnee
ulfina keessan waliinis kan deemuudha.

Umarliqaayis Gatii inni tokkoffaan?

Jila Nama kabajamaafi warra Banii Asaad biratti beekamaa ta'e gumaa keenyaaf
nigita jetten fidna.

Umarliqaayis Lammaffaa?

Jila Beenyaa maallaqaa, gaalaafi horii hanga isin nu gaafattan nibaafna.

Umarliqaayis Sadaffaa...

Jila Waraanaaf akka qophoofnuuf yeroo nuu kennaa. Garuu immoo akka ta'u kan
nuti hinbarbaanne kana mootii.

(Calleensa)

Umarliqaayis Lolaastota dhiiga abbaa kootii dhaggeeffadhaa. Hujur abbaankoo hiriyaan
yookaan gita ani gadoo irratti ba'uu danda'u akka hinqabne gosi Araboota
hundi nibeekaan. Maallaqas ta'e loon akka beenyaatti hinfudhu. Yeroo qophii
gabaabaa isiniifin kenna. Booree hadhooftuufi du'a singiggoftuu fiixee eeboo
ijoollee Kiindaarra jirtu nidhandhamattan.

Jila Filannoon jiru waraana jechuudhaa?

Hindii Gumaafi gadoo dhiigaan deebisuudha, lolaastota dhiiga abbaa kootii...!

Umarliqaayis Asuma turuu feetumoo amma nibaatu?

Jila Filannicha hamaa fudhannee fudhannee deemuuf dirqamne.

(niba'u)

Raabiyaa Rakkoon jiru maal mootii?

Umarliqaayis Mootii jette na hinwaamin jedheen tureem.

Raabiyaa Tole ilmakoo...Kan gaddite fakkaatta. Filannooleen dhihaatan rakkisoo turanii?

Umarliqaayis Lakki.

Raabiyaa Rakkoon ture maaliree?

Umarliqaayis Natti himi. Akkuma obboleettiinkoo dubbatte Hujur mootichan fakkaadhaa?

Raabiyaa Garaagarummaa gidduu keessan jiru ibsuun dhugaadhumatti rakkisaadha.

Umarliqaayis Kijibuutti jirta.

Raabiyaa Maaliifan kijiba gooftaakoo?

Umarliqaayis Hinbeeku. Garuu foolii kijibaatu natty dhagaa'ama.

Raabiyaa Daandii kankee hintaanerra dhaabbattee akka jirtu hubadheen jira.

Umarliqaayis Kun qubeelaa eenyuutiree?

- Raabiyaa Waaqotatti ni amantaa?
- Umarliqaayis Jaarsa gowwaanana waan hunduma keessa maaliif Waaqota galchitaa?
- Raabiyaa Akkam haata'uree?
- Umarliqaayis Kiyyootti seenuuf akkan jiru natti dhagaa'ama.
- Raabiyaa Kiyyooakkami?
- Umarliqaayis Amantiin hintaane, dhugaa amma jiru haguugee jiru nijira. Gaaf tokko
dhugaa sana bira nan ga'a. Eeeyyee, dhaamoo isaa wayita dubbatu abbaakoo
sammuusaa keessatti ana yaadaa ture. Dhaamoo isaa addatti anaaf dabarse.
Amma dhugaasaa natti himi Raabiya. Guyyaa na gorra'uuf turte sana dhugaasaa
itti himtee?
- Raabiyaa Gonkumaa, dhugaa isaa itti hinhimne Ilmakoo. Ija hantuutaan itti kenne.
Isayyuu hinilaalle. Ergasii guyyaa tokkollee maqaakee kaasanii hinbeekani.
- Umarliqaayis Rakkoo uumuu waan hinbarbaanneef dhiise malee dhugaasaa beekee jira
jedheen yaada. Isa bira taa'ee rakkoo akkan hinuumneef, fuula isaa duraa akkan
badu barbaade. Guyyaa du'a isaatti garuu na yaadate. Kunuu awwaalamee
boollaa olittis na qora.
- (Niba'a. ekeraan Hujur Mootichaa fagootti mul'ata).
- Raabiyaa (ofii isaatti...)...Yaa Waaqotaa... afuurri Hujur Mootichaa nutti
marsee akeekkachisaa yeroo nutti dabarsuun dhagaa'a.
- (Ibsaan nidhaama).

Mul'ata 5

(Dunkaana Umarliqaayis. Sagalee meeshaalee waraanaa.

- Raabaaab mataashee gombbiftee teessee jirti. Hindi asiifi achi
wixxifachaa ilaalti. Wardiyyaan niseena).

Hindii (Sardamsuudhaan). Haalli adeemsa waraanichaa akkam?

Waardiyyaa Warri Banii Asaad duubatti dheessaa jiru intalo.

Hindii Abbabbaakoo, oduu gammachiisaaakkamiin dhaga'aa? Akka isin milqaniif yeroo hinkenninaafii. Dhiiga Hujur Mootichaarraa akka qulqullaa'aniifi harki isaanii hammeenyaa raawwates akka ittiin dhiqamuuf dhiigni isaanii haalola'u.

Waardiyyaa Ulaa ba'iinsaa kenuuifiitti hinjirru intalo.

Hindii Mootichihooakkami?

Waardiyyaa Loltoota kumaatama hiriisii waraanuutti jira giifti. Goraadee isaa akka calaqqeetti ifuufi gonfoo haloo isaatii wayita argan diinonni isaa addaan bittinnaa'uueegalan.

Hindii Akkam nama gammachiisaa? Hujur Mooticha mataa isaa ta'ee jira jechuudha. Hujur Mooticha diinonni isaa fuula isaa hindhaabbatan turan. Oduu gammachiisaa deemii fidi. Dheebuukoo buhaarsi... (Waardiyyichi niba'a). Waaqota qulqullu, dhibee garaakoo booressee sammukoo burruusaan haleelurraa na dandamaachiistanii jirtu. Lubbuunkoo awwaalamtee jirti. Bara baraaf galanni isin haaga'u. (Raabaabittigaragalti). Jireenyi gidiraa niraawwateef. Ammaa booda gammachiisaa hawwaa turte san jiraatta. (Raabaab jalaa callisti). obboleettii, maaliif na jibbitaa? Dhugaan siin jedha baay'een si jaalladha. Dhugaa onneekoo irraa maddeenin dubbadha. Hirmaattuu gammachuu kootii akka ati taatun fedha. Umarliqaayisis deebi'ee nidhufa. Lammaffaas addaan hinbaatan. Har'a jirenyhaaraa eegalla. Haloo keenya baanee ulfina keenya ni eegsifna. Atis giiftii nitaata, hiriya obboleessa kootii.

Raabaab Maal giifti? Nuti Waatotni jirenya keessan qul'aa ta'e kana guddifnee ajeffanna. Obboleessikee gonfoo yookaan aangoo mootummaa adamsuutti kan jiru fakkaatee yoo sitti mul'ate baay'istee dogogortee jirta. Eenyummaa obboleessa keetii ati tasa hinbeektu. Miidhaan isa irratti raawwatame maal akka ta'e guyyaan isa erga darbee booda gaaf tokko nihubatta.

Hindii Abju'achuutti jirtaa?

Raabaab kanin abju'achuutti jiru utuu ta'ee hawwiikoo ture. Raajoti hamaan fuulakee
 dura yeroo deddeebi'an natti mul'ata. Obboleessikee kiyyoo qorumsaa keessaa
 ba'uu hindandeenyeen xaxamee kan jiru ta'uusaa beeki.

(Uruwaa meeshaalee dirree waraanaatti booji'aman qabatee seena.
 Waardiyyaan faana jira).

Uruwaa Warra mirgaa taanee jirra giiftii. Meeshaaleen nyaaphaarraa booji'aman gariin kanneen.
 (Gara waardiyyichaatti deemti. Meeshaalee booji'aman lafa kaa'anii ba'u).

Hindii Uruwaa! Gammachuu akkamiitii?

(Meeshaalee booji'aman ilaaltee baati).

Uruwaa Giiftii bareedditti. Utuun marmaree bobaakoo jala si galchee akkamin
 hawwa...Anan amana mi'aayin ishee adda.

Raabaab Umarliqaayis akkam?

Uruwaa Waa'ee namicha bulguu sanaa natty hinkaasin. Gadi dhaabatee akkamitti
 hanga ammaatti akka waraantu naaf hingalle.

Raabaab Injifannoo argatetti gammachuu kan gonfate sitti fakkaataa?

Uruwaa Fuula isaa ilaaltee kana jettee himuun rakkisaadha.

Raabaab Amma maal gochuuf jettaree?

Uruwaa Hinbeeku. Gama kootii meeshaalee booji'aman keessaa quodakoo fudhadhee
 gara hiriyyotakoo Waatotaan deema.

Raabaab Anihoo maal ta'u?

Uruwaa Kallattii irra adeemtu hinbeektuu gowwittii...I...masaraa Umarliqaayis
 mootichaa keessatti giiftii taata. Giiftii Raabaab! Maqaa dinqii!...

(Nikolfa....)

Raabaab Hinkolfin. Si wajjinin deema.

Uruwaa Ana wajjinmoo?...Meeshaalee qalii ani booji'e keessaa tokko taataa? Yaa
 Waaqolii eeb bifamoo... garuu dhuguma Umarliqaayisin dhiistee deemuuf jettaa?

Raabaab Nan jaalladhaan. Waanan isa jaalladhuufin isa dhiiseen deema.

Uruwaa Isinis si jaallata.

Raabaab Wanta lamaan keenya addaan baasee jirutu jira.

Uruwaa Haaloo sanadha kan jettu yoo ta'e xumura argatee jira.

Raabaab Sanarra kan caaluudha. Na cinqa. Garaakoo boressa. Wantoota
 babareedaan adduunyaa jibbisiistuu kana keessatti dhabne hundarratti gadoo
 ba'uu barbaada. Safuu kabajamoo kan dhala namaarratti haaloo niqaba. Gadoo
 dhugaan inni faana jiru kana. Nuti Waatotni dureeyyii addunyaafi moototaan
 garboofamnee bittootarratti gadoo qabna...Gadoo keenya akkamiin deebisnaree?

(Umarliqaayisiifi Amiiri niseenu. Umarliqaayis uffata mootii uffatee jira).

Uruwaa Baga nagaan dhuftan mootii abbaa mirgaa, Umarliqaayis ilma Hujur, Hujur ilma
 Al Haariiti, Haariiti warra Kiindaa. (Uggumee dubbisaan. Umarliqaayis
 hudduu saanjaa isaatiin isa rukkuta). Maalinni? (Goraadee isaa baafata).

Umarliqaayis Harka mootichaa maaliif hindhungattu? (Sadanuu nikolfu...). Maal taate
 Raabab? Maal taatee callife?

Raabaab Akkan kaakkisu/qasa'u barbaaddee?

Uruwaa Gowwaa. Mootichi akka kolfituuf ajajanii jiru. Kolfuu qofaa miti.
 Shubbisuus niqabda. Injifannoo gonfanneef yoo weeddifna mootii?

Umarliqaayis Hinariifannu. Waan raawwannu qabna.

Uruwaa Waan raawwannu qabnaa? Maal jechuu keeti? Warra abbaakee ajjeessan
 irratti gadoo keessan hinbaane jechuudhaa?

Umarliqaayis Warra dubbicha kakaase hinarganne.

- Uruwaa Jechuun eenyuun?
- Umarliqaayis Mootii warra Al Hiraa, Al Mantiriifi mootii warra Parshiyaafi Kisiraa.
- Uruwaa Maqann jinnootatiinin kakadha. Kun maraatummaadha.
- Umarliqaayis Al Mantiriifi Kisiraa wajjin waraana oofuu hinfeetu? Ni soodaattaanii?
- Uruwaa Hanga dhuma addunyaattillee ta'u faanan dha'a.
- Umarliqaayis Walii gallee jirra.
- Amiiri Maal jechuu keeti?
- Umarliqaayis Akkuma dhageesse.
- Amiiri Hawwii yookaan abjuu walaleessaa milkaa'uu hindandeenyedha.
- Umarliqaayis Gadoo isin dheeboottaniif sana mitii?
- Amiiri Gadoo keenya har'a baanee jirra. Jalqabnee xumurree jirra....
- Umarliqaayis Gadoon dheebuu bara baraati. Ammayuu dheebodheen jira.
- Amiiri Dhugaan siin jedha si hubachuu hindandeenyu.
- Umarliqaayis Abbaankee bofaan hiddamanii kan du'an taa'uu isaanii natti dubbattee turte.
utuu Ati immoo haalooke ba'uudhaaf bofoota dacheerra jira cufa ajjeeftee
tibba fixxee ta'uu baannan immoo ofii utuu duutee akka si gammachiisu tokko natti himtee turte.
- (Raabiyaafi Hindi niseenu).
- Hindii Baga gammadde obboleessaa. (Ni hammattiin). Nagada Arabootaa keessatti kun injifannoo isa jalqabaati. (Sagalee jeequmsaatu dhaga'ama).
- Umarliqaayis Maal inni?
- Raabiyaa Tumsitoonni keenya deemuutti jiru mootii.

Umarliqaayis Akkamitti? Waliigalteen keenya akkas miti.

Raabiyaa Gadoo keenya hanga deebisnutti akka nu tumsan waliigalle. Hanga raawwannuttis nu cina dhaabbatanii jiru.

Umarliqaayis Gadoo keenya deebisnee jirra jechuutti jirtaayii?

Raabiyaa Shakkii tokkollee hinqabnu mootii.

Umarliqaayis (Ittiin mormaa...) tortoraa eenyutu jedhee? Kan murteessu ana. Agartaa qubeelaa kana? Qubeelaan Hujur Mootichaa anaaf mirga kenne. Mitiiree mucaa Hujur Mootichaa?

Hindii Eeyyee obboleessaa. Garuu beenya barbaannu argannee jirra.

Umarliqaayis Lakki, hanga ammaatti hinarganne. Gumaan keenya warra Banii Assad qofarratti miti. Al Mantiriifi Kisiraa irraayis dhimma qabna.

Raabiyaa Kun maraatummaadha ilmakoo.

Umarliqaayis Eeyyee maraatummaadha. Daandii gadoo deebisuuti. Hujur Mootichi maraatuu hinturree natty himi...

Raabiyaa Mootota hunda caalaatti beekaa ture gurbayyo.

Umarliqaayis Ati isa sirriitti hinbeektuum. Fuula isaa dhugaa sittan agarsiisa. Na ilaali. Hujur Mootichi si fuula jira. Ilmi isaa ajjeefamee ijisaa akka keessaa ba'u, hanga afuurri isaa isheen dhuma obbaafattee baatutti murtii isaatti kan rincice Hujur Mootichi amma na qoruutti jira. Daandii isaarra akkan qajeelu na taasisuutiin na mo'atee jira. Dacheerra lubbuun utuu jiruu isa na hindandeenye du'aan booda na injifate. Hamaa harki isaa hinhiikamne, keessi isaa bobosuutti kan jiru ta'uus isaallee mootii hubachuu hinfene ture. Abbaansaa Al Haariit diina Al Mantiri nama harkatti ajjeefaman. Ofii garuu gumaa isaanii deebisuu hindandeenye. Dadhabna isa kan isaatii ana qoruudhaan irra dabarfachuuf ifaaja. Homaa miti. Hanga dhuma daandichaatti nan deema.

Mootii nama harkatti galafatamee awwalameen qabsaa'uurra wanti ulfaatu hinjiru.

Raabiyaa Garuu ilmakoo tumsitooni keenya nudhiisanii erga deemanii booda eenyuutu si cinaa hiriiraa? Waatotakee malee kan hafan kan biroo hinjiranii bar.

Uruwaa Of eegi jaarsa safuu hinbeekneenana. Waatotatti hinbasallaqin. Tumsitoota kan jettu warra garaa gartokkeedhaan nu faana dhaabbatan caalaatti Waatotni haala wayyaa'een hinlollee?

Raabiyaa Raayyaa Al Mantiriifi Kisiraatiin qabsaa'uuf baay'inni isaanii ga'aa miti jechuu kooti.

Umarliqaayis Isa booda ilaaluu dandeenya. Amma garuu murteessuu qabda. Ana wajjin deemtamoo warra kaanii wajjin deemta?

Raabiyaa Akka itti yaadnuuf yeroo nuuf kenni.

Umarliqaayis Gaarii.

(Umarliqaayisiifi Raabaab irraa kan hafe hundiyuu niba'u).

Umarliqaayis (Itti dhihaatee...) akkan si hinmiineef si'iif immoo filannoон kenna.

Raabaab (Duubatti deemtee...) akka ani hinmiidhamneef jettee na filachiiftaa? Yaadi ati anaaf qabdu hanganumaa jaallalleekoo?

Umarliqaayis Gidiraan keessa dhidhimee jiru yeroon yaadu ofiikoofin gadda giiftii. Daandiikoo irraa maquuf dura filattee turte. Gadoofi gadda kanatti maa'essa maaltu si'oofe?

Raabaab Kophaakee addunyaa guutuurratti waraana kan ooftu utuu taateellee ani cinaa hindeemu jaallalleekoo. Hireenkoo si'i.

Umarliqaayis Kanumafan filanno siif kenne jaalalleekoo. Jaalalli ani siif qabu soda onnee kootii dhangalaasa. Addunyaa gidiraafi imimmaanii lafa duwwaa

irratti dhangala'uun dhiqamtu kanarratti akkamittinan jaalala tulluufi galaanni
baachuu hundandeenye sirratti fe'aa?

Raabaab Mootii onneekoo... akka nama dukkana halka qixxee keessa abju'atuu yaaddoo
kan sitti naqe maal? Ijikeen warra gaddan natty agarsiisimee mootiikoo...

Raabaab (Haala keessa jirtu akka dagachuu taatee...) abjuun keenya tokkicha.
Onneen addunyaa cufa baattu hawwine. Gammachuun keenya bara baraaf
haajiraatu. Ammahoo hindammaqnee mootiikoo?

Umarliqaayis (Gaddaan) lakkii, lakki akkas hinjedhin nuti ofii keenyaa erga jiraachuu dhaabnee boodallee ta'u abjuun keenya onnee keenya keessatti lubbuu horatee jiraachuu itti fufa.

Raabaab Gaddi guddaan fuula keerratti chaappeffame kun maali? Cubbuu addunyaa
cufaa daandii hinbeekamneefi bu'aa ba'iin itti baay'aterra akka
adeemtu taasufamuunkee hireekeeti moo?...maaliif ijakoo keessa hinilaaltu?
Mootii lubbuukoo, Waatota addunyaa kanarra jiranirra imimmaanota anaaf mi'aa
ta'a kana hindhangalaasin adaraa Waaqotaa... imimmaanotakee dhaabi
jaalalleekoo. (Harkaa isaa gidduu galtee boossi)

(Dukkana)

Mulata 6

(Holqa huffee keessa Amiiriifi Hindi ibidda bira taa'u. qilleensi nibubbisa).

Hindii Raabiyaan hanga ammaatti maaliif akka ture naaf galuu hindandenye.

Amiiri Shakkii tokko malee deebi'ee dhufuutti jira.

Hindii Qeesaariinin haasofsiisa jedhee erga deemee ji'a ja'a ta'ee jira. Ji'a ja'a.

- Amiiri Obsi. Yeroo gabaabaa keessatti deebi'ee nigala.
- Hindii Xinnoo garuu yaaddoon sitti hindhagaa'amu?
- Amiiri Maaliif akka ati dhiphattu hinbeeku giiftiikoo?
- Hindii Ani si hingaddisiisuu?
- Amiiri Ani miira akkasii hinqabu. Tarii jaalala keetiinis qabameen jiran ta'a.
- Hindii Lakki ati na gaddisiifta... giiftiin cinqii hinbeekne wiirtuu Waatota
bosonaatti darbatamtee, holqa huffee keessatti argamu keessa jiraattu...
- Amiiri Dura siif gaddeen ture. Ijikoo wayita si argitu onneenkoo dhahaachuu
jalqabdi. Jaalala jettu mitii?... echa walaleessichaa fayyadamuuf...
- Hindii Sin amana. Garuu waan hundumaatiif fedhii dhabuuttin jira, jaalalaafis.
- Akkamittan haala kana keessa seenuu danda'e? gadoo deebiftu malee jedhee
obboleessakoo mudduunkoo dogogoraayii laata? Nan balleesseeyii?
- Amiiri Akka waan balleessaan kankee ta'ee ulfeessitee hinilaalin giifti. Ati
hindirqisiifneen filannoon kan isaa ture.
- Hindii Warra Banii Asaadiin ajjeechaa abbaakoo irratti raawwatameef gadoo
akka deebi'uun barbaade. Haajaa kan biroo tokkollee hinqabu. Obboleessikoo
soquutti kan jiru faan dhowwii hamaan kun maali? Mantiriifi Kisiraatiin huffee
keessatti adamsamuutti jirra. Utuu Waatonni jiraachuu baatanii raayya Al
Mantiriin meexxiirratti fannifamna turre.
- Amiiri Raabiyaan raayya duubaan utubu Qeesaar bira fidee akka dhufu nan amana.
- Hindii Mootii raayya Waatotaa akka bututtuudhaa addaan facaate hiriirsee
waraanatti bobba'e cina Qeesaarii kan dhaabbatu sitti fakkaataa?
- Amiiri yoo inni tumsa godhe gosonni cufti bittaa Al Mantiriifi kan Kisiraa
dhabamsiisuuf qooda nifudhatu.

Hindii Deebi'ee garuu qabsoo Qeesaariifi Kisiraa gidduutti oofamuun xaxamuun
keenya waan hafu miti.

Amiiri Agartee gadoo jechuun maal akka ta'e siif galee jira. Gadoo jechuun
nijalqabama malee xumura hinqabu. Obboleessikees jalqaba yeroo dide sababa qaba
ture. Haata'u malee seera taphichaa utuumma beekuu itti seene.

Hindii Baay'een gadda.

Amiiri (Ni hammataan) homaa miti. Amma kanattis hammeessitee hinilaalin jaalalleekoo.
(Uruwaan niseena).

Uruwaa Maalitti jirtu? Jaalala giiftiifi algalaan....

Amiiri Uruwaa maal rakkoonkee?

Uruwaa Adaraa seexanaa maaltu isin tuqe? Amma yeroon isaa kan jaalalaati?
(Uggumee Hindiin dubbisa). Dhiifama giiftii...

Hindii Dhugaakee jette. Jirenya akkasii keessatti waa'ee jaalalaa dubbachuun
gatii hinqabu. Wanti hundi manca'ee jira. Kan nutti dhaga'aamus duwwummaafu
gadda. (Calleensa). Natti himi obboleessikoo haala akkamii keessa jiraa?

Uruwaa Akkuma duraati. Daandii huffee keessa kan kallattii kaabaatti qajeelu
keessa deddeebi'ee dhufaatii Raabiyaadhaa eeguutti jira. Jaarsi sun amma kana
maaliif akka ture hinbeeku?

(Umarliqaayis, Raabaabiifi Raabiyaan niseenu).

Raabiyaa Uruwaa deebi'een dhufe.

Hindii Raabiya, baay'ee turte.

Raabiyaa (Hammateenii) eeyyee giiftii. Jaarsa kakuutiif imalichi ulfaataa ture.

Umarliqaayis Taa'i Raabiya, taa'i (nitaa'u) Raabaab kottuutii cinakoo taa'i.

Raabaab (Akka ciingga'uutti) asuman taa'a.

- Raabiyaa Hangas mara gaddi garaatti si hingalin Raabaab. Fidee kanan dhufe oduu gadhee miti.
- Raabaab Haala amma keessa jirurra kan caale wanti gadheen hinjiru. Kanaaf oduun ati fideen jira jettu garaagarummaa fidu hinqabu.
- Umarliqaayis Oduun gaariin ati qaba jettu maali? Qeesaar nu tumsuuf waliigalee?
- Raaiyaa Eeyyee garuu dursee isin arguu fedha.
- Umarliqaayis Maaliif?
- Raabiyaa Waa'ee waan isin faana dha'yytti jirtanii isin argee isinirraa dhaga'uu barbaada.
- Umarliqaayis Ati itti hinhimnee?
- Raabiyaa Itti hinhimne. Ati mootota wajjin waan hinjiraanneef amala isaanii hubachuun si rakkisa. Akka mootota biroo miti. Namichi Qeesaar mootii moototaa.
- Uruwaa Walqabatanii bishaanitti haadhidhiman.
- Raabiyaa Qeesaar baay'isee si arguu fedha. Akka ati walaleessaa taate immoo dhaga'ee jira.
- Umarliqaayis Firoottankoo, hiriyee yaadi keessan maali? Gara Qeesaaritti qajeellumoo...? (Calleensa)... naaf deebisaa malee?
- Hindii Hinta'u. deemuu hinqabnu. Maqaa Waatotaatinin sii kakadha hindeemin obboleessakoo. Gadoo abbaa keenyaa akka deebistuuf si dhiibuu kootti baay'iseen gaabba.
- Raabaab Gocha gadoo raawwachuurraa akka isa eeganiif Waaqota irra deddeebi'ee kadhadheen jira. Gaafadheen jiras.
- Hindii Ati sirriidha. Wanti ani godhe garuu dogogora ture.
- Raabaab Abboommii isaanii fudhachuu diduu kootti garuu amma gammadeen jira.

- | | |
|-----------------------|---|
| Hindii | Kun hojii gidiraati. |
| Raabaab | Miira kankee ofuma keetiif qabi. Gara Qeesaaritti qajeeluuf dura kan bu'u ana. |
| Uruwaa
ishee | Yaa Waaqota gammachuu intalli keenya dhumarraatti sibila ta'uu nimirkaneessite. |
| Raabaab | Imaala ulfaataa sodaattanii akka ta'e beeka. Niyaadattu mitii waan gochaa turtan? |
| Hindii | Eenyuun gaafatta xonboree samadalloonana? |
| Raabaab
ajjeesaan. | Nama duubatti dheessuu barbaadu kamiiniyyuu anatu harka kootiin Uruwaa goraadeekee as kenni. |
| Uruwaa
kenna | Gaarii. Goraadeefi meeshaa waraanaakoo dabalatee shaanxaakoo sittin jalduu namaa. |
| Raabaab | (Goraadee irraa fuuti) kottu giiftii. Goraadeekee itti kenni Amiiri. |
| Amiiri | Maal jechuu keeti? |
| Raabaab
tokko | Argaa iijkee? (Goraadee Uruwaa mirmirsaa...) gumaan qaba jettee tibba michuukee mooticha irratti isa mirmirsite ni irraanfattee? Yaadattee? |
| Ammammoo | dabareen kankoofi kan giiftiiti. Goraadeekee itti kenni Amiiri. |
| Asumatti wal | sakattaanaa. |
| Uruwaa
ilaaluuf | Falmii hawwataa ta'a jedheen yaada. Tapha bashannansiisaa ta'e kana carraan qabnu akka hingubanneef maaloo Amiiri giraadeekee kennif. |
| Umarliqaayis | Suuta jedhi. Tapha jechuun qoosaatti jira. |
| Raabaab
qoosaatti | Tapha yookaan qoosaa miti. Goraadee isaa yeroo sitti aggame Amiiri hinturre. |
| Hindii | Raabaab na ajjeesuu feetaa? |
| Raabaab | Michuunkees isa ajjeesuu ture mitii yaaliinsaa? |
| Amiiri | Xebxebakee dhaabi Raabaab. |

Raabaab Xebexeba miti. Anis galmakoo ga'uuf akkumakee waanan raawwachuu qabu raawwachuuf qophaa'een jira. Nan jaalladhaan. Anaafi jaalalleekoo gidduu kan dhaabattu taanaan cufa lafaatiinillee qabsaa'uuf ani qophooftuudha... Siigalaa, adde yookiin...?

(Goraadicha fuula isheetti mirmirsiti).

Umarliqaayis (Goraadicha suuta harkaa fuudha)...Anaafi si gidduu namni dhaabachuu danda'u hinjiru. Ati gartokkee qaamaa kootii, anis gartokkee qaama keetiiti. Qalbiifi abjuun keenya raawwiin keenya akka tokkoomeetti nijiraanna.

(Sagaleetu alaa dhagaa'ama. Waardiyyaan nama tokko qabee seena).

Waardiyyaa Basaasaa Al Mantir tokko qabnee jirra mootii.

Raabiyaa Mooraa masaraa Qeesaar mootichaa keessaa ergan ba'ee jalqabee kan na hordofaa turee si'i jechuudhaa?

Umarliqaayis Namicha kana maaliif hordofaa turte? Maal irraa qabda?

Namicha (Dadhabee jira...) Dhiifama naaf godhaa mootii. Isa yoon hordofe bakka isin jirtan argee mataa keessan mootichatti yoo geessemtoo badhaasan argadhan ture.

Umarliqaayis Al Mantir hagana dhiphatee mataakoo barbaada jechuudhaa?

Namicha Mootii dhugaakoon isiniin jedha. Gadoo abbaa keessanii deebisuuf kakuutti erga seentanii jalqabee, hamma libsuu ijaa xinnoo tokkollee junuunfatee rafee hinbeeku. Masaraa mootummaa isaa seentanii halkan irriba irra utuu jiruu dhaaba manaa keessaan isa kan ajjeeftan waan isatti fakkaatuuf hinrafu...Raayyaa jabaa kan qabu ta'ullee Waatoota bosonaa garmalee sodaata. Anis harka Waatootaatti yeroon gale holqa seexanaatti kanan darbatame natti fakkaate.

(Tmamee jira fakkaata, xinnoo dhukkubi irraa mul'ata).

Umarliqaayis Obsi. Nibeeloftee?

Namicha Dhiitichoofi haleellaa hamma barbaachisu waanan argadheef quufeen jira mootii.

Uruwaa Kan bira maal barbaaddaree, tortoraa. Korbeessicha coomaa siif kuffisnuu?

Umarliqaayis Dubbii hindhiisiin Urumww. Amma keessummaa keenyadha.

Uruwaa Keessummaa keenyaa? Namichi mataakee barbaadaa turef iddo keessummummaa keennitaa?

Umarliqaayis Ergamaa Al Mantir bira dhufeedha. Simattoota keessummaa ta'u keenya itti agarsiisuus qabna. Mitiree Raabiyyaa?

Raabiyyaa Isa maaliitiif ergama keenya ta'a mootii?

Umarliqaayis Arguu jirta. Dhaggeeffadhu namicha. Nyaattee erga xinnooshee boqottee booda mooticha keessan bira deemtee erga itti himtu qabda. Dhaamsi itti himtus akkas...

“Mantir mootichaa, ati gonfoo mootummaa warra Kiindaa saamtee mootoota isaaniis cufa akka ajjeeftuuf nama Kiisiraadhaan uumamte taatus, siif kan hinmallee ta'ullee Umarliqaayis ilmi Hujur beenyaa dhiigaa faandha'utti jiru, nagaan akka jiraattu carraa siif kenne jira... Badii Hujur mootichaa irratti raaw'atameef kiisii kan ta'u filannoolee lamaan gidduudhaa tokko akka filattu siif dhaameen jira. Mataakee gatiittiikee irratti baattee yookaan Kiisiraa harka isaa qabdee fiddeenii dhufta” jedhaniin.

Namticha (Na'ee...) Mootii kun ta'uu hindanda'u...!

Umarliqaayis Eeyyee. Ani inni ta'uu hindanda'u jedhame akka ta'un barbaada.

(Ni dukkanaa'a...)

Mul'ata 7

(Waatonni wayyaa ciccitaa uffatanii gartuudhaan seenu).

Waatota Abjuu namayyuufi maalummaa gadoo addaan baasee hiika isaa akka itti himuuf, mootoota bara kanatti akka waaqaatti ilaalaman keessaa tokko kan ta'e Qeesaariin arguuf, iyyafatee waloon keenya Roomaa ga'ee jira.

Qeeasaar abjuu walichaa hubataaree laata, Gadoo, gadoo harkiifatu, Qabata jalqabaa gaaffii ishee duraa. Waloo keenya gadoo bara baraa abjootta. Gaaffii abjuu keetii dachee dabalatee, mootonni akka waaqaatti tolfamaniiif, waaqni waqotaallee siif deebisuu hindanda'an. Waloo keenya abjuukee eenyuyyuu bira ga'uun hindanda'u. nuti caasaa irraa fottoqnee, addunyaa irraa kan addan bane garuu si waliin jirra, addunyaa guutuun nu keessa jirti, Haqa, bilisummaafi qulqullummaa soqna, jannata bade si faana abjoonna.

(Masaraa Qeeasaar. Qeeasaar callise mana keessa asiif achi adeema. Waardiyoonni isa dhaabuuni yaalu. Tajaajiltoota isaa keessaa inni tokko irra deddeebisee isatti dubbachuu yaala. Deesaar turee deebii kennaaf.)

Tajaajilaa Qeesaar Mootii, Qeesaar, Mootii!

Qeesaar Jufunfulanan...Akkan yaaduutti kanan jiru ta'uukoo niagartaa mitii?

(Tarkaanfachuu itti fufa.)

Tajaajilaa Qeesaar Sa'atii lama irra taree jiraam mootii...

Qeesaar Yaaduudhaaf sa'atiin lama baay'achuu isaatiree raatuunana? Roomaan akka kuftu kan taasisan dadhabdoota akka keetiiti.

Tajaajilaa Qeesaar Dhiifama naaf godhaa mootii. Mootichi Arabootaa galma keessa keessan seenuuf jecha naa'ota isaa wajjin dhufee karaarra dhaabachuu erga eegalee sa'atii ol ta'ee jira.

Qeesaar I...Sa'atii lamaa?... Eessa?

Tajaajilaa Qeesaar karrarra jiru.

Qeesaar Dhugaamoo?...akkas taanaan yeroon yaadu dhaga'anii jiru jechuudha.

Tajaajilaa Qeesaar Asumaafi achi deddeemaa, tarkaanfachaa turtan malee mootii...

Qeesaar Joonja'aa wayii. Tarkaanfileen kunnin tarkaanfii yaaduu mitiree? Qeesaar yeroo yaadaa miilla isaa jalatti dhugaa fo'a. (Nideddeema...). Aristootile mataan isaa yeroo yaadu nitarkaanfata ture. (Asiifi achi deemuu ittuma fufa). Yeroo tarkaanfatus niyaada ture. Waan ta'eef, tarkaanfachuun yaadu, yaaduunis tarkaanfachuudha. Sammuun namaa miilla isaa keessa jira. Si galee?

Tajaajilaa Qeesaar Eeyyee mootii... Mootichi Arabaafi naa'oni isaa isin arguuf jecha ammayyuu karra irratti isin eeguutti jiru.

Qeesaar Ati sii galuu hindanda'u. Miillakoo jala hiriiruuf na eeguutti jiru.

Tajaajilaa Qeesaar Eeyyee sirii dubbattan.

Qeesaar Maaliif akka ta'e beektee jirtaa?

Tajaajilaa Qeesaar Eeyyee. Sammuun namaa miilla isaa keessa waan jiruufi.

Qeesaar Kana jechuun namootni miilla Qeesaar yeroo dhungatan...

Tajaajilaa Qeesaar Sammuu mootichaa dhungatan jechuudha.

Qeesaar Gameessa. Malaanmaltummaafi yuunivarsii keessa jiraanu ilaachisee falaasamni Qeesaar siif galuu jalqabee jira.

Tajaajilaa Qeesaar Keessummooni keessan haaseenanii mootii?

Qeesaar Eenyu isaan?

Tajaajilaa Qeesaar Mooticha Arabootaafi naa'ota isaati mootii.

Qeesaar Kan na gaafatte siif haata'u. Garuu mootiin isaanii walaleessaa ta'usaa sirriitti mirkaneessiteetta?

Tajaajilaa Qeesaar Walaleessa isaanii beekamaadha jedhan.

Qeesaar Akkas taanaan walaloo gabaabduu nu dhageessisuu danda'a jechuudha.

Tajaajilaa Qeesaar Bareechee malee mootii. Yeroo baay'ee akkuma godhan galata keessaniif walaloo isin leellisu dhageessisuu qabu.

Qeesaar Kun yaada dinqidha. Deemiiti seenaa jedhin. (Waarediyyaan niba'a.
Qeesaar asiifi achi deddeemuu jalqaba. Waardiyyaa umarliqaayis, Raabiyyaa,
Amiiri, Uruwaa, Hindiifi Raabaab niseenu)

Raabiyyaa Nagaan mooticha guddaa Qeesaar Roomaatiif haa ta'u. (Hundumtuu
uggumanii dubbisu).

Qeesaar (Isaan ilaalee...). Baga nagaan dhuftan.

Raabiyyaa Mooticha keenya kabajamaa, Umarliqaayis ilma Hujur Mootichaa, mootii
warra Kiindaa wajjin akka wal isin barsiisuu jaalala keessan yoo ta'e mootii
wal isin haabarsiisu.

Uruwaa Eegumsi Waaqotaa isinii wajjin haata'u (Uggumanii galateeffatu)

Qeesaar Kaappoo walaleessitootaa, waloo Arabaa akka ati taate gurra na bu'ee jira.

Raabiyyaa Dhugaadha mootii.

Umarliqaayis Mootii kabajamaa, ana arguu feetanii gaaffii dhiheessitanii gaaffii
dhiheessitanii turtanii?

Qeesaar (Dinqisiifatee) Eenyu?... Anatu si arguu fedhee gaaffii dhiheessee?

Raabiyyaa Eeyyee mootii. Mootii keenya arguuf fedha kan qabdan ta'uu keessan
natti himtanii turtan.

Qeesaar (Aariidhaan...) tarii walaleessaa ta'uu isaa amanuun waan na rakkiseef
ta'uu danda'a.

Umarliqaayis Eeyyee ani walaleessaa miti. Gadoo abbaa kootiin faana dhahuutti jira.

Qeesaar Maal? (Cinaatti Waardiyyaa isaatiin) walaloo nuuf hinwalaleessuuyii?

Tajaajilaa Qeesaar (Cinaatti) Obsaa mootii amala walaleessitootaati.

Qeesaar Akkasii?... Taa'aa. Isin keessummoota kooti. Ta'us immoo
keessummummaan isinitti hindhaga'amin. Akkan wanta mana keessan jirtanitti
ilaala.

- Uruwaa Dansaadha. (Golaa keessa seenee kuduraa saaniidhaan fuudhee hiriyyoota
isaaf qooda).
- Qeesaar (Yadaa mormiitiin) Maal gochuutti jirtaa?
- Uruwaa Akkuma argitu. (Kuduricha gidduutti nicuffata). Keessummaa hinta'inaa,
akka wanta mana keessa jirtanitti ilaala hinjennee? Mana keenyaatti
kan raawwannu kana. Nyaachuu, dhuguu, rafuufi walaloo walaleesuu...
- Qeesaar Dhugaamoo? Walaloo nuu walaleessituu? Jedhaagaa isinin
dhaggeeffadhaa. (Barcuma mootummaa isaarra taa'a).
- Uruwaa Walaloo akkamii barbaadda? Walaloo kan moototaamoo , walaloo keenya
kan Waatootaa?
- Qeesaar Waatoota maalii?
- Uruwaa Waa'ee walaloo keenya hoomaayyuu quba hinqabdan jechuudhaa?
Walaloon keenya...
- Amiiri (Addaan kutee) Uruwaa, mootichi akka dubbatuuf carraa kenniif.
- Uruwaa Dhiifama. Waa'ee walaloo dubbachuu kan qabu mootii keenya
ta'uu irraanfadheen jira.
- Umarliqaayis Nu arguu feetanii nu waamtan mootii. Kunoo as jirra.
- Qeesaar (Cinaatti waardiyyaa isaatiin) kan inni dubbate kun walaloodhaayi?
- Tajaajilaa Qeesaar Obsaa mootii qalbii isaa isa keessaa isa kakaasu yookaan tuttuquutti jira.
- Qeesaar Tuttuqaa maaliiti? Jufunfula wayii. Dursee walaloo isaa hinqopheessu turee?
- Raabiyaa Mootii, daawwanna yeroo duraa isin bira dhufe sanarratti
waan duddubbanneef, waraana Al Mantir wajjin gochuutti jirruuf cina
keenna dhaabattanii nu gargaaruuf waadaa galta sana niyaadattu mitii?
- Qeesaar Maal jettaa? Al Mantir wajjin waraanarra jirtuuyii?
- Raabiyaa Eeyyee mootii.
- Qeesaar Maaliif?
- Raabiyaa Seenaa jiru hundumaa yeroo darbe isnitti himeen ture.
- Qeesaar Waan akkasii natty dubbattee jirtaa?

- Raabiyaa Eeyyee mootii.
- Qeesaar Yoom? Ani hinyaadadhu.
- Raabiyaa Ji'oota gabaabaan dura.
- Qeesaar Ji'oota darban keessa kan natti himte akkan har'atti yaadadhu
nagaafattaaree namichanana?
- Raabiyaa Dhiifama naaf godhaa mootii. Ammas irra deebi'ee isn yaadachiisuu
nan danda'a.
- Qeesaar Garuu walaloodhaan ta'a.
- Raabiyaa mootii dhiifama naaf godhaa malee maal jechuu keessanii?
- Qeesaar maal jechuu kooti? (waardiyyaa isaatiin). Sitti hinhimnee ani? (asiifi
achi adeemuu eegala).
- Tajaajilaa Qeesaar Mootiin keessan walaloo walaleessuu akka danda'u mootichi
nibeeku. Kanumaafakkanni dhufu gaafatan. Maaliif hinwalaleessuufiree?
- Umarliqaayis (dubbichi isa raajee..) nuti walaloo walaleessuu hindhufne kabajamoo...
- Qeesaar Maaliif dhuftaniree?
- Umarliqaayis Waraana Al Mantiriifi Kisiraa wajjin gochuutti jirruu cina keenya
dhaabbattanii akka nu tumsitan barbaanna.
- Qeesaar Al Mantiriifi Kisiraa wajjinis wal loluu barbaadduu?
- Umarliqaayis (Obsuu dadhabee...) Itti hinhimnee Raabiyaa?
- Raabiyaa Waan hundumaa itti himeen jira mootii.
- Qeesaar Maal natti himte namichoo?
- Raabiyaa Ajjechaa Hujur Mooticharratti raawwatame, jechuun abbaa Umarliqaayis
mooticha keenyaa.
- Qeesaar (raajessee...) abbaan kee harka namaatiin galaafataman jechuudhaa?...O,
Yaa Rabbi... kun walaloo gaarii tokko si walaleessisuuree? Abbaakee faarsuun
utuu walaloo tokko nuu walaleessitee...
- Umarliqaayis Ergamnikoo gadoo abbaakoo deebisuu malee gootummaa isaa faarsuu miti.

Qeesaar Agartee, waa'ee mootota keenyaa ilaachisee wayita gaddi nu qunnamutti aadaa ture. Namni hundumti akka argattus gadda qabnu bifaa taphaatiin gabaa keessattillee niagarsiifna... jajjabaadhu, walaloo abbaakee faarsu amma nuu walaleessi.

Umarliqaayis (Raabiyaatti aaree...) Qeesaar taphaafi baacoof nu waameeyii?

Qeesaar (Aaree...) Galata Qeesaariif walaloo walaleessuun gatii baay'ee si baasisaa...? Ana mooticha Roomaa kan addunyaan irreessa jala naqee jiru.! Fardeeniifi loowwankee illee walaloon yemmuu faarsitu, ana Qeesaar mooticha Roomaa walloodhaan faarsuun akkamiin sitti ulfaata?...Kun qoosaadha. Kun Tiraajeediidha.

Hindii (Kadhachaa) Qeesaar guddicha mootii kabajamaa, gadda nurra ga'e hubannoo keessa galchuudhaan jaalala keessaniin deggersa barbaachisaa ta'e nuuf kennitu abdii jedhuun lafa dheeraa qaxxamurree fuula keessan dhaabbannee jirra. Abbaa keenya ajjeesanii mootummaa keenyas saamanii jiru. Gadoo abbaa keenyaa baanee mootummaa keenya deebisnee ijaaruuf gargaarsa barbaanna...Adaraa maqaa gonfiifi aangoo keessan isa guddichaatiin kadhanna, nurraa hingaragalinaa mootii...

Raabaab (Addaan kuttee...) dhaabi giiftii. Giiftii ta'uukee hubachuutu sirra jira. Akkana shiminuu hinqabdu... Mootii, akka hiriyyaa yeroo dhiphinaa isinis nuuf geessu abdii jedhu hammannee mootii keenyaa wajjinin daandii kiloomeetira kumatti lakka'amu qaxxamurree fuula keessan jirra. Michuu yeroo rakkinaati jenneeti malee akka dalalaa walaloo, sanyoo yookaan garba isnitti gurgruu hindhufne.

Qeesaar Gaarii, baay'eessa! (Itti dhihaatee...) bareedduukoo ati eenu?

Raabaab Ani jaalallee mootichaati.

Qeesaar Dhugaamoo?...Bareedinnikee dinqidha. Dhirsikee maaliif akka walaloo hinwalaleessine amma naaf galee jira. Walaloo qabu cufa si leellisuurratti gamaatee jira. Giiftii bareedditi. (Hindiin) Giftii gaddi sjabsenana akn ajjeefaman abbaa keetii?

- Hindii Eeyyee Qeesaar kabajamaa.
- Qeesaar Akka waan addunyaa guutuun ajjeefamtee fakkeessiteetaahoo maali?...
- Hindii Afuurri abbaakootii irree koorratti addaan cite mootii.
- Qeesaar Irree dhumaakeerrattimoo? Boqonnaa ajaa'ibsiisaadha. Garaankee akkamitti
tiraajeedii kana obserree intalo? Yeroos obboleessikee essa ture? Obboleessikee
mootichi imimmaankee sirraa haxaa'uuf eessa ture?
- Uruwaa (ammayyuu waa nyaachaa...) dhugaatii dhugaa ture mootii.
- Qeesaar Maal jette?
- Uruwaa ni Eeyyee. Oducha yeroo dhaga'e, har'a daadhii wayiniti, borimmoo hundi keessan
argitu jedhe.
- Qeesaar Dhugaadhaa?
- Uruwaa barbaaduu Utuu dubbannuu daadhiin keessan inni mi'aawan eessa jiraa? (Daadhii
jalqaba).
- Raabaab Uruwaa dhaabi. Cinqii keenyatti qoosuutti jirtu natti fakkaata mootii.
- Qeesaar Sammuun ishee banamaadha...Beekumsaafi bareedina...
- Raabaab Waan tokko walii haagallu mootii.
- Qeesaar Dansaa. Waa'ee maaliiti bareedduukoo?
- Raabaab deebii Dur durii keenya isinitti himna. Isinis gaaffii bifa hibbootiin isniif dhihaatuuf
kennitu.
- Qeesaar Gaarii. Hibboo keessan haadhageenyu. (Qeesaar barcuma mootummaarra taa'a).
- Raabaab bal'aa (Itti deemtee...) Mootii, ilmaan isaanii ilmaan isaaniirra caalu, huffee
keessatti, bareedinaanis hundarra kan mul'atu, walaleessaa
walaleessitoota cufa irra caalu akka inni ajjeefamuuf itti murteessuun isaanii
tiraajeedii ture. Hiree jaamaan kan ilmuma carraan isaa jal'atte sanaa gadoo

Lameessoo, gadoo deebisuun seera waaqonni tuman nuti hubachuu
hindandeenye ta'us faallaa isaa akeekkachisa murmeessaa ta'e kennanii jiru.

Gaaffii hibboo inni sadaffaan hundarra ulfaataadha. Dur duriin keenya
gidiraa mootichaa keenya nama harkatti galaafatamaniirraa kan jalqabu yoo ta'e
xumurri isaas sababa arguufiin kan danda'amuun gamatti ta'a. namichi hacuucamee
haqa abju'atu, injifatamuu isaatiin haqa dhaba. Kan dhabame suphuunis
waan hindanda'amne ta'uullee mala. Mirga dhabame kana beenyaa isaa
gadoon deebisuun haqa ta'uu hindanda'uuree? Gaaffilee hibboon sadan kanneeni.
Deebiisaan soqxuuree mootii? Argachuu dandeessuuree?

Qeesaar	(Barcuma mootummaarrraa ka'ee...) hibboo keessan akka deebisu na
gaafattan.	Faandhooftota gadoo abbaa keessanii, na caqasaa mee loojikii
Aristootiliin	haalaallu. Hiriyyoonkee aakuma jedhan ati abbaa keetiif duutee jirta
yookiin	immoo akkuma ofii jette lubbuudhaan jirta. Laman gidduudhaa kan
taatu	tokkicha. Yoo duutee jirta ta'e dhaamoon abbaa keetii si hinilaallatu.
Waaqoti	gadoonkee akka hinmilkofne qabatamaa ta'a. lubbuun yoo jiraatte
jechuun	jiraataa yoo taatemmoo dhaamsichi silaallata. Waaqonnis gadoo
raawwattuuf	dhiifama siif godhan jechuudha. Dhugaadha waaqoti gadoo deebisu
si gananii	jiru. Waan ta'eef kan duute ta'uu qabda. Garuummoo sababa du'a abbaa
keetiitiin	tasa imimmaan waan hincobsineef dhhaamsichi silaallata. Kana jechuun
immoo	lubbuun jirta jechuudha. Garuu, waaqoti gadoo ba'uu feetu fudhachuu
didanii	jiran. Waan ta'eef ati du'aadha. Ati tibba tokkichatti du'aadhas
jiraataadhas.	Kunimmoo faallaa jirenyaati. Wanti tokko si'a tokkichatti waan
lama ta'uu	hindanda'u. mataasaa ta'a. mataasaa ta'uu dadhabuu hindanda'u.
Gadoo malee	lubbuun jiraachuu yookaan gadoo deebiftee du'u. Kam siif wayya?
Lamaan	gidduudhaa filachuu qabda. Gaaffiin keessan kallattii kana qofaan deebii
argachuu	danda'a. filannoonee kam?

Umarliqaayis Filannookoo nibbeektan mootii.

Qeesaar Wantoota faallaa ta'an lama waliin mirreessitee jirta. Kunimmoo tasa ta'uu hindanda'u. sababiin isaa, loojikiin Aristootil dogogora hiika jedhu kenna.

Umarliqaayis Nu cinaa dhaabbachuu ni mamatan jechuudhaaree mootii?

Qeesaar Eenyuutu jedhe michootakoo? (Waardiyyaa isaatiin) uffata warqee sana naa fidii.

Tajaajilaa Qeesaar Haata'u mootii. (Aariitiidhaan ba'a).

Qeesaar Qeesaar gargaarsa siif hingodhu eenyuutu jedhe...Na caqasaa michootakoo.

Kanneen waaqoti itti dallananiifi carraan isaanitti jaamte gargaaruu caalaatti wanti nu gammachiisu tokkollee hinjiru. Tiraajeediin dhugaa kan taphichaa kana.
(Deddeemaa...). Amma waa'ee loojikii Aristootilin yaaduuttin jira. Namni akka obbaafatu murteessumoo, loojikii Ariistootil lagachuu, kam laafaan?

Umarliqaayis Taphi keessan maal akka ta'e anaaf hingalle mootii.

Qeesaar Qeesaarii wajjin taphachuu nisodaattaa mootii?

Umarliqaayis Kijibiifi gowwoomsaa garuu keessa jiraachuu hinqabu.

Qeesaar Na hinamantu michuukoo?...Gaarii... (Balballi nibanama).

Ilaali...(Hundumtuu gara balbalaa ilaalu. Namichi saanduqa wayii baatu waardiyyaa faana seena).

Tajaajilaa Qeesaar Uffaticha warqeerraa tolfame mootii.

Qeesaar Mishaa... Sabduqicha bani. (Nibanu. Uffata keessaa fuudhu). Michootakoo
ilaalaa. Kun wayyaa warqeerraa tolfame kan Qeesaari. Waaqota aangoo qabeeyyii
ta'an qoruu keessaniif dinqisiifannan qabu ibsuuf jecha uffata kana isiif kenneen
jira. (Gatiitti Umarliqaayisirra kaa'a. Umarliqaayis akkuma siidaa dhaabbatee
hafa. Hinscho'u). Dansaa .

Mul'ata 8

(Anaatoliyyaa naannoo araddaa Anqaaraa. Dunkaanni Umarliqaayis
cufamee jira. Hindi mataashee gombiftee balbala dunkaanichaa bira teessee jirti.
Amiiri niseena)

Amiiri amma haala kamirra jira?

Hindi Baay'ee gadheedha.

- Amiiri Of hinbeekuu?
- Hindi Hagas mara miti. Dhibeen isaa hamaadha.
- Amiiri Baalli Raabiyaan fideef waan fayyadaniif hinqaabani?
- Hindi Dukkubi isaa baay'ee itti jabaachaa deemuutti jira. Konstaantinoopilii erga
baanee ji'a lama ta'ee jira. Dhimmichi dhalli namaa obsuu kan danda'uu olitti.
- Amiirii dhukkuba haaraadha kun. Fayyaa tureem. Tasuma isa gaaga'e.
- Hindi Uffaticha warqee uffachuu isaatiin duratti nagaadhuma ture jechuu keetii?
- Amiri Ani hinbeeku.
- Hindi Uffatichi warqee sababa dhukkuba isaatiti jedhee akka yaadu Uruwaan nidubbata.
- Amiiri Atihoo isa inni jedhu ni amantaa?
- Hindi Waan fedhe haata'u garaagarummaa uumuu hinqabu. Kun abaarsa waaqotaati
jedheen amana ani. (Uruwaafi Raabiyyaa niseenu).
- Uruwaa (Aariidhaan). Dhimmichi waan hagas si rifachiise qabaa maanguddo?
- Amiiri Maalinni Uruwaa?
- Uruwaa Maanguddoon sitti hima.
- Hindii Sagaleekee ol hinfuudhin.
- Raabiyyaa (Hindiin) mootichi ammayuu rafuutti jiraa?
- Hindii Eeyyee...
- Raabiyyaa Utuu beekuu baatee gaarii natty fakkaata.
- Hindii Rakkoo maaliitu uumame?
- Raabiyyaa Loltoonni isaa duubatti akka deebi'an Qeesaar ajaja dabarsee jira.
- Hindii I...kakuu nu waliin dhaabe addan kutuu isaatii?
- Raabiyyaa Ani hinbeeku. Sababa isaanii utuu naaf hinibsin ajajaan raayyaa Qeesaar
mootichi murtii dabarsan natti himee jira.
- Hindii Akkamitti? Sababi jiraachuu qaba.
- Uruwaa Maal yaadda adde? Dhimmichi beekamaadha. Gowwoomsaadha. Waa'ee
uffata warqee sanaa isin akeekkachiiseen ture. Tarsiimoo seexanawaa

Qeesaarotaafi moototaati. Waan ta'e sana cufa masaraa abbaakee kan mootichaa keessatti dursitee baruutu sirra ture.

Hindii Qeesaar maaliif akkana jedhaa? Maaliifii?

Uruwaa Nu harka utuu hinta'in taphichi harka moototaafi gooftataa jira. Qeesaariifi
Kisiraan garaagarummaa gidduu isaanii ture dhabamsiisanii kan araaraman ta'uu
isaanii dhageessee?

Hindii Ta'uu hindanda'u. moototni waliif diina ta'an lamaan waliif galuu hindanda'an. Gonkumaa.

Uruwaa si'a tokko tokko ta'uu hindanda'u isa jedhamutu ta'ee argama.

Amiiri Nu gowwoomsuuf karoora Qeesaar baafatee tureedha jechuudha.

Hindii Yaa Rabbiikoo... maal wanti fokkisaan kun...

Raabiyaa Waanan sitti hime kana eenyutu hindubbatin. Callisi. Mootichi dhukkubsateejira. Raabaab eessa jiirti? Nu gargaaruu nidandeessi. (Raabaab niseenti...)

Raabaab Asin jira. Sagalee keessa utuu olfutaniio dubbatanii, akkam gootanii akka namni hindhageenye taasisuu dandeessuu?

Raabiyaa Itti gaafatamummaa hunda siif dhiifna.

Raabaab Eeyyee. Itti gaafatamummaa hunda narratti. Dhuma faandhooffii eebba maleessaatti jaalleewan. Xumuramuu isaatii giiftii?

Hindii Pilpiliin abdiin sitti mul'atu jiraa? Raawwatee jira. Xumura. Yeroo
waaqotni akeekkachiisa nuuf kennanitti ture kan xumurame.

Raabaab Kanaaf?

Hindii Waranaa eebbi irraa fagaate kana utuu dhiifnee gaariidha.

Raabiyaa Gara Qeesaaritti deebinee ammas yaaluu qabna... fala nuuf dha'uu nidanda'a ta'a.

Uruwaa Tortoraa! Wanta Qeesaar gochuutti jiru ni argita mitii jaarsanana...

Amiiri Nama tokko birayyuu hindeemnu. Bakka dhufnetti haadachaanu.
Mana dhugaatiikee wiirtuu bosonaatti haadeebinu Raabaab.

Raabaaab Sitti fakkaataaree?

Amiiri Wanti gochuu dandeenyu kanuma. Tarkaanfin keenya sirii ta'uu ta'uu
dhabuuus nidanda'a. Nuti Waatonni bosona keenya nifeena. Ani faandhoowwii

- gadoo deebisuuf godhamu yeroon tumse maalummaa jirenyaa hiikasaa nan
argadha kan jedhu ture abdiinkoo.
- Raabaab Hiika jirenyaa jaalala keessatti hinargannee? Hiikkaa dhugaa siif
hinkenninee? Waan fayidaa qabu keessaa argattee jirtamoo sinis dhuma maleessa
sitti ta'e?
- Amiiri Dhuma maleessa yookaan hiika kan hinqabne hinturre....addunyaa
gadadoon guutamte keessatti kan ittiin jajjabaatan, cinqii keessattis dhugaan
tokkichi jaalala. (Fuula Hindiitti jilbeenfata).
- Hindii Hinta'u Amiiri. Ka'i. hinjilbeenfatin, yoomiyuu jaalallee jiraataa, kan
bara baraanii taata. Amiiri mootii onnee kootii ka'i. lubbuukoo qorraan hollattuu
irree keetiin na hammadhu. (Baay'iftee boossi).
- Raabaab Ajjeechaa abbaakee irratti raawwatameen intalo gaddi foonkee nyaatee
jennan daandii bu'aa ba'ii gara jirenya isa dhumaatti geessutti kan obboleessakee
oofte jaalallee keetiif jetteetii?
- Hindii Obboleessakoorraa hinfagaanne. Deemsi nabutuchee daandiirratti kufeen jira.
- Raabaab Dhaamoo mooticha lubbuunsaa nama harkatti darbee isin namooti
labsitan dubbadhaa. Dhaamoo mootichaatiin mormee sagaleekoo olfuudhee
mormiidhaan yeroon boo'e sanatti maaliif sagalee keessan na faana hindhageessifne?
- Raabiyyaa Qabaneessi malee Raabaab hagas mara narratti hinjabeessin. Qabaaxiraafi
hallayyaa keessaa ba'uu hindandeenye keessatti xaxamnee jirra. Fuula keessanitti
dhugaakoon dubbadha. Ani guddaa gabbeen jira.
- Raabaab Dogogra raawwataniif gaabbii qaban ibsuun laafaadha. Daandii kan
keenya hintaanerra deemuu keenya gowwummaa amanunis salphaadha.
Garuun faadhowwiin itti jirru hojii gowwummaa akka ta'e dhumarratti
hubattanii? Garuummoo hanga eessaatti deemuu akka dandeenyu dursinee arguu
hindandeenyu turree?
- Amiiri Nutti himi. Amma maal goonu. Filannonkee maali?
- Raabaab Cina mootii isin gadootti ooftan sanaan tura. Waanuman isa jaalladhu qofaaf
jedhee miti isa wajjin turuu kanan murteesse. Gadoo isaa amanee, dhimma isaa
akka dhimma kootti fudhadheen jira.
- Hindii Faandhowwiin gadoo kan hojii maraatummaa daangaafi dhuma maleessa ta'e
kun anaa wajjin walfudhatee jira jechuutti jirtaa?

- Raabaab Dura didee booda garuu wayita tole jedhu waan ta'uu qaburratti hubannoo isaa niqaba ture. Nama ariifataafi maraatuu hinturre. Filannoo keessan eeguu fedhe. Amma maaliif dheessuu barbaaddaniree? Daandicha kan filattan isini.
- Hindii Erga Qeesaar harka isaa isa aggaammate dachaasee daandii cufee, ifaajjiin keenya faayidaa maalii qaba?
- Uruwaa Hundi keessan dhaggeeffadhaa.taphni Qeesaar waliin qabnu itti fufa.Taphicha itti fuftumoo keessaa baatu?
- Hindii Gargaarsa Qeesaar malee akkam goonee Al Mantiriifi Kisiraarratti duuluu dandeenyaa? Gochaan keenya kan maraatummaarra ta'urra hindarbu.
- Uruwaa Akkuma yeroo bosonaa keessa jiru gochaa turre ni waraannaan. Golgaa Qeesaar jala waan turreef Al Mantir kan ammaa caalaatti yeroos baay'ee nu sodaataa ture.
- Waraana Bosona sanaa waan xumureef amma kan nagaa argate itti fakkaachuu nimala. (sagaleen Umarliqaayis dafkaana keessaa dhagaa'ama).
- Umarliqaayis Ol seeni jedhaanii, ol seeni jedhaanii. (Umarliqaayis baay'isee dadhabee jira. Ol seena. Goraadee isaatti hirkata). Raabiyyaa, maaliif ol hinseensiftuu?
- Raabiyyaa Eenyuun mootii?
- Umarliqaayis Hujur Mooticha....!
- Raabiyyaa Eenyuunii?
- Umarliqaayis Sagalee isaa dhaga'een akkan seenuuf gaafadhe. Yeroo dheeraaf isa hinargine. Maaliif akka ta'emmo hinbeeku. Sababa isaa nibeektaa Raabiyyaa?
- Raabiyyaa Ammallee baay'ee si dhukkubuutti jiraa mootii?
- Umarliqaayis Yeroon dhukkubsadhee jiru kanatti na daawwachuun irra hinturree?
- Raabiyyaa Yeroo jabina keessanii qofaa isin daawwataa gooftaakoo....?
- Umarliqaayis Eeyyee. Ani ammas hinlaashofne. Gadoo takkaa fakkaattii hinqabne faana dha'uuf raayyaa waraanaa takkaa inni abjuu isaatti yaadee hinbeekne hiriirseen jira.
- Kana Hujur Mootichaa qofaa utuu hinta'in, kan inni deebisuu dadhabee achumaa boqote gadoo abbaa isaa, kan akaakayyu kootii gadoo Al Hariit mootichaafis kutadheen jira.
- Raabiyyaa Garuu isin dhukkubuutti jiraam mootii. Boqonnaa isin barbaachisa.
- Umarliqaayis Fooyya'een jira. Har'aa as kaanee fuulduratti socho'uu qabna.
- Raabiyyaa Ta'uu hindanda'u mootii. Guutummaatti fayyitu malee hinta'u. isinoo yaada maalii qabdu dhiiro. (Ni callisu)

Umarliqaayis (Fuula isaanii keessa ilaala...) agartee... walii hingalle jechuudha. Yaadakoo xiinxaluutti jiru. Mitiree? Amiiri ati yaadnikee maali? (ni callisu). Keessummaa fakkaatta.Hindi atimmo maal taate?

Hindii Hoomaayyu obboleessaa... homaayyu.

Umarliqaayis Ijikee garuu kan bira a dubbata. Waan ta'e tokkotu jira Raabiya.

Raabiya (Gingaa'aa...) wanti ta'e tokkollee hinjiru mootii, wanti tokkollee....

Uruwaa Dhiisiin jaarsaa. Dhugaa dhoksuun maal fayyada?

Umarliqaayis Waan tokko dhoksuutti jirtu jechuudha Raabiya.

Raabiya Mootii, baay'eedadhabdee jirta, xinnoo boqochuu si barbaachisa.

Umarliqaayis Anaaf hinyaadda'in.waan ta'e duranatti himi.

Raabiyamootii...Qeesaar loltoota isaaduubatti dachaase.

Umarliqaayis (rom'aa...) dhugaa jettaa?ni injifatamnejechuudha mitii Raabiya?

Raabiya Guutummaan guutuutti ni injifatamne jechuu miti gooftaakoo. Gara Qeesaaritti deebinee dhugaasaa adda baafachuu qabna.

Uruwaa Bososaa!...dhugaan kanarra caalu ati barbaaddu kami? Hanga ammaatti Qeesaariin amanuu yookaan abdachuuttijirtaa?

Raabiya Egaan gara Kisiraa haa dhaqu.

Uruwaal....gara diina keenyaamoo?

Raabiya dhimmicha ni ibsinaaf. Kaayyoon keenya yoo iftoomteef haqa nuti Al Mantirirraa barbaannuuf nu tumsuu danda'a. filannoон yookaan daandiin kan biraan hinjiru. Tapha jalqabne kanaan takaalamnee jirra. Qeesaar yookaan Kisiraa akka tumsitootaatti qabannee taphachuu, ta'u baannaan garuugaloo lola'uun dhiqamneehallayaatti darbatamuu!

Uruwaa Tortoraa....Kisiraa yookaan Qeesaar waliin taphannee injifannoo goonfanna jedhanii yaaduu dogogora. Isaanirratti yootaphanne qofaa tapha kana injifachuu dandeenyaa.

Hindii Innis waan danda'amu miti. Of ajjeesuu ta'a. yaa Rabbiikoo... waan gochuu dandeenyu hunda goone kandandeenyu caalaattis gidiraa agarree jirra. Ammaan booda jaalalaafi nagaa soquu qabna.hiraara bara baraa kana irraa nu eewwalli obboleessaa. (boo'aa kadhattiin) maaloo obboleessakoo...

Umarliqaayis (dhibee isaa obsuu yaalaa...)miliqoo karaandandeenyu hinjiruu obboleetti? Gonkumaa!
 intala mootii caarraan isheen hinmilkooofne taatee jirta. Gadoo faana hindha'u jedhee
 kanan morme isin hunda keessaniif jedheen ture duraan.marsaa dhaabbata
 hinqabne durumayyuu beekeen ture. Abbaankee Hujur Mootichi faadhawwiijalqabe
 nidu'e. animmoo akka haaraattan eegale. Ammayyuu itti fufee jira. Kisiraan abbaakee
 ajeese. Qeesaar immoo obboleessakee itti fufa. Addunyaa carraa maleettii kanarrraa
 maal eegdaree? Addunyaa akkasii keessatti jaalalli, haqi, dhugaafi jireenyi hiika
 maaliiqaba? (Dhukkubichi itti jabaata. Qaamni isaawalitti shuntuura). Dukkana,
 malaanmaltummaafu haxxummaa awwaaltee addunyaan gaaftokko nijijiramti jedheen
 abdadha. Lubbuu namaa jaalala, nagaafi qulqullummaa kan guuttu nageenyi dhugaa
 dachee ni uwifti. Obboleeyankoo dhibee kanarrraa bayyannattanii jirtuutii deemaa.
 (Ibsaan ni laafa. Wanti waltajjiirratti mul'atu abjuu fakkaata)

Hindii Yaa waaqayyo eessadeemnu? Si'ooliin keessa jirru sittini mul'ataa, daandiin isaa
 garami Amiiri?

Amiiri Jaalala....

Hindii Ta'uu hindanda'uu. Dukkana limixii eessattiyuunu hingeessine, daandii qoddeerra
 kan deemuuhoo jaalala akkamiiti? Raabiyyaa, ati kallattiisaa nutti agarsiisi.

Raabiyyaa Giiftii amma daandichi cufamee jira. Gara Qeesaaritti deebi'uu yookaan gara
 Kisiraatti deebi'uu. Lamanuu garuu Si'oolii.

Umarliqaayis (okkolaa)dhugaa qaqqabuu dhabnus faandhawwi keenya guddicha itti fufna.

Hibboo jajjaboodhaafis deebii argachuu akka dandeenyu nan amana. Sababa isaa utuu
 hinbeekin dhalli namaa hanga haqni isaa mulqametti, gadoon deebii mirga isaata'a.
 (Raabaab niseenti).

Eenyutu beeka? Raajichi dhugoomee hibboo jajjaboon sunis, deebii argatanii
 addunyaa buburreekana gara jannataattinijijiirus ta'a. yeroos dhalli namaa dhiphina
 isaatiif jajjabina, inni hin danda'amu jedhames, dhugoomee jireenyihiika ni agata ta'a,
 du'ullee!

(nikufa. Raabaab waatotaan marfamtee Umarliqaayis jala jilbeeffattee boossi.)

Raabaab Jaalalleekoofi mootiikoo, hiryaakoo, gooftaakoo,hingaddu,imimmaa
 niinissingaggeessu.yaamootiiimimmaan irra caaltu, walookoo,
 jaalalleekoo,Lubbuun koo siif weeddifti, jaalalleekoo, mootiikoo. Abjuunkee
 addunyaa dukkanooftuufi abaatamtuu kanaaf ifa. Isa hinyaalamne goote,
 mootiikoo jaalalleekoo nagaatti siin hinjedhu, dhaamsakeen dhaama
 malee imimmaaniin singaggeessu.

Waatoota Goota kabajamaa, addunyaa malaammaltummaan laamshoofte keessatti
 mootii dhugaa kan turte si'uma, dhufaatiinkees keessummaa, Godaansikees
 akkasuma, hiriyaa keenya dhugaa, gooftokko nideebita jennee abdanna.
 Duutikee nugaddisiisus, abjuukee nifaarfanna, haqa, nagaa, dhugaafi
 qulqullummaadhaan, gaaf tokko addunyaaniguutta beekna, Nagaatti siin hin jennu,
 karaatti walitti dhufna, galma keetti walgeenya.

(Reeffa isaaolfuudhu. Ibsaannidhaama. Golgaan nibu'a).

Wabiilee

Brocket, Oscar G. (1980). The Essential Theatre. New York. Holt Reinhart and
 Winston.

Brown, M. (1991). Introduction to Literature. New York. Holt Reinhart and

Winston.

Crown, Brain (1983). Studying Drama. Ikeja: Longman.

Dukore, B. F. (1974). Dramatic Theory and Criticism: Greek to Grotowsky. New York: Holt Reinhart and Winston

Gill, R. (2006). Mastering English Literature.3rd ed. Palgrave macmillan.

McKeon, M. (2000). A Critical Anthology: Theory of Novel: Historical Approach. Ed . Baltimore & London. The Johns Hopkins University Press.

Short, m. (1996). Exploring the Language of Poems, Plays and Prose. Addison Wesley Longman Limited.

Serial (sequential) drama (ත්‍රිත්‍යාල පෙළීම්) —a work, as a work of fiction,